# XIINXALA ASOOSAMOOTA YAADANIIFI ARRAA GURBAA IJA WALQABATIINSA SIYAASA OROMOOTIIN

**LAMMAA OLIIQAA WAYYEESSAATIIN**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA ASOOSAMOOTA YAADANIIFI ARRAA GURBAA

# IJA WALQABATIINSA SIYAASA OROMOOTIIN

**LAMMAA OLIIQAA WAYYEESSAATIIN**

**GORSAA: DASTAA DASSAALANY (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI HOG-BARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAAN OROMOO,OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsitii Finfinnee**

## Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Boodaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf Lammaa Oliiqaa Wayyeessaatiin Mataduree “Xiinxala Asoosamoota Yaadaniifi Arraa GurbaaIja Walqabatiinsa Siyaasa Oromootiin jedhuun qophaa’ee Sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin Kaa'e guutee jira.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa________________________Mallattoo_________Guyyaa__________

Qoraa Keessaa____________________Mallattoo_________Guyyaa__________

Gorsaa_________________________Mallattoo__________ Guyyaa__________

---

Ittigaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa sagantaa digrii iammaffaa (MA)

## ***Axereera***

Yeroo ammaa kana kitaaboleen asoosamaa hedduun Afaan Oromoon barreeffamuun hawaasa bira gahaa jiru. Haa ta'u malee, asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman irratti qorannoon roga adda addaatiin taasifaman muraasa. Keessumaa qorannoon ija wal qabatinsa siyaasaa Oromootiin gaggeefaman hin mul'atan. Uummanni Oromoo sirna bulchiinsaafi siyaasaa diimokiraatawaa ta'e sirna Gadaatiin bulaa ture. Uummanni sirna diimokiraatawaa ta'een buluu bare kun ammoo, sirna bulchiinsaafi siyaasa birootti baruu dadhabuun miidhamaa ta'e. Uummanni akka bareefi barsiifateen buluu bare kun cunqursaaf harka kennuu dide. Keessumaa waggoota muraasaan asitti ajjeechaan, hidhaan, biyyaa baqachuufi qaamaa hir'achuun daran mul'ata. Haata'u malee, Oromoon dhiibbaa isarra ga'u tole jedhee hin fudhanne. Gariin barreessuun, gariin ammoo wallisuun diddaa isaa mul'isaa har'a gaheera. Qabsoo diddaa cunqursaa warraaqsa Oromoo keessatti ammoo asoosamoonni "Yaadaniifi Arraa Gurbaa!" waan ga'ee qaban fakkaatu. Asoosamoota kana lamaan irratti ammoo qorannoon yoo geggeeffame dubbistoonni caalaatti hubachuu danda'u. Itti dabalees guddina ogbarruu Oromootiif shoora ni qabaata; Kuusaa ragaa ta'ee ni tajaajila; Siyaasa Oromoorratti namoota qorannoo adeemsisaniif karaa saaqa; Namoota kennaa asoosama barreessuu qaban kallattii itti argisiisa. Ka'umsi koo inni guddanis kanuma ture. Kanarraa ka'uun qorannoon kun yaaxina fayadamummaarratti hundaa'uun kan gaggeeffame yoo ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon asoosama, "Yaadaniifi Arraa Gurbaa!", jedhaman ija walqabatinsa siyaasa Oromoon xiinxaluudha. Nanfakkiiwwan garee hawaasaa asoosamoota madda raga ta'ii filataman keessatti haala dhimmoonni bulchiinsaa, siyaasaa, dinagdee, afaanii, aadaa, amantaa, hawaasummaafi ilaalcha sanyummaafi akkaataa jiruuf jireenya hawaasa Oromoo keessatti xiinxlamaniiru. Kana galmaan ga'uuf maloota jiran keessaa mala xiinxala barruutti dhimma bahuun asoosamicha gadi fageenyaan dubbisuun odeeffannoo barbaachisu funaaneera. Odeeffannoowwanis toora tooraan xiinxalamaniiru. Adeemsa xiinxaluu kana keessattis, yaadoonni asoosamicha keessatti ka'an haala qabatamaafi haqa ture waliin hagam akka wal simatan xiinxalamaniiru. Asoosama madda raga ta'an kana keessatti akkaataan odeeffannoon itti dhihaate dhugummaafi kalaqamummaa jiddu galeeffatee kan dhiyaate ta'uun ibsameera. Kanuma waliin wal qabatee rakkoowwan hawaasa Oromoorraa kallattii garaa garaan ga'aa turan karaa qabatamaafi hubatamuu danda'aniin hojiilee qorannoo kanaa keessatti karaa fakkaattota garee hawaasaa mul'ataniin maalummaan isaanii kan walitti dhihaatan ta'uu hubatameera. Egaa qorannoo kanaan dhimmoota siyaasaafi sirna bulchiinsa Oromoo asoosamoota kunneen keessatti mul'atan kun bu'uuraan maalirraa maddan isa jedhu karaa fakkaattota garee hawaasaa addaan baasuuf gama amantaa, gama bulchiinsaa, gama afaaniifi aadaan walcina qabuun dhimmoota bu'uuraa kaasuun ilaaluuf yaaleera. Maddi rakkooleefi wantoonni fala ta'an xiinxala kanaan dhiyaataniiru. Fedhiifi hawwiin Uummata Oromoo karaa fakkaattota garee hawaasaa ifa ba'eera. Uummanni Oromoo tokkummaafi waldhaga'uu dhabuurraa kan ka'e harka halagaan miidhamaa akka ture karaa fakkaattotaa ifeera. Haqni bakka olaanaa qabachuu karaa fakkaattota garee hawaasaa asoosama kana keessatti eeramanii ibsameera.

## Galata

Jalqaba irratti gorsaa koo kan dhaloota qaruun hojii isaanii ta`e, Doktor Dastaa Dassaalany anis carricha argadhee gargaarsa isaaniitiin milkaa'uu kootiif galata guddaan isaaniif qaba.

Ittaansuun muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu akkasumas hiriyoota koo barattoota Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu kan ta'an Mangistuu wubnee, Habtaamu Baluuleefi Lammii Girmaa guddiseen galatoomfadha.

Dabalataan Dura Bu'aa Mana Barumsa Qophaa'ina Sandaafaa kan ta'an Obbo Amaan Adam karaa hedduun tumsa naa taasisaniif galata na biraa qabu.

# Baafata

Qabiyye Fuula


Axereeraa ... i

Galata ... ii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1 Seenduubee Qorannichaa ... 1

1.2 Ka'umsa Qorannichaa ... 2

1.3 Gaaffilee Qorannichaa ... 3

1.4 Kaayyoo Qorannichaa ... 3

1.4.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ... 3

1.4.2 Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa ... 4

1.5 Barbaachiisummaa Qorannichaa ... 4

1.6 Daangaa Qorannichaa ... 5

1.7 Qindaa'ina Qorannichaa ... 5

1.8 Hir'ina Qorannichaa ... 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 7

2.1 Yaad-rimee Ogbarruu ... 7

2.1.1 Oguma ... 7

2.1.2 Ogbarruu ... 8

2.2 Asoosama ... 9

2.2.1 Akaakuu Asoosamaa ... 10

2.2.1.1 Asoosama Yakkaa (crime fiction) ... 10

2.2.1.2 Asoosama sheekkoo (Fantasy fiction) ... 12

2.2.1.3 Asoosama Seenaa (Historicalfiction) ... 12

2.2.1.4 Asoosama Jaalalaa(Romantic fiction) ... 13

2.2.1.5 Asoosama saayinsii (sciencefiction) ... 14

2.2.1.6 Asoosama Dhiphuu (Thriller fiction) ........ 15
2.2.1.7 Asoosama Sodaachisaa (Horror fiction) ........ 15
2.2.1.8 Asoosama Caattoo (Gothic Novel) ........ 15
2.2.1.9 Asoosama Basaastuu (Spy fiction) ........ 16
2.1.1.2 Alasoosama ........ 24
2.1.2 Dhimmoota Garagaraafi Asoosama ........ 24
2.1.2.1 Gama Bulchiinsaatiin ........ 24
2.1.2.2Gama  Afaaniitiin ........ 27
2.1.2.3Gama  Dinagdeetiin ........ 30
2.1.2.4Gama  Aadaatiin ........ 31
2.1.2.5 Gama Firiiwwan Afoolaatiin ........ 33
2.2 Sakatta'a Barruu ........ 34
2.3 Yaaxina Qorannichaa ........ 37
2.3.1Akaakuuwwan Yaaxxina Ogbarruu ........ 38
2.3.1.1 Xiyeeffannoo yaaxina bifiyyee ........ 39
2.3.1.2 Xiyeeffannoo yaaxina fayadamummaa ........ 40
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA ........ 41
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 41
3.2 Malleen Qorannichaa ........ 42
3.2.1 Irraawwatama Qorannichaa ........ 42
3.2.2 Iddattoo Qorannichaa ........ 42
3.2.3 Meeshaalee  Funaansa Ragaalee ........ 43
3.3 Madda Ragaalee Qorannichaa ........ 43
3.4 Mala Funaansa Ragaalee ........ 43
3.5 AdeemsaFunaansa Ragaalee ........ 44

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE ........ 45
4.1 Xiinxala Qabiyyeewwan Asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa! ........ 45
4.1.1 Seenaa Asoosama Yaadanii ........ 45
4.1.1.1 Xiinxala asoosama Yaadanii gama bulchiinsaatiin ........ 55
4.1.1.2 Xiinxala asoosama Yaadanii gama Afaaniitiin ........ 58
4.1.1.3 Xiinxala asoosama Yaadanii gama dinagdee (qabeenyaatiin) ........ 59
4.1.1.4 Xiinxala asoosama Yaadanii gama Amantaatii ........ 60
4.1.1.5 Xiinxala asoosama Yaadanii gama fakkoommii (mallaattummaatiin) ........ 60
4.1.2 Seenaa asoosama Arraa Gurbaa ........ 62
4.1.2.1 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama Aadaatiin ........ 77
4.1.2.2 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama firiiwwanAfoolaatiin ........ 79
4.1.2.2.1 Waa sadii ........ 79
4.1.2.2.3 Dubfakkii ........ 82
4.1.2.3 Xiinxala asoosama Arraa gurbaa gama Tokkummaatiin ........ 86
4.1.2.4 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama Dinagdeetiin ........ 88
4.1.2.5 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama Bulchiinsaatiin ........ 90
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 101
5.1Cuunfaa ........ 101
5.2 Argannoo ........ 103
5.3 Yaboo ........ 103
Wabiile ........ 105
Dabaleewwan ........ 108

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

### 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Hayyootni garagaraa ogbarruuf hiika garagaraa laatu. Akka Misgaanuun (2012:7) ibsutti ogbarruun umurii dheeraa jalqabbii afaaniitii wajjin walgitu qabaachuu isaati. Haaluma kanaan ogbarruun muuxannoo jiruufi jireenya hawaasaa hunda ofkeessatti kan hammate ta'uu isaarraa kan ka'e hiika hunda galeessa ta'e ogbarruuf laachuun hindanda'amu. Fedhesaa (2013:1) ammoo gama isaatiin ogbarruu yoo ibsu, jecha afaan Ingilizii 'literature' jedhamu irraa kan hiikameefi ogummaa barreessummaa hiika jedhu kan qabuudha jechuun lafa kaa'a. Asoosamni gosa ogbarruu keessaa tokko ta'ee, jiruu dhugaa bu'uureffachuun dhugaa hawaasa keessa jiru kan ibsuudha. Asoosamni barreessaa asoosamaan kan uumamuu hojii seenessaati. Namfakkiiwwan asoosama keessatti argaman kan uume asoosaadha.

Namfakkiiwwaa asoosama keessatti argaman haalaafi amala namaa uffaatanii akkuma namoota addunyaa dhugaarra jiranii kan nyaatan, kan dhugan, kan wallolan, kan walbira dhaabbatan, bu'aa ba'ii jireenyaa keessa tokko isa biroo mo'uuf yoo jedhu inni biroo immoo mo'amuu dida, inni tokko isa biroo gowwoomsuuf yoo yaalu inni biroo ammoo gowwoomfamuu dida. Asoosamni caacculee garagaraa qaba. Isaan keessaa tokko dhaamsa (ergaa) barreessaan dabarsuu barbaadeedha.

Asoosaan waa'ee jiruufi jireenya hawaasaa, dhibbaa siyaasaa, cunqursaa saba tokko irra gahu jechoota filachuun falaasama mataa isaa itti dabaluun dubbistootaaf dhiheessa. Bifa kanaan asoosamni bashannaansiisaa barumsa dabarsa. Gosootni ogbarruu kun ammoo guddinaa argisiisuuf qorannoon irratti geggeeffamuu qaba. Qorannoon kun yaada kana bu'uura godhaachuun asoosama "yaadaniifi Arraa Gurbaa!" jedhu irratti ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin qorannoo geggeessamedha. Ogbarruun afaan Oromoo waggoota muraasa keessatti guddina gaarii agarsisaa jira. Kana kan mirkaneessus gosa ogbarruu keessaa asoosamaafi alasoosamni adda addaan kan baay'inaan tilmaamaman barreessitoota Afaan Oromootiin maxxanfamanii hawaasaaf dhihaachaa jiraachuu isaaniiti. Kanneen keessaas barreessitootni Bantii Oliiqaafi Addunyaa Barkeessaa isaan adda dureedha. Qoratichis kitaabota asoosamaa lamaan armaan olii keessatti dhimmootni

siyaasaan walqabatan xiinxaluun yaada furmaataa bira gaheera. Asoosamni Afaan Oromootiin barraa'an hedduu ta'an illee asoosama lamaan armaan oliitti tuqaman kana irratti qorannoon hingeggeeffamne. Qorannoon kun ogbarruu Oromoo guddisuun cinatti dhiibbaa siyaasaa bifa garagaraan hawaasicharra gahaa tures nisaaxila.

**1.2 Ka'umsa Qorannichaa**

Oromoon sirna bulchiinsaafi siyaasaa diimokiraatawaa ta'e sirna Gadaatiin bulaa ture. Ummatni sirna diimokiraatawaa ta'e sirna Gadaatiin buluu bare kun ammoo sirna bulchiinsaafi siyaasaa birootti baruu dadhabuun irraa kan ka'e miidhamaa ta'e.Yaada kana Asafaan yoo ibsu:

Dhiibbaa jaarraa tokkoon ol Uummata Oromoorra tureen Afaan Oromoo (AO) barachuuniifi barreessuun, qorannoo adeemsisuun waan yaadamu hinturre. Maqaan "Oromoo" jedhullee jaarraa 16ffaa irraa qabee (1593) hanga dhiyootti ogeessota Habashaafi Awurooppaa biratti hinbeekamu ture. Yookaan, beekaa, uummata maqaa 'Oromoo' jedhuun beekamu, Gaanfa Afriikaa keessa jiraatu, guddeessa qabeessa, kan afaan isaa 'Afaan Oromoo' jedhamu, biyyisaa ammoo, Biyyaa Oromoo (Krapf1863tti maqaa Oromaaniyaa jedhu maappii qaboo guyyuu ykn diary isaarra kaa'e) tahe akka addunyaatti hinbeekamnetti Gaallaa moggaasanii Oromoon akka addunyaan dagatamu, akka addunyaas dagatu tolchan. Asafaa Tafarraa (2009:44)

Keessumaa waggoota muraasaan asitti ajjeechaan, hidhaan,biyyaa baqachuufi dhiibbaawwan kana fakkaatan biroon saba Oromoo irra haalaan ga'aa turaniiru. Haa ta'u malee, Oromoon dhiibbaa isarra ga'u tole jedhee hinfudhanne. Gariin barreessuun, gariin ammoo weellisuun diddaa isaa mul'isaa har'a ga'e. Diddaa kanaaf gumaachuu keessatti ammoo asoosamootni yaadaniifi Arraa gurbaa gaafan ilaalu ga'ee waan qaban fakkaatu. Hanga ani hubadhetti ammoo namni asoosamoota kana irratti qorannoo geggeesse hinjiru. Ka'umsi koo inni guddaanis kanuma ture. Dabalataanis qorannoo kana adeemsiisuuf ka'umsa kan ta'e asoosamootni Afaan Oromootiin baay'inaan barraa'uu jalqabuun isaanii yeroo dhihoo akkuma ta'e qorannoon asoosama Afaan Oromoos yeroo dhihoo geggeeffamuu kan eegaleefi innumtuu muraasa. Asoosamoota filataman kana lamaan irratti ija siyaasa Oromootiin wal qabatee qorannoon kan hingeggeeffamne ta'uu ergan mirkaneeffadhee booda, kitaabota asoosamaa lamaan kana gadi fageenyaan

dubbisee  bu’aa qorannoo koo mala qorannoo akkamtaatti gargaaramuun argannoowwan gurguddoo qorannoo kanaa kanneen akka ija siyaasa Oromootiin dhiibbaa saba Oromoo irratti gama siyaasaa, dinagdee, afaan, hawaasummaafi qorqalbiitiin saba kana irra ga’aa ture duraa duuba isaaniitiin akkaataa asoosama kana keessatti itti mul’atanitti kaa’uun xiinxaleera. Akkasumas haala yeroo wajjin walqabsiisuun ergaa ciccimoo asoosamoota kanneenii guutuutti lafa kaa’uu yaaleera.

### 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffiin akka deebii argatuuf barbaadamu tokko yoojiraate qorannoon tokko geggeeffama. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu’uuraa armaan gadii deebisuu qaba.

- Tokkoo tokkoon caacculee asoosamoota filatamanii keessatti argaman rakkoowwan mootummootni dhufaa darbaan biyya kana hogganaa turan uummata Oromoo irratti geessisaniifi siyaasdinagdee Oromoofi cunqursaa gahaa ture waliin walsimuu?
- Akkaataa asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa keessatti ifeen dhiibbaawwan Uummata Oromoo irra gahaa turan eessa eessa keessatti ifaa turan?
- Asoosamoota “Yaadaniifi Arraa Gurbaa” ija siyaasa Oromootiin   walqabsiisuun hawwiifi ifaajeen qooddatootaa, moggaasni maqaafi jireenyi qooddattootaa siyaasdinagdee Oromoo keessatti akkamiin ibsamu?

### 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa gooroofi gooreetti qooduun ilaaluun nidanda’ama.

#### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa asoosama yaadaniifi Arraa Gurbaa ija wal qabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluudha. Ulaagaa asoosamoonni kun ittiin filataman karaa akaakuu asoosamaatiini. Asoosamoonni lamaan gosa asoosama seenaati. Asoosamoonni kun dhiibbaawwan Uummata Oromoorraa ga’aa turan bifa seenaatiin ibsu. Dhiibbaawwan kanas kaallattii gama siyaasaatiin ibsuun wal fakkaatu.

Asoosamni seenaa bakkaafi yeroorratti hundaa’uun jireenya dhugaa (real life) fi taateewwan seenaa (historical events) irratti hundaa’uun barreeffama. Kana jechuun

asoosama seenaa tokko barreessuuf seenaan dhugaa ta'eefi sirrii ta'e jiraachuu qaba. Kanarraa kan ka'e, asoosamni seenaa wal makiinsa yaada jireenya dhugaafi kalaqummaati jedhamee fudhatama. (Seth Grahame-Smith 2009:59) Bu'uura yaada kanaatiin asoosamoonni madda ragaa ta'anii filataman kun mala miticarraatiin kan filatamaniidha. Asoosamoonni kun filannoof kan dhiyaatan kaawwan irra ergaa siyaasa Oromoo walfakkaatu waan qabaniif;. Dhaamsi isaan dabarsuuf yaalan hamma tokko waan walitti dhiyaatuufi; yoo qorannoon irratti adeemsifame hawaasa Oromoof faayidaa qabaachuu danda'a amantaa jedhu waanan qabuuf; akkasumas fedhiin qooddattootaa gara tokkotti waan fuuleffatufidha.

### 1.4.2 Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa  akka armaan gadiitti dhiyaateera.

- Fakkaattonni garee hawaasaa asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa keessatti argaman rakkoowwan mootummootni dhufaa darbaan biyya kana hogganaa turan uummata Oromoo irratti geessisaniifi siyaasdinagdee Oromoofi cunqursaa gahaa ture waliin walsimuufi dhiisuu isaanii xiinxaluu
- Dhiibbaawwan uummata Oromoo irra gahaa turan akkaataa asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa keessatti gama kamiin akka ta'an karaa fakkaattota asoosamichaa adda baasuun ibsuu
- Akkaataa asoosamoota "Yaadaniifi Arraa Gurbaa" keessatti ifeen hawwiifi ifaajee, moggaasni maqaafi jireenyi qooddattootaa siyaasdinagdee Oromoo keessatti akkaataa itti mul'ate xiinxaluu fa'i.

## 1.5 Barbaachiisummaa Qorannichaa

Asoosamni  daawwitii jiruufi jireenyaa waan ta'eef, dhugaan hawaasa keessa jiru karaa fakkaattota asoosamaa ba'ee mul'ata. Asoosaanis dhugaa hawaasa keessa jiru falaasama mataa isaa itti dabaluun karaa ittiin baasee mul'isudha. Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaa warreen bu'uurraas yoo tarreeffaman isaan armaan gadii ta'u.

- Asoosamootni filataman ija walqabatinsa siyaasa Oromootiin ergaa maalii akka dabarsan bifa barreeffamaan qindeessuun  dubbistoonni haala salphaa ta'een akka hubataniif isaan qajeelcha.
- Guddina siyaasa dinagdee Oromoo keessatti shoora asoosamootni kunneen qaban kan labata itti aanu barsiisu ta'a.
- Guddina afaaniif Aadaa Oromootiif barbaachisaadha.
- Namoonni kennaa asoosama bareessuu qaban, yoo carraa waraqaa qorannoo kana dubbisuu argatan, asoosama barreessuuf hubannaa gahaa argatu.
- Namoota qorannoo asoosamaa irratti gaggeessaniif daandii saaqa.

### 1.6 Daangaa Qorannichaa

Dameen ogbarruu Oromoo waa hedduu ofjalatti hammata. Isaan keessaa asoosamni isa tokkodha. Asoosamoonni afaan Oromoo barreeffamanii hawaasa bira ga'aa jiran baa'inni isaanii yeroo gara yerootti dabalaa jira. Haaluma kanaan asoosamoota afaan Oromoo jiran mararratti qorannoo geggeesssuun ulfaataadha. Bu'uura kanaan mata duree qorannoo kanaa daangessuun barbaachisaa ta'ee argameera. Kanaafuu qorannoon kun asoosamoota Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa asoosama "Yaadaniifi Arraa Gurbaa!'', jedhaman irratti ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin (Sirna Gadaa) xinxaaluu irratti kan daangeffameedha.

### 1.7 Qindaa'ina Qorannichaa

Qorannoon kun akkaatuma duraa duubummaa isaan boqonnaalee shan of keessatti hammata. Tokkoo tokkoon boqonnaalee jalatti mata dureewwan gurguddaafi xixiqqaa kan of jalatti hammateedha. Mata dureewwan kunis  akkaataa kaayyoo gooroofi gooree qorannichaan ibsamaniiru.. Haaluma kanaan boqonnaa tokko jalatti: Seenduubee Qorannichaa, Ka'umsa Qorannichaa, Gaaffilee Qorannichaa, Kaayyoo Qorannichaa, Barbaachiisummaa Qorannichaa, Daangaa Qorannichaa, Qindaa'ina Qorannichaa, Hir'ina Qorannichaa akka waliigalatti dhiyaateera.

Boqonnaan lama ammo sakatta'a barruu firoommaniiti. Bakka kanatti barreeffamoota garaa garaa kanneen mata duree qorannichaa wajjin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danda'u, dubbisuudhaan mata durichaa wajjin wal simsisuun dhihaateera. Kana malees qorannoo adda addaa kitaabilee asoosama Afaan  Oromoo irratti ija wal qabatinsa

siyaasaatiin qorattoota garaa garaan taasifame sakatta'uudhaan iddoo itti dhiyaatedha. Boqonnaan sadii mala qorannichaa yammuu ta'u, mala iddattoofi iddatteessuu, madda ragaalee, mala funaansa ragaaleefi tooftaa ragaan ittiin funaanamuun qaaceffamu dha. Boqonnaa afur jalatti ammoo qaacessa ragaatu dhihaate. Ragaan kan funaaname qoratichi kitaabilee eeraman irra deddeebi'uun erga dubbisee booda ija siyaasaa Oromootiin xinxaleera. Boqonnaan shan yaadni furmaataa bakka itti dhi'aateedha.

### 1.8 Hir'ina Qorannichaa

Rakkooleen qorannoo tokko geggeessuu keessatti mudachuu malan keessaa isaan muraasni, yeroo, hanqina baajataafi fa'a. Haata'u malee qorataan rakkoowwan jiran hundumaa dandamatee mala itti aanuun qorannoo isaa qorachuun fiixa baasee jira. Kunis, hanqina yeroo baay'ina hojiitiin mudateef, bulchiinsa mana barumsaa itti barsiisaa jiruuf rakkinicha ibsuun, weyitiin barnootaa akka irraa hir'ifamuuf deeggarsa gaafachuudhaan yeroo gahaa argateera. Rakkoo baajataa jiruuf, meeshaalee barreessaa waraqaa fi kkf. gargaarsa mana barumsaa irraa argachuun rakkinicha furuun hojii qorannoo kanaa fiixa ba'iinsaan ga'eera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Sakatta’a barruu kana jalatti kan dhiyaatu yaad-rimee ogbarruu, asoosamaafi caacculee asoosamaatu dhiyaata. Kitaaboleen hayyoota adda addaan barreeffaman, qorannoowwaan adda addaa, akkasumas, odeeffannoowwaan toora interneetiirraa argaman haala qabatamaa mata durichaan walsimsiisuun kutaa kana keessatti kan xiinxalamanidha. Kitaabilee madda raga ta’anii filataman keessatti fakkaattonni garee hawaasaa dhiibbaa isaan irra gahuufi dhiibbaa isaan uuman yaaxina qorannichaa bu’uureffachuun gama bulchiinsaan, gana dinagdeen, gama afaaniin, gama aadaanfi amantaan rakkoo uummata Oromoorra ga’uuf ragaan funaanamee bakka itti dhiyaatedha. Haaluma kanaan qorataan kitaabilee madda raga ta’anii filataman erga gadi fageenyaan dubbisee booda yaada haayyota adda addaan deggaruun yaada mataasaas itti kennuun walsimsiisuuf yaaleera. Dabalataan, boqonnaa kana keessatti mata-dureewwan qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniirratti ibsi gabaaban kennameera. Dhuma boqonnaa kanaarratti hiikniifi yaaxxinni qorannoo kanaaf barbaachisu dhihaateera.

## 2.1 Yaad-rimee Ogbarruu

Jechi ogbarruu jedhu akka waliigalaatti barruu ogbarruu jedhu ibsuufi. Haata’u malee ogbarruun barreeffama qofaan hin daangeffamu. Ogbarruun ogafaanis ofjalatti hammata.

### 2.1.1 Oguma

Ogumni hojii kalaqa dhala namaa ta’ee kan waa’ee jiruufi jireenya dhala namaa ibsudha. Kana jechuun jiruufi jireenya Addunyaa kanaa seenaa, aadaa, duudhaa, Afaaniifi eenyummaa isaa kan hawaasichi akka daawitiitti ittiin keessatti of ilaaluufi ibsudha. Akka Asafaan (2009) ibsetti, dhimmiifi ka’umsi ogbarruu jiruufi jireenya ilma namaati. Kunis, kalaqa sammuu ta’ee ogummaafi dandeettii, dhageettii keessoo kan ibsu ta’uunsaa wal nama hingaafachiisu. Kanaafuu, ogumni namootaan qindaa’ee namootaaf kan dhiyaatu; sansakni eenyummaa hawaasaa qindeeffamee kallattii duudhaan, aadaan, fedhiin, gaddiifi gammaachuun, jaalalliifi jibbi, kaayyoo, karoorriifi kan kana fakkaatu hawaasaaf bifa ifa bahuun kan qophaa’udha. Adeemsi kunis ogafaaniin, ogbarruufi artiidhaan dhiyaachuu danda’a jedha. Margaa (2016:1). “Ogumni waa’ee jiruufi jireenya dhala namaa ta’ee, namootaan qindeeffamee namootaaf dhiyaata” jedha, Asafaan, (2009:20). Haaluma

walfakkaatuun, Fedhasaan (2013:7), “Ogumni kalaqa sammuu ilma namaa ta’ee ogumaafi dandeettii, aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jiruufi jireenyaa, akkasumas dhageettii keessoo ofii; gaddaafi gammachuu qaban kan ittin ibsanidha. Akka kanaan namni haala keeessa jiru oguma fayyadamee barreeffamaan ykn afaaniin mul’ifachuu danda’a, jedha. Dabalataanis, Ogumni jiruufi jireenya hawaasaa qeequun falaasamaafi beekumsa isaa afaaniifi barreeffamaan galmeessuu keessatti gahee inni qabu olaanaa ta’uu mul’isa. Kunis,waa’ee jiruufi jireenya dhala namaa kan ibsu afaaniifi barreeffamaan qindeeffamee kan dhiyaatu qabeenya hawaasni waliin qabudha jechuudha (Margaa ,2016:1). Ibsa yaadota armaan olii kanarraa ogumni mallattoo jiruufi jireenya dhala namaa ta’ee duudhaa, aadaafi seenaan hawaasichaa maal akka fakkaatu namootaan qindaa’ee kan namootaaf dhiyeessu jechuudha.

### 2.1.2 Ogbarruu

Ogbarruun ogummaa ilma namaa ta’ee, waa’ee namootaa qindeessee, kan namootaaf deebisee dhiyeessudha. Dabalataan ogbarruun karaa yaadota bilchaato jireenya keenya keessatti barbaachisoo ta’an ittiin waliif dabarsinu, dabarsaa aadaa uummataati. Yaada kanaan kan walfakkatu Asafaa (2009:23) waan jedhu qaba. “Ogbarruun dabarsa aadaa uummataa ta’ulleee, aadaa ummaataa dhalootarraa dhalootatti dabarsuunis haala miidhagina qabuun qindaa’eeti”, jedha. “Ogbarruun oguma barbaadamu tokko waraqaa irra lafa kaa’uun kan ibsudhaa” jedha Birhanu (2009:18). Fedhasaanis (2013:67) yogguu ibsu, “Ogbarruun kalaqa sammuu ilma namaa barreeffamaan jiru hunda haammata” jedha. Gabaabumatti, ogbarruu jechuun hojii kalaqa ilma namaa ta’ee, aadaa, seenaa, duudhaa, siyaas-diinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasamaa akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisiifamudha. Kunis, bifa miidhaginaafi ofitti nama harkisuu danda’uun faayamee barreeffamaan yookaan haasawaan kan dhiyaatudha. Kanaafuu, ogbarruun hojii kalaqaa dhalli namaa barreeffamaan kalaqee waa’ee jiruufi jireenya isaa lafa kaa’uun walii isaaf bifa bashannansiisaafi gammachiisaa ta’een kan dhiyeessu jechuun ni danda’ama. Ogbarruun barreeffamaa kana karaa lamaan ilaaluu dandeenya. Isaanis: Asoosamaafi Alaasoosama jedhamu. Haata’u malee qorannoon kun waa’ee asoosamaa irratti waan fuuleffatuuf akaakuufi caacculee asoosamaa roga yaaxina bifiyyeen ibsuun murteessaadha. Haaluma kanaan damee ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko kan ta’e asoosamni akka armaan gadiitti dhiyaateera.

## 2.2 Asoosama

Asoosamni dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta’ee tooftaa barreessuu namoonni dhugaa irratti hundaa’uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul’isaniidha. Asoosamni kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee, addunyaa dhugaa bakka bu’a jedhamee, haala miira namaa (dubbisaa) harkisuu danda’uun kan barreessaan uumame dha. Asoosamni daawitii jiruuf jireenyaa kan namootni keessatti of ilaalani dha.

Asoosamaaf beektonni hiika adda addaa kennaniiru. Fedhasaa (2013:67) yoo ibsu, “Asoosamni ergaa yaada barreessaan kalaqamee suuraa jireenyaa keessatti kaasee kan mul’isuudha,”jedha. Asoosamni sanyii ogbarruu barreeffamaa ta’ee, hojii kalaqa sammuu ilma namaa kan bu’a ba’ii hawaasaa adunyaa kana keessatti qunnameefi qunnamuu danda’u uumeefi qindeessee bifa qabatama ta’een kan hawaasaaf dhiyeessudha.

Akka Birhanun (2009:29), ibsetti, Jechi “asoosama” jedhu jecha Laatinii “fiction‟ jedhu kan hiikni isaa yaaduuf ta’uu kan ta’e irraa kan uumamedha. Asoosamni seenaa dhugaafi qabataamarratti hundaa’uun hojii uumee yookaan kalaqaa ta’ee kan sadaan (imagination) barreeffamu muuxannoo hawaasaa ta’uu agarsiisa. Kanaafuu, “asoosamni ogbarruu asoosaan kalaqamee seeneffama dhugaan osoo hin taane yaaduun barreeffamudha”, jedha. Kana malees, Zarihuun (1996:152) irratti hiika beektonni adda addaa kennan haala armaan gadiin kaa’eera. Persi Luubok wabeeffachuun, “Asoosamni fakkii jireenyaati,” jedha. Joseef Waareen Bechi wabeeffachuun immoo, “Asoosamni fakkii jireenyaa inni kennu qabatamaadha” jedha. Qabata yaada kanaan asoosamni haala jireenya Nama dhuunfaafi hawaasaa kan mul’isu, jehoota yaad-uumeen kan bocamuufi dhugummaan jireenyaa mul’atudha. Deevid Deches, wabeeffachuun, “Asoosamni abjuu irraa kan burqu, tasa kan uumamu yookiin dhugaa kan ta’an kan uumamaniifi boodas dhugummaa kan argatan seeneffama mudannoofi haalaa ta’uu nama hubachiisu” jedha. Akkuma ogumoota biroo asoosamni waa’ee jireenya dhugaa dhala namaa kan bakka bu’u ta’uunsaa yoo beekamellee namoonni isaaf ibsa kennuu barbaadan ibsicha ni gargaaramu. Zarihuunis(1996:153) ibsoota kana irraa ka’uun “Asoosamni kalaqa yaad-uumee asoosaa irraan kan burqu jireenya dhala namaa haala adda addaan walfakkeessuun bocuu kan danda’u garuu dhugaa kan hin taane hojii kalaqaa ta’uusaa ni hubanna. Asoosamni dhugaa kan hintaaneedha yoo jedhamu jireenya dhugaa namfakkiiwwan ittiin

seeneffamee addunyaa dhugaa keessatti dhuguma kan raawwatame yookiin iddoofi barri seenichi itti raawwate akkuma jirutti kan mul'ate miti jechuun ibsa. Asafaan (2009:125) irratti, "Asoosamni hojii barruu sammuu namaatiin uumamee dubbisuuf dhiyaatudha. Barreessaan asoosama tokko dhugaa jirurratti hundaa'ee amala, sansaka, hubannoofi namoonni hawaasa keessatti qaban sana namfakkoota uwwisee ergaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsinudha," jedha.

Qabata yaadota armaan olii kanaan asoosamni suuraa jireenyaa ta'ee, suuraa jireenyaa inni mul'isu addunyaa dhugaa bu'uureffachuu qaba.Amalli asoosamaa inni bu'uuraa suuraan jireenyaa inni mul'isu qabatamaa ta'uu dha. Dabalataanis asoosamni fakkii lubbu-qabeessa yaadni sammuu barreessaa keessaa madde ykn gochaalee dhuguma raawwataman barreessaadhaan uumamanii mudannoofigochaalee adda addaa seenessuuf kan gargaaru dha. Amalaafi gochaalee dhala namaa bu'uura waan godhatuuf haqa fakkaata.

### 2.2.1 Akaakuu Asoosamaa

Asoosamni qabiyyee, qooddattoota, yoomessaafi ergaa isaa irratti hundaa'ee bakka heddutti qoodamuu danda'a. Akkaataan qoodinsa isaa kun barreessitoota maraa biratti bifa walfakkaataa hinqabu. Haaluma kanaanis toora interneetii https:// www. academia.edu/39983898/ wabeeffachuun akaakuu asooosama kana bakka adda addaatti qooduun dhiyeesseera.

#### 2.2.1.1 Asoosama Yakkaa (crime fiction)

Asoosamni yakkaa akaakuu asoosama dheeraa keessaa tokkoo ta'ee waa'ee akkaraawwachuu bu'uureffachuun barraa'udha. Qoddattoonni asoosama kanaa kan yakka raawwatan, kan yakki irratti raawwatu, namoota yakki akka hinraawwatamne dhorkan (poolisii, manguddoota, hawaasa bal'aa, mootummaafikkf) ta'uu danda'u. Caasaa asoosama kanaa keessatti akka qooddataa giddugaleessaatti namoota yakka raawwatan keessaayyuu kan nama ajjeesu gochoota asoosama kanaa hedduminaan raawwata. Namootni biroo ammoo yakkamaa kana qabuuf, hidhuuf, ajjeesuuf, ijaa ba'uuf barbaadu. Asoosamni yakkaa kun jaarraa 19ffaa keessa bara 1941 eegale. Namni jalqaba asoosama kana fayyadame Edgar Allan Poe yoo ta'u gosti asoosama kanaa akka eegaluuf bu'uura guddaa kaa'eera.

*Crime fiction generally started in 1841 with the publication of Edgar AllanPoe'sstoryTheMurdersinthRue Morgue'. from there it gradually spread over the United States, Great Britain and F rance. By the turn of thecentury crime fiction was generally acknowledged asanewandspecialkindofliterature.Thepositionofthemost famous crime fict ion author in this brief history must surely be Arthur Conan Doyle 1880 - 1920 (a medical practitionerfrom Edinburgh) who invented Sherlock Holmes. The Sherlock Holmes mysteries are said to have been singularly responsible for the huge popularity in this 'locked room mysteries' genre. The evolution of locked roommysteries was one of the landmarks in the history of crime fiction*

Barreeffama armaan oliirraa asoosamni yakkaa/crime fiction/ jalqabaa namicha biyyaAmerikaa ‘Allan Poe’ jedhamuun bara 1941 mata duree ‘The Murders In The Ru e Morgue’ jedhuun akka barra’ee hubanna. Hojii barreessaa kanaa Amerikaa keessatti he dduu erga dubbifame booda Biriteeniifi Firansaayiitti babal’ataa dhufe. Akkasumas, The Mystery of Marie Roget " (1842), and "The Purloined Letter " (1844) kan jedhamanis hojiiwwan barreessaa kanaa isaan biroodha. Barreessitoonni beekamoon asoosama yakkaakan birooammooConan DoyleSherlock Holmes (1960),WilkieCollins moons tone (1868) maqaa dha’uun ni danda’ama. Gosti asoosamaa kun biyyootaafi barreessittoota hedduu biratti fudhatama guddaa kan argate naannoo bara 1900tti akka ta’es dubbatama. Asoosamni yakkaa kun yeroo hedduu waan sadiirraa ijaarama. Isaanis *fedhii hawaasummaa* (sensational), *dhimma xiinsammuu* (psychological) fi *sababaawaa*(cerebral) wantoota jedhaman sadeeen walitti makuun kan ba rraa’uudha. Kana jechuun fedhii hawaasummaa kan jenne qooddattoota isaa keessa waan hawaasa gammachiisu raawwachuuf kan socho’an; yakka sana ittisuuf kanneen carraaqaniifi yakkamaa qabuuf, hidhuuf, ajjeesuuf kanneenfedhii qaban kana jalatti hammachiisuuu dandeenya. Fedhii xiinsammuu kan jennu ammoo sochii yakkamtoonni kaayyoo isaanii galmaan ga’achuuf taasisan jechuu dandeenya. Sababaawaa kan jennu ammoo fedhiifi kaayyoo ofii fiixaan baasuu caalaa waan qabatamaa, waan seerri hawaasaa ykn mootummaa heyyemu raawwachuuf kanneen socha’aniidha.

#### 2.2.1.2 Asoosama sheekkoo (Fantasy fiction)

Asoosamni sheekkoo waana qabatamaa osoo hintaane waan akka hawwii, fedhii, abjuufi k.k.f kan dhugaan ta'uu hindandeenye xiyyeeffachuun beekama. Qooddattoonii/ hirmaattonii/ asoosama kanaa baay'inaan waaqa, seexana, bineensotaafi tulluun isaan gurguddoodha. Naaannoo keenya wantoonni jiran akka itti jiran kana ta'uu isaaniifi gochoota kana maaf akka raawwatan, maaf boca akkanaa akka qabaatan, Waaqni maalif akkanatti akka isaanuumeefi gaaffilee uumaafi uumama ilaalchisanii ka'an kan deebisuudha. Maqaa kanas kan kennineef sheekkoo hawaasaa waliin waan wal fakkaatuufidha. Gochoota as keessatti raawwatamaniif sababa saayinsaawaafi Qabatamaa hintaane dhiyeesa. Kaayoon asoosama kana gaaffilee sammuu dubbistootaa keesatti ka'aniif sababa dhiyeessuun amansiisuufi barsiisuudha.Asoosama sheekkoo (Fantasy fiction) Steve Bennett (2009) akka itti aanu kanatti ibsa.

> *Fantasy Novel is any book that contains unrealistic settings, or magic, often set in a medieval universe, or possiblyinvolving mythical beings or supernatural forms as a primary element of the plot, theme, or setting. Something magical is almost always part of fantasy and magic may be seen in the setting or in the plot. It may even be practiced by the characters.*

Asoosamni sheekkoo wantoota dhugaan adunyaa kanarratti ta'uu hindandeenye (kan hin rawwatamiin ykn kan fuuldurattis raawwatamuu) barreessaan yoomessa, qooddattootaafi ame, kan afaaniin darbuu miti. Wanti asoosama, sheekkoofi durdurii waan walfakkeessuammoo lamaanuu namfakkiiwwan kanneen akka bineensotaa, biqil ootaa, tulluuwwanii, wantoota humna namaa oliif (super natural force) amala namaa kennuun hirmaachisuu isaaniiti. Asoosama kana akka gosa asoosama tokkootti bifa ammayyaan kan beeksise namicha R.Tolkien jedhamu yoo ta'u hojiiwwansaa beekamoo ta'an lameen: 'The hobbit' (1937)fi The Lord of the Ring (1954)' kan jedhamaniidha.

#### 2.2.1.3 Asoosama Seenaa (Historicalfiction)

Asoosamni seenaa, seenaafi gocha raawwatamee darbe tokko kalaqa ofii itiida'uun bifa asoosam aatiin barreessuudha. Seenaa afaaniin himamaa turee gara barreeffamaatii jijiirames ta'uu danda'a. gochootani assoosama sana keessa dhugaa kanaan dura raawwatame ta'us kalaqani barressaa keessa jira. Barreessaan gochootuma rawwataman sana ira debi'ee qindeessuun,

qooddattoota gocha sana raawwatan kalaquufi akbarruu/style/ofii saatti fayyad amee dhiyeessa. Asoosama seenaa barreessuun seenaa darbe gadfageenyaan beekuufi dandeettii waa kalaquu, dandeettiiwaa qindeessuu addaa waan barbaaduuf asoosama kana barreessuun ulfaataadha. Steve Bennett (2009) yaada armaan olii kana akka armaan gadiitti ibsa. *"The author of historical fiction must blend historical facts with imagination and creative style to master hisart. They must also be a master of the past so as to portray accurately ideas, attitudes, tendencies, and themes and interlace history accurate in all its details."jedha.* Asoosama seenaa keessatti yaa'iinsi yaadaa/plot/, qooddattoonni gurguddoon /major characters/fi jechoonni kalaqa barreessaa yoo ta'an ergaan, yoomessiifi odeeffannoowwan achi keessa jiran garuu seenaa darbe irraa kan fudhatamaniifi gocha darbe sana kanyaadachiisaniidha.

Qabiyyeen asoosama kanaa waa'ee seenaa mootummootaa, namoota bebbeekamoofi goototа uummataaf waangaarii buusa, namoota hamoo biyyaa/uummata/ miidhan, waangammachiisaafigaddisiisaa kanaan dura raawwataman hedduminaan hammata. Kana malees, wantoota jirrenya namaa keessatti bu'uura ta'an kanneen akka: jaalalaa, bilisummaa, nageenyaafi k.k. filaalchisees barreeffama.

#### 2.2.1.4 Asoosama Jaalalaa(Romantic fiction)

Asoosamni jaalalaa akaakuu asoosamaa keessaa umrii dheeraa kan qabuufi baay'ee beekamaadha. Asoosamni kun akkuma maqaa isaarraa hubannu walitti dhufeenya hiriyyoota lama ykn namoota lama giddu jiru ilaalchisee kan barraa'uudha. Jechoota onnee namaa tuqan, garaa nama raasan, nama boossisan fayyadamuun beekama. Asoosamni kun yeroo hedduu yemmuu jaalalleewwan waada waliif galan, jaalala waliif ibsan, kennaa jaalalaa waliif kennaniifi gabaabumatti addunyaa jaalalaa bifa garaa namaa roorasuun ibsuu irratti xiyyeeffata.

Maaluummaafi qabiyyee assoosama kanaa stev Bennett (2009) yemmuu ibsu,

> *"Romance is that surrounds falling/beingin love. It's that light-headed, stomach dropping, lump-in-your-throat feeling you get when the man you love says something sweet, does something silly that touches your heart. It's*

*the excitement of the chase and thecapture . . . and later the eternal imprisonment of your hear,"*jedha.

Dhumti asoosama kanaa yeroo hedduu gammachiisaa (comedy) ta'uutu irra jiraata. Qooddataan giddu galeessaa (jaalalleewwan lameen keessa tokkoykn lameeniifi kan isaan mormuu/antagonist/injifannoo qoddataa giddugaleessaa kanaan xumuramuu qaba. Kana jechuun garuu yeroo hundaa oduu gammachiisaan xumuramuu qaba jechuu miti. Yeroon waan gaddisiisaan (tragedy)'n xuuramus ni jira. Asoosamni Romeofi Juliet asoosama Jaalalaa ta''e qabiyyee gaddisiisaan kan xumurameedha.

**2.2.1.5 Asoosama saayinsii (sciencefiction)**

Asoosamni saayinsii beekumsa kanarratti hanga ammaa hin mul'atin, kan fuldurattimul'achu danda'u dursanii tilmaamuuykn maladhahuudha. Dubbistoota fuldura oofuun waan gara fuulduraatti ta'uu danda'u yoomessa asoosamichaa eeruun barreessuudha. Fakkeenyaaf, beekumsa fuldurratti dhufu raaguu, teknooloojii hanga har'aa hin mul'atin mala dhahuufi ilaalcha ummanni bor dhufu akka qabaatuuf hawwinu (abdannu) asoosamaan barreessuudha.

> *Science Fiction genre novels are literature about the future, telling stories of the marvels we hope to see, or for our descendants to see tomorrow, in the next century, or in the limitless duration of time. It doesn't just have to be about science, though. It has been described quite suitably as: "A controlled way to think and dream about the future." It can be about people, ideas, and where the world is going.*

Asoosama saayinsii asoosama sheekkoorraa kan adda isa godhu, asoosamni saayinsii haqa hanga har'aa hinraawwatamiin kan fuulduratti raawwachuu danda'u irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, asoosamni sheekkoo immoogocha hin raawwatamiin akka waan raawwatamee darbee fakkeessee dhiyeessa. Asoosamni saayinsii fuulduratti qabatamaan rawwachuu danda'a, kan sheekkoo garuu gocha kanaan dura hinraawwatamne fuuldurattis raawwatamuu hindandeenyedha. Walfakkeenyi isaanii immoo lamaanuu waan hanga ammaa hin raawwatiin bu'uura godhachuun barreeffamu isaaniiti.

#### 2.2.1.6 Asoosama Dhiphuu (Thriller fiction)

Asoosamni kun kan garaa nama hurgufu, rukkuttaa onnee kan dhaabachiisu, dhiphuu(suspense)guddaankan barraa'uudha.Asoosamni kun yeroo tokko tokko asoo sama qalbi rarraasaa (suspense) jedhamuunis beekama. Asoosama kana keessatti ulfina qabiyyee isaarra, haala inni ittiin himamutu adda isa godha. Yaa'aan yaadaa isaa finiinatti siquun eegala. Kanaaf asoosamni dhiphisaa qalbi nama hatuufi rifaasisuun beekama.

#### 2.2.1.7 Asoosama Sodaachisaa (Horror fiction)

Sodaachuun amala ilmi namaa uumamaan qabu keessa isa turaalessaafi gadi fagoodha. Asoosamni sodaachisaas yoomessa sodaachisaa keessatti kan raawwatamuudha. Fakkeenyaaf, mana dukkanaa'aa, bosona gawweenaa kannamniifi manni naannoo sana hinjirre, boolla jawween itti galu, mana onaa namni keessaa godaane, lafa bofti, raammoon, cilalluun, buuqqataafi ilbiisonni irra guutan kan lafti irra ejjetan /deeman/ hinjirrerra osoo deemtee akka baay'ee si sodaachisu beekamaadha. Yoomessa akkanaarratti asoosamni hojjetamu asoosama sodaachisa jedhama. Asoosama kana dubbistoonni yoo dubbisan miirri isaanii ni dhiphata, qaamni ni hollata.

#### 2.2.1.8 Asoosama Caattoo (Gothic Novel)

Asoosamni kun namicha 'Horace Walpole' jedhamuun yeroo duraaf hojiirra oole. Kitaabni isaa jalqabaas, 'TheCastle of Otranto' (1764) jedhama. Gosti asoosamaa kun dhuma jaarraa 18ffaa kan eegale yemmuu ta'u, jaarraa19ffaa keessa immoo hedduu beekame. Hanga har'aas gosti asoosaa kun jaallatamaadha. Jechi 'gothic' jedhu yeroo adda addaa waan adda addaa bakka bu'aa tureera. Jaarraa 18ffaa eegalee garuu bara giddugaleessa /medieval/ kan jedhu bakka bu'e. Bara kanas ijaarsota dudulloomoo, hambaalee duriifi kkf ibsuuf dhaabbate. Jecha kana akka jecha ogbarruutti yeroo duraaf kan fayyadame namicha Walpole jedhamu kanadha. Jecha 'gothic' jedhu kana jechoota Afaan Oromoo keessaa bakka bu'uu kan danda'u kallattiin argachuu baannusakka filannootti jecha'Caattoo'jedhubakka buufneerra. Caattoo jechuu n sagalee bosona keessaa, mukkeengurguddaarraa, tulluuwwanirraa, lafa namni hin jiraanne /lafa onaa/ sagalee dhaga'amuudha. Wantootni kun Sagalee uumamaan dhageessisuu hindandeenye dhageessisu. Caattoon nama waama, ni haasa'a, ijaan hin

mul’atu malee amala namaa qaba. Beekaadha waan fuulduratti ta’u namootatti hima. Asoosamni Caattoo kun heddumminaan humnoota olii/wantooota ijaan hinmu llanne/super natural force) kan fayyadamuudha.

Qabiyyeen asoosama kanaa gochoota sodaachisaa kan akka seexanaa, waaqaa, du’a, ekeraafi humnoota humana namaa ol ta’an hirmaachisuun beekama. Akkasumas wantoota ijaan hinmullanne: sagalee tulluuwwanii, bishanii, bosonaa, lafa onaaf kkf ofkeessatti hammata. Dubbistootni wantoota ijaan hinmul’aanee yaadaan akka argan, gurraan akka dhaga’an gochuun sodaafi dhiphuu cimaan sammuu dubbistootaa kan weeraruudha. Yaada kana David Micid (2007) yemmuu ibsu:

> *“Gothic novel is thextended health by the seashore; the seashore; the mountains shrouded with mist; the torrent rus hing through a solitaryvalley; the scattered oaks, and the tombs of warriors over- grown with moss, all produce a solemn attention in themind, and prepare it for great and extraordinary events."* jedha

**2.2.1.9 Asoosama Basaastuu (Spy fiction)**

Jechi basaastuu‘spy’ jedhu namoota mootummaaf ykn mit-mootummaaf qacaramanii oduu diinonni isaanii hojjetan gabaasuuf kan tajaajilaniidha. Hojiin namoota akkanaa dhaabbata isaan qacare sanaaf oduu guuruufi gabaasuudha. Asoosama basaastuu kan jedhus kanarraa dhufe. Gosti asoosama kanaa dhuma jaarraa 18ffaa keessa namicha William Wordsworth jedhamuun yeroo duraatiif hojiirra oole. Haata’u malee jaarraa 19ffaa keessatti addaan cite, deebi’ee jalqaba jaarraa 20ffaa keessa eegale. Hojiiwwan jaarraa 20ffaa kana keessaa, ‘The Riddleof The Sands (1903) fi ‘The Secr**et Agent’ (1907**)kan jedhaman isaan beekamoodha. Hojiiwwan kunis asoosamni basaastuu kabajaafi beekamtummaa guddaa akka argatan taasisaniiru. Gosti asoosamaa kun caalaatti beekamee amayyummaa kan argate waraana adunyaa lammaffaa booddeedha.

Asoosamni basaastuu kun icciitii biyya tokkoo biyya biraaf ykn diinaf kennuufi dogoggora namoota angoorra jiranii saaxiluudha. Mootummootni biyya bulchan, ajajaawwan loltootaa, eegduuwwan nageenyaa/security, dhaabbileen daldalaafi kkf

asoosama kana keessatti akka qooddattootaatti gargaaru. Asoosamni kun kalaqni barreessaa itti dabalamee, qindaa'ee, mimmiidhagee qooddattootaan dhiyaachuun asoosama isa jechisiisuyyuu, dhugaa raawwate gabaasuu waan ta'eef asoosama seenaa waliin walfakkaata. Ta'us kaayyoon asoosama kanaa seenaa dabarsuu osoo hintaane icciitii diinotaa funaanuufi gabaasuudha. Dhugaa jiru akkuma jiruunhin gabaasu; barreessaan kalaqa isaa itti ida'ee dhiyeessuun isaa ammoo asoosama isa jechisiisa.

**Caacculee Asoosamaa**

Caacculeen ykn ruqootni asoosamaa wantoota asoosama tokkoof murteessoo ta'an ykn wantoota asoosamni tokko irraa ijaaramu dha.Yaada kana Fedhasaa (2013:68) yoo ibsu, ruquulee kanneen hubachuun asoosama barreessuufis ta'e, xiinxaluuf hedduu barbaachisadha, jedha. Caacculeen asoosamaa waantoota asoosama tokko asoosama taasisan ykn waantoota asoosamni tokko irraa ijaaraman. Yaada kana ragaa Qananii (2016:9) tooraa intarneei wabeefachuun kaa'e akka mul'isutti "elements of a novel explained how to write anovel" jechuun ibsa.

> *Seenaan asoosama tokkoo ruqilee adda addaa torba irraa ijaarama. Isaanis: sabeena, namfakkii, yoomeessa. Waldiddaa, akkaataalija seenessaafi ergaadha. Asoosama dheeraas ta'u gabaabaan ruqoolee kanneen irraa ijaaramu. Ruqooleen kanneen hubachuun asoosama barreessuufis ta'ee xiinxaluuf heddu barbaachisa. (Qananii, 2016:9).*

Yaadni kunis waantoota asoosamni tokko irraa ijaaramu kan agarsiisuudha. Caacculeen

asoosamaa isaan kam akka ta'aniifi akkaataatti asoosama tokko keessatti argaman yoo ibsu,waan tootni caacculee asoosamaa jedhamuun beekaman seenaa, sabseena, namfakkii,waldiddaa, yoomeessa, dhaamsaafi kallattii seeneffamaati (Zarihun 2003). Isaan kanneen qo'annoof akka mijatutti kophaa kophaatti waamaman malee asoosamicha keessatti tokko tokkorraa adda bahuun hin mul'tani. Fakkeenyaaf waa'een seenaa yoo ka'u, namfakkiiwwan waamamuun hinhafu. Sababiinsaa seenaan dubbtaamu sun seenaa namfakkiiwwanii waanta'eefi.

**Seenaa**

Asoosamni tokko kan inni hundeeffamu seenaa irratti. Seenaan ta'iinsota tartiibaan dhiheessa. Ta'iinsota wal-duraa duuba dhufan tokko lamaan kaasee buusa. Namni seenaa asoosama tokko dubbisus ta'insa isa gara fuuldura jiru baruuf gaaffilee, "Itti aansee maaltu ta'e? namfakkiiwwan waa'een isaanii himamaa jiru maaltu isaan qunnama laata?" jedhee gaafachaa seenicha duukaa bu'a. Seenaan asoosama tokkoo ammoo gammachiisaa, gaddisiisaa ykn walmakaa ta'uu danda'a. Seenaan ta'iinsotaa tartiibaan dhiyeessa. Ta'iinsota walduraa duubaan dhufan tokko lamaan kaasee buusa. Dubbisaan asoosama tokkoo ta'iinsa gara fuula duraa jiru baruuf gaaffii,"sanaa booda hoo?" jedhu ofgaafachuu qaba. Caacculee asoosamaa keessaa Zarihuun (2004:154) maalummaa seenaa yoo ibsu, seenaan asoosama tokkoof isa jalqabaafi isa bu'uuraati jechuun kaa'a.

**Jaargocha**

Ijaargochi akkuma maqaan isaa ibsu ijaarsa gochootaa jechuu dha. Gochaatu duraa duubaan ijaarama. Waldiddaatu sababa tokko irraa ka'ee walxaxaa deema. Sanatu onnee namaa rarraasa. Jaargochi utubaa seeneffama tokkooti. Walitti bu'iinsa raawwilee sababa quubsaa irratti hundaa'anii ykn ijaarsa gochaa kanneen sababaafi bu'aa qabaniiti. Haaluma walfakkaatuun (Zarihuun 2003), jaargochi asoosama tokko keessatti gaaffii maaltu ta'e? maaliif ta'e? jennee gaafannuuf deebii nuti argannu kan of keessatti qabatu yookiin gochoonni duraa duuba yerootiin dhihaatan sababa ittiraawwatamaniifi bu'aa isaa kan of keessatti qabatee jiru akka ta'e ni ibsa. Seenessa keessatti ta'iinsonniifi gochoonni akkasumaan walitti hin dabalamani. Isa duubaafi isa duraa akkaataa walitti hidhuun danda'amutti dhufa. Kana jechuun inni tokko isa biroof sababa ta'ee, seenaan dabalamaa deema jechuudha.

**Namfakkii**

Namfakkiiwwan ykn fakkaattonni namoota asoosama keessatti maqaan moggaafamee, akkuma namoota addunyaa dhugaa irra jiranii, amala namoota adda addaa gonfatanii, addunyaaasoosamaa keessa kan jiraataniidha. Namfakkiiwwan kanneen caacculee asoosamichaa kanneen biroo wajjin qindaa'aniiilaalcha yookaan yaada barreessichi jireenyaaf qabu kan ittiin ibsatu meeshaalee olaanaaakka ta'an (Zarihuun, 2003) ni ibsa.

Dabalataan Harry Shaw (1905:7) yoo jabeessu, “*In literature character has several other specific meanings. Notably that of a person represented in a story, novel play and etc,”* jedha. Yaada kanarraas wanti hubatamu hojii ogbarruu keessatti bakka bu’ummaa namoota addunyaa dhugaa kanarraa fudhachuun fakkaatanii gochuufi seenaa asoosamaa, diraamaafi taphoota keessatti ga’ee olaanaa qabaachuu isaanii hubanna. Itti dabaluun Kirszerfi Mandell (1994:189) maalummaa namfakkii yoo kaasan “*a character is a functional representation of a person usually psychologically realistic depiction of a person*,” jedha. Akka yaada kanaattis, fakkaattotni namoota jiranitti fakkeeffamuun kan uumaman malee dhugaan namoota addunyaa kanarra jiran akka hintaaneedha. Namfakkiin asoosama tokkoo akkuma namoota addunyaa dhugaa irra jiranii kan wallolan,kan waljaallatan, kan michooman, kan walfuudhan, kan walgowwoomsan, kan walgidirsaniidha. Gochaa namfakkiiwwaan asoosama tokkoo hawaasa keessa hedduu isaaniibarbaadanii arguun nidanda’ama.Haa ta’u malee, foonii fi lubbuu namfakkiiwwanii addunyaa dhugaa(hawaasa) keessaa barbaadanii arguun hin danda’amu.Namfakkiiwwan hirmaannaa asoosama keessatti qabaniin bakka lamatti qoodamu. Isaanis: Namfakkoota gurguddoofi namfakkoota xixiqqoo jedhamu. Namfakkiiwwan gurguddoon asoosama keessatti hirmaannaa olaannaa kan qaban yoo ta’an, namfakkiiwwan xixiqqoon immoo namfakkoota gurguddoo tumsuuf yeroo barbaadamanitti kan dhufani dha.

**Waldiddaa**

Caacculee asoosamaa keessaa tokko waldiddaadha. Addunyaan asoosamaa gaaddidduu addunyaa dhugaa kanaa waan ta’eef, namfakkiileen addunyaa soosamaa keessa jiranii waantoota jireenyaaf isaan barbaachisan argachuufwalitti bu’uun isaanii waan oolumiti. Waldiddaan, walitti bu’iinsa namfakkiilee asoosama ykn seeneffama tokko keessatti qooda fudhataniifi. Walitti bu’iinsi kun sababa garaagaraatiin ta’uu danda’a. fakkeenyaaf garaagarummaa fedhii, ilaalchaa fi kkf irraa madduu danda’a. karaa biraa immoo waldiddaan, walfalmii namfakkii muummee fi humnoota biroo gidduutti mul’atuudha. (Alamituufaa, 2011:44). Oxford dictionary of English (2005:362)ammoo yoo ibsu, sadarkaa yaadaatti walitti bu’iinsa namootni fedhaafi miira isaanii waliin waldhabaniidha, jechuun kaa’a. Waldiddaan walitti bu’iinsa humnoota lama gidduutti sababa adda

addaatiin taasifamu yoo ta’u, seenaan asoosamichaa babal’achaa, dubbisaa ofitti hawwachaa akka deemu wantoota taasisan keessaa isa tokkodha. Jaargochi cimaanis kan waldiddaa of keessaaqabuudha. Zarihun (2003: 172) maalummaa waldiddaa akka itti aanutti ibsa“በልቦለድአለምየሚኖሩገጸባህርያትበታሪኩዉስጥበተፈጠረላቸዉርስበርሳዊግንኙነትየተ

ነሳበተለያዩምክንያቶችቅራኔዎችወይምአለመግባባቶችዉስጥይገባሉ፡፡በነዚህቅራኔዎችወይም አለመግባባቶችሳቢያየሚፈጠረዉፍጭትወይምፍልሚያነዉግጭትየሚባለዉ”

Yaadni kun, *kan ibsu*,namfakkiiwwan asoosamichaa walitti dhufeenya sababoota adda addaatiin yoo walitti bu’an wal’aansoo jalqabu. walitti bu’iinsa haala kanaan uumames waldiddaa akka jedhamu agarsiisa.Wal diddaan asoosama tokko keessatti bifa garaa garaan uumama. Wal diddaan kan uumamuu danda’u namaa fi nama gidduutti, namaa fi uumaa gidduutti, namaa fi naannoo gidduutti, namaa fi ofii isaa gidduutti ta’uu danda’a. Wal diddaan rarra’insa uummuun jaargocha tumsa.

**Yoomessa (setting)**

Yoomeessi jechoota lama irraa kan walitti dhufe yoo ta’u, yeroofi bakka taateen asoosama tokkoo itti raawwate kan ibsuudha. Yoomeessi asoosama tokkoo kan ilaalamu bakkaafi yeroo fakkaattonni asoosama tokkoo kalaqamanii keessa jiraatanidha. Bakka kanas kan fakkaattotaaf qopheessu asoosessaadha. Benice,(1987:71) yemmuu ibsu “setting is where a story is takes place. A setting may represent the real world verisimilitude it may or oratory a totally fanciful world of the author’s invention, or it may create a sense that the story could have occurred at any place and time”. Yaada kanarraa waanti hubatamu yoomeessi bakka fakkaattonni ta’iiwwan adda adda itti raawwataniidha. Bakka kana kan qopheessee keessa jiraachisu barreessaa asoosamaati.Yaada kana toorri interneetii https://www.google.com/ setting wabeeffachuun yeroo kaa’u, “The setting is both the time and geographic location within a narrative, either nonfiction or fiction. A literary element, the setting helps initiate the main backdrop and mood for a story. . Elements of setting may include culture, historical period, geography, and hour” jedha. Akka yaada kanaan ifetti yoomessi yeroofi iddoo raawwii ta’eewwan hojiilee asoosamaafi alasoosamaa ta’uu isaati. Kana malees, aadaa, seenaafi ta’eewwan yeroo keessatti irra caalmaan yaadataman of keessatti haammata.

**Ija dubbii**

Iji dubbii caaccuu asoosamaa keessaa isa tokkoodha. Ijji dubbii asoosamaa seenichi kan seeneffame ija eenyuutiin ilaalameeti? Gaaffii jedhuuf deebii kan kennu ta'ee kallattii ykn akkaataa barreessaan seenaa asoosamasaatii itti dhiheessu ykn kallattii seenichi itti seeneffamuudha. Ragaan intarneetii irraa argame tokko https://www.google.com/point yoo ibsu, "Point of view is the narrative point of view" how the story is told more specifically, who tells it" jechuun ibsa. Milhorn (2006:11) maalummaa ijaa yoo ibsu, " The point of view of a novel is the perspective from which the reader is allowed to view the action and the characters,"jedha. Iji dubbii asoosama gosa garagaraa qaba.Gosti ija dubbii inni jalqabaa, ija dubbii waan hunda beekaa jedhama. Iji waan hunda argu kun sammuu namfakkootaa keessa seenuun, waan namni tokko yaaduufi itti dhaga'amu baasee seenessa. Wanti isa jalaa dhokatu hinjiru. Iji dubbii asoosamaa kan biroo, ija akdiraamaa jedhama. Iji akka diraamaa osoo iji waa hundaa argu seenee hingabaabsin namfakkootuma gidduutti waliin dubbii godhuun raawwatama.

Yaada kanarraa wanti hubachuu dandeenyu ijji dubbii (gitni dubbii) asoosamaa kan dubbataan (namfakkiin) ittiin of waamu ta'uu isaati.

**Qalbi-rarraasoo (suspense)**

Qalbi-rarraasoon caaccuu asoosamaa keessaa tokko ta'ee, asoosama tokko keessatti osoo kun kanata'ee jedhaniiyaaduu(hawwuu)dha.akbarruu keessaa tokko qalbii rarraasuudha. Qalbii rarraasuun ammoo karaa adda addaa ta'uu danda'a. Isa keessaa tokko asoosamichi fuulchuu qabaachuudha. Goochootani assoosama sana keessa jiran walitti hidhata qabaachuu, sababaafi bu'aa irraa ijaaramuudha. Qalbii rarraasuun barreeffama dhiyaate dubbisuuf fedhii guddaa qabaachuu, gocha tokko arganii/dhaga'anii isa itti aanu bira ga'uuf jarjaruudha. Kun osoo jiraachuu baatee namni asoosama dubbisuuf fedhii hin qabaatu ture. Kana adda baafachuuf durdurii tokko osoo sitti himuu eegalanii gidduutti kutanii qalbiin kee ni rarraati. Kanitti d Kan itti aanudhaga'uuf ni jarjarta. Kanaan qalbi rarraasa /suspense/ jechuu dandeenya. Tooftaanakbarruu kunfuulchuu

waliinwalitti dhufeenya guddaa qaba. Sabaabiin isaa waan qalbii rarra

asu keessaa inni guddaan waan fulduratti raawwachuuf deemu keeessaa muraasa dubbisaatti fuulchuu waan danda'amuufi.

***Duub-mil'uu (flashback)***

Mil'uu(yaadachiisni) caaccuu asoosamaa keessaa tokko ta'ee asoosama tokko keessatti waan hojjetame yaadaan keessa deebi'anii ilaaluu dha.Yaada kan toorri interneetii https://www. academia./39983898/ wabeeffachuun yoo ibsu,

Duub-mil'uu jechuun tooftaa akbarruu keessaa tokko ta'ee gocha asoosama sana keessatti raawwatamee darbe irradeebi'uun yaadachisuun hariiroo gochi darbe kun isa ammaa waliin qabu ibsuudha. Gochi amma raawwatamaa jiru kun isa darbee waliin hidhata inni qabu agarsiisuudha. Gochi ibsamu kun kutaa asoosamichaa darbe keessatti kan ibsame yookaan hin ibsamiinis ta'uu danda'a. Kana jechuun asoosamichi gidduutti siquun yoo eegale; waan asoosamicha keessatti amma raawwatamaa jiru ibsuuf seenaa darbe sana kaasuun yoo barbaachise kanuma hinibsamiin/icciitii/ sana barreessaan jechoota dur... yeroo ijoollummaa…fi k.k.f jechuun ibsuu danda'a.

**Walqabsiisuu (allusion)**

Walqabsiisuun ruuqota asoosamaa keessaa tokko ta`ee ta`ii beekamaarraaykn hojii afuuraarraa gocha yeroo ammaa waliin walqabsiisanii ibsuudha. Toorri interneetii https://www.google.com/fiction jedhamu yaada kana yoo kaasu, "Sometimes it's easier for a writer to explain an idea by making a reference to a famous story, person, event, or object. This reference is called an allusion, and in this lesson, you will learn what an allusion is and read several examples from literature," jedha. Itti dabaluun akka kitaabni Afaan Oromoo qajeelcha barsiisaa kutaa 12ffaa (2005:97) ibsutti, "*walqabsiistuun: seenaa, ogbarruu, afoola,hojii afuuraa(amantii)fi kkf. irraa walqabsiisuun yaada amma dabarsuuf barbaadame tokko dabarsuu jechuudha,*" jechuun kaa'a.

**Dubfakkii**

Dubfakkiin (duubbiin sookaa) gocha Oromootni jechoota duubaan icciitii qabanitti dhimma bahuun ergaa dabarfataniidha. Dubfakkiin firiiwwan afoolaa keessa isa tokkoodha jechuun (Wiirtuu 1993:7) ibsee jira. Haaluma walfakkatuun Zarihuun

(2007.105) malleen dubbii akkas jedhee ibsa. “Malli dubbii yaada yookin gocha, taateewwan, bocaafi haala waanta tokko yookin amala, miirafi bifa namootaa, sammuu dhaggeeffataa yookin dubbisaa keessatti haala nama gammachiisufii nama bashannansiisuun, akkasumas ergaa gadifagoofii bal’aa ta’e kan dabarsuudha. Haalli dubbii kun wantoota lubbuu hinqabnetti lubbuu horuun, fokkisaa miidhaksuun, gurracha addeessuun gabaabaa dheeressuun, guddaa xiqqeesse xiqqoo immoo guddisuun dhiyeesuu bira darbee, wantai haala kanaan ibsamu sun salphumatti miira dhaggeeffatta yookin dubbisaa keessatti akka dhagahamu gochuufi suuraa nama keessatti uumuun wantoota ijaan hinmul’ane akka waan ijaan agarruutti, wantoota hinqaqqabamne akka waan harkaan qabannuuti, mi’aaf naaton isaanii akka nutti dhagahamu gochuuf human guddaa qabu. Haalli kun immoo wanti ibsamu sun sammuu dhaggeeffataa yookin dubbisaa keessa yeroo dheeraaf osoo hindagatamini akka turu gochuuf humna guddaa qaba. Amala asoosama keessa inni tokko ammo asoosamni, dubfakkii ykn malleen dubbiin kan guutame ta’uu isaati. Dameen afoolaa kun kan uummatni Oromoo jaarraa hedduuf dhimma itti bahaa tureedha. Uummatni Oromoo yeroo sirna barreeffamaa hin qabnetti tooftaa kanatti fayyadamuun dhaloota qaraa turuu isaa ragaaleen adda addaa ni eera. Ittuma dabaluun birkiilee afoolaa kanneen dubfakkiin miidhagan keessaa waa sadiin isa tokko. (Wiirtuu, 1993:15)

**Ergaa**

Ergaan dhaamsa barreessaan dabarsuu barbaade, kan yaada wiirtuu asoosamichaa hammatudha. Kan barreessan deemsaseenaa asoosamichaa keessatti tuttuqu, kan walitti dhufeenya namfakkii, jaargochayoomessa, k.k.f. irraa uumamuufi kan dubbisaan qoratee hubatuudha. Ragaan intarneetiiirraa argame, “ Theme isn’t so much an element of fiction as much as the result of theentire story. The theme is the main idea the writer of the poem or story wants the readerto understand and remember,” jechuun ibsa. Ergaan yaada guddaa asoosamichaa kanbarreessaan dubbistoota hubachiisuu e yoo ta’u, kan hubatamuu danda’u immoo,caacculee asoosamichaa mara qorachuun akka ta’e agarsiisa. Trimmer (1995:3)irrattis,“Theme is the central and unifying idea about human experiance that grows out ofall the other elements in the story,” jedha. Yaadni kunis ergaan caacculee asoosamaakanneen biroo irraa akka argamu yookiin hubatamu agarsiisa.

(Zarihun, 2003) akka ibsutti, dhaamsi sadarkaalee adda addaa qaba. Kana jechuun ergaan

ijoo ta'e asoosama dheeraa tokko keessa ni jiraata. Akkasumas, ergaaleen xixiqqoos ni jiraatu. Haata'u malee, ergaan inni ijoo ta'e isaan xixiqqoo irraa adda ta'ee hin dhihaatu. Ergaalee xixiqqoon ergaa isa ijoo ta'e kan ijaaran, ifee akka mul'atu kanneen taasisani. Isaan gidduu walitti hidhamiinsa cimaatu jira. walkeessa waan jiraniifis tokko yoo waamamu inni biroon wajjin kan as bahudha.

#### 2.1.1.2 Alasoosama

Alasoosamni barreeffama haalaafi wanta adda addaa irratti barreeffamee dhiyaatu yoo ta'u, waan ijaan mul'atu akka jiruun dhiyeessa. Barreeffamni haala kanaan dhiyaatu kun dhugaan isaa qoratamee hawaasa keessatti mirkanaa'uu danda'a.Namni kana barreessus isa arge akka jirutti mul'isuu malee ofii isaatii waan itti dabalu ykn waan irraa hir'isu hinqabu.Kaayyoon alasoosamaa yaada ykn odeeffannoo haqaa tokko duraa duubaan ibsuudha. Alasoomni waan hawaasa keessatti raawwatu yookaan gochaan mul'atu yaada barreessaan dhugaa jiru akkuma jirutti lafa kaa'uun kan barreeffamuudha. Yaada kana ilaalchisee, toorri interneetii https://en.wikipedia. Non-fiction yoo ibsu,"Nonfiction, by contrast,isfactual and reports on true events. Histories, biographies, Jourrnalism, and essays are all considered nonfiction". Haaluma kanaan, barreeffamoonni alasoosamaa jedhaman kanneen akka barruulee, gaazeexaa, kitaabilee barnootaa, barreeffamoota seenaa ta'an maqaa dhahuun nidanda'ama. Karaa biraatiin, barreessaan barreeffama alasoosamaa jechoota mimmiidhagoo gargaaramuu keessatti baay'ee hindhiphatu. Kana yemmuu jennu, barreessichi barrreeffama isaa dhama dhabsiisa jechuu osoo hintaane akka asoosamaa jechoota mimmiidhagoo miira nama harkisanitti baay'inaan hingargaaramu jechuudha. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan garuu, wanta jiru tokko akkuma jirutti ibsuudha malee miidhgina afaaniitiin dabaaluu miti. Kunis, namoonni barreeffama isaa dubbisan kan isaan xiyyeeffatan yaada kallattiin barreessaan dabarsuu barbaade irratti akka xiyyeeffataniif

### 2.1.2 Dhimmoota Garagaraafi Asoosama

#### 2.1.2.1 Gama Bulchiinsaatiin

Gurmuu hawaasummaa keessatti wantoota namaaf barbaachisan keessaa tokko bulchiinsa. Sirni bulchiinsaa ilma namatiif baay'ee barbaachisaadha. Saboota yeroo dheeraadhaa kaasanii seera ofii tumatanii ittiin bulaa turan keessaa tokko saba Oromooti.

Sabni Oromoo dhimmoota bulchiinsaafi Siyaasaa jaarraawwan darbanii hanga ammaatti yoo ilaalle seenaa jaarraa dheeraa  mataa isaa akka qabu beekamaadha.

Yaada kan toorri interneetii https://om.wikipedia.org>wiki wabeeffachuun yoo ibsu, Oromoon barnooota hammayyaa qaroomina har'aa Addunyaan fiixee beekumsaa ittiin yaabbate osoo hin qabaatin, Sirna Bulchiinsa walxaxaafi qorannoo waggoota hedduu fudhachuu danda'u, kan jiruufi jireenya namaa karaa hedduudhaan gurmeessee oogganu , Sirna Gadaa; Dimokiraasii dhugaatiin wal bulachaa dhufee jira. Gadaan Oromoo waliin walitti hidhata cimaa ta'e qaba. Jireenya hawwaasa Oromoo guyyaa guyyaa keessatti hiika addaa kan qabuufi raawwiin jireenyaa martinuu qajeelfama Sirna Gadaa jalatti kan raawwatudha.

Sirni Gadaa Jildii 1ffaa Asmaroomiin waabeffatee akka ibsetti, **"**Gadaan Sirna waan mara of keessatti qabuufi jireenya Oromoo kallattii maraan sakatta'udha,**"** jedha. Gadaan Sirna Dimkiraasii namni marti itti amanee fudhatu, adeemsa hawwaasni ittiin wal hin qoodneen; tokko isa biroo irratti loogii ykn dhiibbaa kamiinillee uumuus ta'e uumsisuu bifa hin dandeenyeen keessatti hirmaatu dha. Kanaaf, Gadaan Sirna Bulchiinsaa hawwaasni Oromoo achii as dhufaan sadarkaalee itti keessatti hirmaatamu ka'ee, walii isaa ittiin oogganaa dhufedha. Adeemsa wal bulchuu sana keessatti Oromoon Waaqa tokkichatti waan amanuuf, Waaqni ammoo miidhaa namaa waan hin feeneef, Oromoon wal qixxumma namaatti haaluma waaqni fedhu sannaan amana.

Gadaan ijaarsa Sirna Dimokiraasii keessatti fakkeeenyummaa olaanaa bakka hin buufamne qaba, kana jechuun, Sirni Gadaa mataan isaa Dimokiraasiidha jchuu ta'a. Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti aangoon yeroo itti walitti kennaniifi wal harkaa fuudhan qaba. Adeemsi kun fedhiifi yaada namoota dhuunfaa ykn kan garee muraasaan oogganamuufi giddugaleessa godhatu miti.

Sirni Gadaa Jaarmiyaalee damee Siyaasaa, Diinagdee, Hawaasummafi Amantii Sabni Oromoo keessatti gurmaa'uudhaan jiruufi jireenya isaa guyyaa guyyaa Sirnaan gaggeessatu akka ta'eedha. Yaada kan Dirribii (2016:189) akka ibsutti, Sabni Oromoo bara durii jaalqabee sirna ittiin of bulchuu qabaachuu isaa ragaa seenaa hedduutu jira. Dabalataanis ragaan toora interneetiirraa argame tokko VOA Aafaan Oromoo-com/a/267646.htm/akka ibsutti uummanni Oromoo durii kaasee sirna Gadaatiin of ijaaree

birmadummaan jiraachaa ture. Alaabaan halluun isaa gurraacha, diimaafi adiin jifaarame seenaa, eenyummaafi maalummaa mootummaa Gadaa Oromoo mallatteessa.

Uummanni Oromoo inni bara dhibba shan duraa eegalee duulli hangana hinjedhamne karaa aadaa, amantii, qorqalbii, Siyaasaafi Dinagdee irratti godhamaa tureefi bara dhibba tokkoofi walakkaas immoo diinaanis, cabee, roorroo alagaatiin harkaa miilla hidhamee, afaan cancaalamee akka wallaalaa doofaafi dadhabaatti ilaalamaa jiru, kun uummata bara kuma hedduuf ofdanda'ee Sirna bulchiinsaa, amantaafi dhaha (calendar) mataa ofii kalaqee ittiin jiraataa tureefi qabeenya aadaa guddaa qabuudha jedha.

Yaadni kun kan nu hubachiisu sabni Oromoo duudhaa ofii isaa akka qabuudha. Duudhaan kun sirna ittiin ofbulchu ammoo Sirna Gadaa jedhama. Sirni Gadaa Sirna bulchiinsa biyyattii keessaa isa fooyya'aafi madda Sirna diimokiraasii ta'ee ibsama. Dabalataanis, Dirribii (2016:189-190) yoo ibsu, osoo Oromiyaan miila alagaatiin hindhiitamin dura, sabni Keenya karaa hundaan walqunnamtiifi wajjin jireenya isaa seeraan qajeelchaa ture. Abbaafi ilma, angafaafi quxisuu,abbaa manaafi haadha manaa gidduu walitti dhufeenyi jiru safuufi sera qaba ture sadarkaa xiqqaa kanaa hanga sadarkaa biyyaatti walitti dhufeenyi jiru seeraafi heera adda addaatiin gaggeeffamaa ture. Bulchiinsi, filmaanni, lolli, araarrii, amantiin, safuufi aadaan walumaagalatti wantootni kana fakkaatan heeraa fi seera ittiin ilaalaman qabu ture jedha.

Yaadni kun kan nu hubachiiu ka'umsi bulchiinsaafi siyaasa oromoo ittiin bulmaatni isaa jalaa ol ykn xiqqaa gara guddaa jchuunis maatii irraa gara biyyoolesaatti deema jechuudha. Haata'u malee dhiibbaa uummaticha irra ga'een sirni bulchiinsaafi tokkummaan isaa diigamee Oromoon akka gosa gara garaa qabaatu taasiseera.

kitaaba seenaafi sirna gadaa Oromoo maccaa hanga jalaqaba jaarraa 20ffaatti(2015:13) akka ibsutti, Oromoon dame saboota kuush keessaa isa bal'aafi uummata lafa bal'aarra dagaage jiraatuudha. Haaluma bal'inaafi guddina ummataatiin Oromoon gosoota damee hedduu qaba. Isaanis Maccaa fi Tuulama, siikkoofi Mandoo(Arsii) Gujii, Sabbоofi Goona (Boorana) Ittuufi Humbanna, Raayyaafi Azeboodha jedha.Yaadni kun kan nu hubachiisu Oromoon damee(gosa) hedduu qaba malee, qacceen (hundeen) isaa

tokkichuma ta’uu isaati. Karaa biroo ammoo muutummootni aangoo isaanii tursiisuuf olaantummaa saba tokkoo faarsuun mufannaa gidduu uummataatti uumeera.

Karaa biro amma uummata tokko gargar qoqqoon ykn tooftaan baa’ina isaa gadi xiqqeessan hidhaa gaa’elaati. Hidhanni gaa’elaa uummanni tokko ykn sabni tokko saba biroon akka liqimfamu taasisa. Yaada kana Dirribii (2016:494) yoo ibsu, dhaloota kiristoos dura, bara impaayera Roomaa irraa eegalaanii, saba shororkeessaan qabame tokko eenyummaa isaa balleessanii liqimsuuf wal fuusisanii eenyummaa isaa balleessuu” jedhu qabu. (Assimilation policy). Namni uumamaan eenyummaa ofii waan jaallatuuf imaammanni assimilation policy jedhu kun akka yaadametti hin milkoofne. Kanaaf wal fuudhuun mirga hiree ofiin murteeffachuu nama hin dhorku. Fakkeenyaaf uummanni Aljeeriyaafi liibiyaa lamaanuu afaan arabaa dubbatu, amantii Islaamaa hordofu, daangaa dheeraa waliin qabu walis fuudhaa jiru. Taatullee lamaanuu mootummaa mata mataatti qabu.

Dabalataanis uummatni yukireenii fi Raashiyaa amantii kiriistaanaa hordofu, daangaa dheeraa waliin qabu; lamaanuu faranjiidha waggaa dhibbaa lamaafi shantama caalaa mootummaa Impeereyaa Raashiyaa jalatti waliin turaniiru, wal fuudhaniis wal keessa jiru garuu lamaanuu mootummaa mata mataatti qabu. Kanaaf Oromoofi Habashaan ykn sabootni Itoophiyaa waanuma wal fuudhaniif saba tokko ta’uu qabu jechuun sirrii miti jechuuudha.

**2.1.2.2Gama Afaaniitiin**

Afaan meeshaa walii galtee ta’uu irra darbee ibsituu aadaafi mallattoo eenyummaa saba tokkooti. Jiruufi jireenyi hawaasa tokkoo afaaniin ibsama. Afaaniifi hawaasnis walitti hidhatiinsa guddaa qabu. Afaan amala namummaa qaba. Afaan akkuma namaa nidhalata niguddataa, nidu’as. Afaan dhiibbaa garaa garaan du’uu nidanda’a. Dhiibbaawwan afaan tokko akka du’u ykn quucaru taasisan karaa lamaan ibsamu. Isaanis karaa uumamaafi karaa namtolcheedha. Dhiibbaan karaa uumamaa dhufu kan akka socho’insa lafaa,hongee,hobonboleettiifi k.k.f dha. Dhiibbaan karaa nam tolchee dhufu ammo kan akka waraanaa, siyaasaa, amantaafi ilaalchaati (Wiirtuu, Jildii-3,1990:17).

Afaan oromoos bara dheeraadhaaf dhiibbaa nam tolcheen hacuucamee rakkoo keessa kan ture ta'uun isaa beekamaadha. Jijjiiramni afaan tokko irratti mul'atu bakka lamatti qoodama (Wiirtuu, Jildii-3, 1990:18).

jijjiirama karooraafi b) jijjiirama dirqamaa jedhamu.

Jijjiiramoota lachuu kan tokko isaan godhu liqaan jiraachuudha. Jijjiiramni karooraa jijjiirama sababa qarooma baraatiin ka'u afaan tokko teknoloojii wajjiin wal simachisuuf jecha beektootni ogummaa falaasama saayinsii afaanii, yeroo ta'e jedhanii, jecha afaan biraa walii galtee dhaan liqeeffatan ni jijjiirama. Kunis,kan ta'u yeroo moggaasa jecha meeshaafi yaada haraawaa gola afaanichaa keessatti soqaanii dhabanidha.Jijjiramni afolaa kan mudatu sababa dhiibbaa (influence)afaan biraatii liqaan sagalee, jechoota, himootaafi haala dubbii (stylistic) fudhachuurraan ta'a. Kunis, bifa lama qaba

(a)liqaa (an act of conscious borrowing (wardhough:1986)

(b) liqaa dirqamaa jedhamu.

Liqaan inni duraa garee beektotaan murtaa'ee kan fudhatamuudha. Liqaan inni boodaa sababiwwan adda addaatiin dhufa. Isaanis akka kanaan gadiiti.

- Yaa'a (godaana) uummataa (migration)
- weerara waraanaa(invesion)
- Sochiiamantii adda addaa (Relligious activity)
- Imaammata sirna barnootaa
- Sochii daldaalaa (merchantial activity)tadeuz milewsk/1973:137)

Walumaa galatti dhiibbaa sochii hawaasumaa ,siyaasaafi dinagdee uummata tokko keessatti geggeeffamu irraan ni ka'a. Haaluma kanaan jijjiiramni afaan Oromoo mudachaa ture dhugaa kanarraa kan fagaate miti. Kanaafuu sababiiwwan jijjiirama afaanii armaan olitti tuqaman yeroo uummata afaan sana dubbatu mudatan,akka beekaan peeter Trudgill (1990:7-8) jedhutti, Afaanota gidduutti walitti dhufeenya (Language contact)uumuudhaan dhiibbaa afolaa (external factor) ni fida. Qabata kanaan, sababii dhiibbaa liqiifi walitti dhufeenya afaan amaaraatiin (Oromoo Amharic contact) kan

ka’e afaan Oromoos hagam tokko gara boora’inaatiifi badiitti adeemaa akka ture ragaaleen seen barruu Godinaa Shawaa Kaabaa salaalee keessaa guuraman ni ibsu. (wirtuu,Jildii -3,1990:18-21)

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachisuu afaan dhiibbaa garaa garaatiin liqatti kan galu yoo ta’u, sababa kanaan ammoo guddinni afaan tokkoo quucaruu kan danda’u ta’uu isaati.

Gama afaaniitiin, Afaan Oromoo balleessuuf mootummootni abbaa irree dhufaa darbaan shira adda addaa gochaa turaaniiru. Afaan oromoo akka afaan Amaaraa gaditti ilaalamu gochuun mana barumsaa, mana amantaafi mana murtiitti akka hin dubbatamne ta’ee ture.Waa’ee shira kanaa Asafaan, (2009:64-65) yoo ibsu,”Akka imaammataatti ifee hin ba’in malee, eega bara S.Sfi Tewodiroos irraa qabee amantii Ortoddoksiifi afaan Amaariffaa Biyya Oromoo humnaan cabsan irratti moototi Habashaa imaammata gosa-galoomii ykn walmakoo (Amarization/ Assimilation) fe’aa turan,” jedha.

Haa ta’uu malee, afaan biyyaa tokko keessatti dubbatamu, walitti dhufeenya hawaasaafi haala jireenyaa akkasumas haala naannoo isaa calaqqisiisuu ni danda’a kanaafuu, akka saayinsiin afaanii mirkaneessutti, afaan kamiyyuu aadaafi akkaataa jireenyaa, akkasuma haala naannoo faaraan ibsuu dandeenyaan afaan guutuudha” jedhama. Kana jechuun afaan hanquun nijira jechuuf osoo hintaane afaan tokko afaan kan biroo waliin madaalamee safartuu maaliniyyuu inni tokko isa tokkorra caalaadha, miidhagaadha, jaalllatamaadha, fudhatamaadha, ykn jibbamaadha, jechuun hindanda’amu jechaaf qofa (wirtuu, Jildii-3 1990:1)

Itti dabaluun yaadni kun kitaaba (wiirtuu jildii -3 1990:31) irratti akka ibsametti, kaayyoofi fedhii bu’aa siyaasa gara tokkorratti hundaa’e yoo ta’e malee, falaasama (theory) saayinsii afaaniitiin yeroo madaalamu, afaan kamiyyuu ittiin barachuu, barsiisuufis ta’e ittiin hojjechuuf yeroo barbaadamu, afaan kaanirraa salphaa ykn ulfaataa jedhanii madaaluun nidhiba. Taanan garuu dogoggora guddaa ni ta’a jedha.

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachiisuu, afaan meeshaa waliigaltee ta’uun naannoo ibsuu dandeenyaan wal-qixa jechuun akka danda’amuufi yaada garee muraasaan ammoo

afaan tokko kan biroo caala jedhanii ergama ofii dabarfachuun dogoggora ta'uu isaa nu hubachiisa.

Ergamni afaan saba tokkoo balleessuuf godhamu miidhaan isaa waan salphaa miti. Sababni isaa afaan wantoota hedduu of keessatti hammata

Afaan waa hunda: kan itti jiraatan; jireenya jiraachuuf ammoo afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafannaan lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal fakkeessuu yoo ta'u, yaaduun garuu bakka addaatti afaan ittiin yaadaniin hojjechuun ammoo, walitti dhufeenya yaadaa, aadaafi hawaasaa cimsa (Addunyaa 2010:1). Kanaafuu afaan saba tokkoo balleessuu jechuun sabichuma balleessuu jechuudha.

Yaada armaan olii kana Dirribii (2016:476) yoo ibsu, Afaan ofiitiin fayyadamuun mirga namoomaa keessaa isa duraati. Uummatni tokko akka inni afaan isaatti hinfayyadamne dhorkuun seenaa isaa aadaa isaa, eenyummaafi kabaja isaa balleessuudha. Liqimsuudhaan (Assimilation) afaan saba tokkoo balleessuun, sabni sun afaan ofiitiin yaadee, waan yaada ofii hinibsamneef, beekumsa sammuu isaa irratti miidhaa guddaa fida.

#### 2.1.2.3Gama Dinagdeetiin

Dinagdeen jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti dhimma murteessaafi isa duraati. Dinagdeen hawaasa tokkoo immoo bu'uurri isaa madda galiiti. Akkuma beekamu maddi galii yookiin diinagdee uummata Oromoo kan bu'uureffate qonnafi horii horsiisuu irratti. Haata'u malee shira Mootummaa Abbaa Irreen jiruufi jireenya isaarratti nagaafi tasgabbii dhabeera. Uummaticha rakkoolee garaa garaaf saaxileera. Qe'ee isaanii irraa buqqisuun moggaatti dhiibeera. Humna isaanii qisaasesseera, qor-qalbii isaaniis hubeera. Yaada kana WaldeYohaannisiifi kan biroo (2009:223) yoo ibsan, "uummatni Oromoo biyyaa itti dhalatan keessatti, mana keessatti dhalatanii guddatan keessatti lafa dhaala abbaa isaanii irratti eenyummaan isaanii hundumtuu akka sarbamu taasifamuudhaan qaama eenyummaasaa hinbeekneefi baruus hindandeenyetti kufan", jedha. Dabalataan Asafaan (2009:64) irratti Bulchaa, (1994:95ff) wabeeffachuun yoo ibsu,"Bara Milik Biyya Oromoo qabate keessa, yoollee imaammati barumsaafi afaanii hin ba'in, bataskaanni bakka Oromoon waaqessu hundatti dhaabameetu qeesonni bakka waraanni Minilik gahe

maratti amantii Ortodoksiifi Amaariffa babal'ifate. Lafti Oromoo ciramee waraanaafi qeesotaaf laatame. Oromoon ammoo gabbarrii taasifamee, lafa isaarratti gabroomee qotee Minilikiif galche. Akka saniin duulli gosa-galoomii (Amharization /assimilation) Minilikiin bal'inaan jalqabe," jedha. Kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa (1998:88) akka ibsuttis, "Dhiibbaan jaarraa kurnaffaarraa jalqabee karaa sulxaanotaa Isilaamaatiin itti fufes jaarraa kudha-sadaffaa keessa karaa humnoota kiristaanaatiin Oromoorra gahaa ture salphaa miti. Nageenyi Oromootaa jeequmsa guddaa keessa ture. Sababa kanaan kan ka'e sirni Gadaas hojiisaa itti fufuu hin dandeenye. Haalli dinagdee tikfattee bultoota Oromoo haala tasgabbaa'een jiraachuu waan dadhabeef sadarkaa yaaddessaarra ga'ee ture", jedha.

### 2.1.2.4Gama Aadaatiin

Uummatni Oromoo akkuma uummattoota ollaa isaa amantaafi sirna ittiin bulmaataa qaba. Sirni ittiin bulmaata uummata Oromoo sirna Gadaa jedhama. Sirni Gadaa gosoota bulchiinsa diimokiraatawaa keessaa tokkodha. Gadaan siyaasa geggeesummaa olaanaa qabuufi bifa aangoo isaa ummata keessatti tamsaasuun aangoo sadarkaa sadarkaan qooduun kan hojjetaa tureedha. Sirni Gadaa aangoofi dirqama sadarkaa sadarkaan uummata keessatti diriirsee qooduunsaa ammo akka uummannii mirgaafi dirqama isaa hubatee itti gargaaramuu tasiseera. Kanaaf haayyuun biyyaa Faransaay Antoonii (Antoine de Abbadie)"Mirgaafi bilisummaa ilmi namaa qabu kan dhugaa sirna kamuu keessatti hinmul'annetu Gadaa keessatti argama", jedha. (Madda: seenaafi sirna gadaa Oromoo maccaa jildii -1,2015:75)

Sirni Gadaa Oromoo, aadaa, amantaa, siyaasa, dinaagdeefi jireenya hawaasummaa Oromoo hunda walitti hammatee jira. Sirna Gadaa balleessuu jechuun ammoo waan kana hunda balleessuu jechuudha. Tokkummaan uummata tokkoo kan jabaatuufi eegamu wanti walitti isa qabu jiraachuu qaba. Uummata tokko wantootni walitti qabaniifi hidhan keessaa inni tokkofi guddaan amantiifi aadaa isaati. Sabni tokko tokkummaa qaba kan jedhamu, ilaalchi inni addunyaaf qabu ykn qor-qalbii tokko (psychology) isaatiin yoo tokko ta'eedha. Ilaalcha ykn qor-qalbii tokko qabaachuuf ammoo amantiin shoora olaanaa qaba.

Yaada kana ilaalchisee Leellisaa (2013:239) yoo ibsu, Oromoon bara amantii tokko Waaqa tokkicha amanaa ture sana, walfaana hiriiruufi walcina dhaabachuun, waliif birmachuunfi walirratti du'uun dubbatanii waliif galuun, walii tumsuufi waldhagahuuf salphaa ture jedha. Uummanni Oromoo uummata amantaa waaqeffannaatiin bulaa turedha. Akka ragaan toora interneetii om.wikipedia.org/wiki/waaqeffannaa ibsutti, "Waaqeffannaan sirna amantaa tokkichatti amanuufi lubbu qabeessi hundi isaan uumamuu fudhachuudha", jedha. Waaqeffannaan amantii sanyii kuushi hundaati.Oromoon waggaa kuma heduutiif amantii waaqeffannaatti bulaa ture.

Aadaan haala jiruufi jireenya uummata tokkoo ittiin calaqqisiisu ta'ee, jireenya guyyaa guyyaan gaggeeffamu ni dabalata. Aadaan wantoota hedduu ofkeessatti haammata. Isaan keessaa muraasni: waan nyaatamu, akkaataa itti nyaatamu, meeshaa itti nyaatan, haala uffannaa fa'i. Ayyaannis qaama aadaa keessaa tokkodha.Waa'ee ayyaanaa ilaalchisee Leellisaan (2013) yoo ibsu, "Ayyaana jechuun, mil'uu waaqaatiin uummamni kamuu humna argatu tokkoon guutamuu jechuudha" jedha. Itti dabalees Waaqayyo waan uume maraaf ayyaana mataa isaanii kenneera. Uummanni lafa kana irra jiru, namni, bineensi, mukaafi bishaan hundi ayyaana ofii qaban; jedhee ibsa, kitaaba Daaniyaa waabeffachuun. Haa ta'uu malee qabata amantii biroon uummatni Oromoo amantaa isaa gataa dhufeera. Ummatni kun amantaa isaa gatuu kan danda'e sababoota garaa garaatu jira. Sababoota kana keessaa tokko mootummaa abbaa irreeti. Mootummootni dhufaa darbaan amantaa Oromoo irratti dhiibbaa gessisaa turaniiru. Dhiibbaawwan kana keessaa tokko humnaan aadaa, amantii, siyaasa, dinagdeefi jireenya hawaasummaa Oromoo bittimsuudha. Amantaa isaaii babal'ifachuuf jedha gocha hamaa uummata Oromoo irratti dalaganii jiru. Akka Leellisaan (2013) ibsetti, yeroo Yohaannis Walloo marartee tokko malee fixe, sirbi sirbameeraaf. Karaa biroo ammoo uummata keenya amanticha fudhachiisuu bira darbanii aada isaa kolaasuutti bobba'an. Ammaa illee itti jiru. Kaleessa gootota akka Taaddasaa Birruufaa maqaa amantiitiin qabanii takaalaa turan. "Maqaa waaqayyoo natti haa ta'u, si hinmiidhu" jedhee H/Sillaaseen phaaphaasii itti erganii ofdagachiisanii qabaa turan jedha. Yaada kanarraa waan hubannu bifa garagaraan uummata Oromoo sodaachisaafi gowwoomsaa aadaafi amantaa isaa akka harkaa gataa turaniidha.

Oromoon Waaqa tokkotti aamana. Akka amantaa Oromootti waaqayyo waan hundaa danda'a, madda jireenyaati. Inni Kan hundaa uume, humna raawwachuufi raawwachiisuu kan qabu gooftaa gooftaa hinqabne safuufi seeraati. Akka ragaaleen qorannoo tokko tokko mul'isanitti osoo Oromootni amantiiwwan adda addaatiif hin saaxilamin seenaa tokkoofi hidda dhalootaa tokko qabaachuun isaa bira gahameera. (Madda: Seenaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa hanga jalqaba jaarra 20[ffaatti], 2015:181). Qabata kanaan uummatni Oromoo, afaaniifi manti tokko, akkasumas sirna itiin bulmataa tokko qabaachuu isaa hubanna.

### 2.1.2.5 Gama Firiiwwan Afoolaatiin

Afoolli qabeenyauumaa uummataa kanta'eefi jechaafi gochaan dhaloota dhalootatti darbaa kantureefi darbaas kan jiruudha. Afoolli qabeenya gamtoominaati. Uummatni Oromoo bara duriitii jalqabee itti dhamma bahaa tureera firiiwwan afoolaa garaagaratti fayyadamuun ittiin walgorsaa, waljajabeessa, walfarsaa, seenaaafi duudhaa walii dabarsaa akkasumas baroota dheeraaf yeroo cunqursaa alagaa jala ture ammo quuqqaa garaa isaa ittiin waliif dabarsaa tureera.

Afoolli Oromoo ummatichi yeroo sirna barreeffamaa hin argatinitti madda ragaafi dabarsaa aadaa uummatichaa ta'ee tajaajilaa tureera, ammas tajajilaa jira.

Afoolli dhalootaa dhalootatti afaaniin kan darbu hambaa uummataati. Waa sadiin ammo firiiwwan afoolaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma maqaa isaarraa hubatamu waa sadiin firii (birkii afoolaa ta'ee wantoota sadiin, jechoota filatamoo ta'aniin gorsa, barumsaafi ergaa ciccimoota'an dabarsa.Waa sadiin falaasama Oromoo keessaa tokko ta'ee, waan badaa kan qeequ, kan gorsu,hubachiisee kan sirreessu, nama karaa gaariirra jiru kan jajjabeessuu fi waa'ee jireenya uummata Oromoo ta'e uumamaa dhugaa jiruuf godhee kan argisisuudha. Yaada kana Abbarraa (1993:2-3) yoo ibsu, "Haayyonni Oromoo waa'ee waa sadii akkanumaan kan lafa kaa'an miti. Waan waa sadiirraa ka'anii dubbiin walitti hidhantu jira malee", jedha.

Akkuma birkiile afoolaa kaanii waa sadiin amaloota afoolaa yeroo namoonni rakkoo omiishaa, godaanaa, duulaa, gammachuu fi gadda bakka tokkotti wal gahan dhimmoota adda addaarratti haasawan dubbatama. Haasawwuuf yoo xinnaate namoonni lama

jiraachuun dirqama. Abbaan dabaree yoo dubbaatu kaan qalbeeffachuun hordofu. Firii dubbii ifatti mul’isuun sammuu dhaggeeffataa qabsiisuuf mata dubbii walitti hidhuufis ni fayyada.

Akka fakkeenyaatti dubartoonni uummata Oromoo biratti qoodaafi kabaja guddaa waan qabaniif waa sadiin Oromoondubartootajajjabessa, gorsa, sirreessa akkasumas aadaa barsiisa. Aadaa Oromoo keessatti dubartootni bakka olanaa qabu. Bara Oromoon gadaan bulaa tures dubartootni sirna siyaasaa keessatti qoodni isaan qaban olaanaadha.Yaada kana kitaaba (Seenaafi Sirna Oromoo Maccaa hanga jalqaba jaarraa 20ffaatti, (2015:161-162) irratti ibsameen, ”Dubartoota malee gadaan guutuu hin ta’u”. Kana jechuun wanti nu dandessise jalqabarratti dubartootni caasaa sadarkaalee gadaa keessa hin darbiin malee, ilma deessee gudisuufi sirna gadaa qofa osoo hin ta’in kan biyya bulchuufi duulee biyya eeguuf gessisuun kan bakka guddaa qabdudha. Kana malees raawwii sirna gadaatiif dhangafi meeshaalee adda addaa kan qopheessu dubartoota. Dabalataanis sabni Oromoo Maccaa kabajaafi ulfina dubartiif qaban walaloo garaa garaan akka armaan gadiitti faarsaa turaniiru.

Caalakaa caalaa caalaa

Caalli dubartii waa sadii

Tokko deessuu ilmaati

Tokko ulattuu qayyaati

Tokko soortuu dhirsaa ti jedhu.

Yaada walaloo kanarraa akka hubachuun danda’amutti haala yeroo Sanaa bu’uureffachuun dubartiin yoo ilma deesse hunda caalti. Ilmi ammo duuluun daangaa eega. Yaadni inni lammataa ammo ulattuu qayyaati jedha. yaadni kun kaamettummaa dubartii ibsa. Yaadni sadaffaan soortuu dhirsaa jedhu ammo nyaata maatiif kan qopheessitu faarsuun dubartootaaf kabaja qabu ibsa.

## 2.2 Sakatta'a Barruu

Kutaa kana jalatti qorannoowwan mata duree kanaan walitti hidhatinsa qaban kan keessatti dhiyaatanidha.  Hojii qorannoo hanga ammaa keessatti kallattiidhaan mata-

duree qorannoo kanaa waliin wal fakkaatan hin jiran. Haata'u malee, mata dure garaagaraa irratti asoosamoota biroorratti kan hojjetaman nijiru. Kanaafuu, qorannoo kanaan ala asoosamoota biroo irratti kanneen Afaan Oromootiin hojjetamaan muraasa isaanii fudhachuun walfakkeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban ilaalameera. Bu'uuruma kanaan Qorannoon asoosamoota Afaan Oromoo irratti hojjeteman kanneen armaan gadiiti.

Mokonnin Gabbisaa (2006) "Qaaccessa Asoosamoota ' Suuraa Abdiifi Miila Hinshokoksiinee' Ija Dhugummaatiin" digirii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu guuttachuuf qorannoo taasifamedha.Kaayyoon qorannoo isaa kanaa asoosamoota " Suuraa Abdiifi Miila Hinshokoksine"ija yaaxxinadhugummaatiin qaaccessuudha. Fiqaaduu Qana'aa (2012)"Qaaccessa waldhabbiifi fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: Haala Godaannisaafi Dungoo Halkan Sanaa" mata duree jedhu irratti barnoota digirii 2ffaaAfaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf qorannoo adeemsifamedha.Kaayyoon qorannoo isaas asoosamoota "Godaannisaafi Dungoo Halkan Sanaa" keessatti waldhabbiifi fakkoommii asoosaan dhimma itti ba'e aadaa, siyaasaafi falaasama Oromoo ibsuuf yaalame qaaccessuudha.

Abdulsalaam Hasan (2010) "Xiinxala Goobangagaleessota Kallattii sadarkaa Gadaa Oromoofi Qooddachiisuun Asoosamoota ' Godaannisaafi Kuusaa Gadoo' keessatti"mata duree jedhurratti digirii jalqabaa Afaan Oromoon guuttachuuf qorannoo adeemsifamedha. Qorannoon isaa kunis asoosama "Godaannisaafi Kuusaa Gadoo" irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kaayyoon isaa inni ijoon asoosamoota filataman keessatti goobaangaleessota asoosamoota lamaanii kallattii sadarkaa Gadaa Oromootiin xiinxaluudha.

Dassaaleny Hayiluu (2016) "Xiinxala asoosama Yoomilaataafi Kabiir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo ija yaaxxina dhugummaatiin" mataduree jedhu irratti digirii 2$^{ffaa}$Afaan Oromoofi Ogbarruu guuttachuufqorannoo adeemsifame dha. Kaayyoon qorannoo isaa asoosamoota lamaan armaan olii ija yaaxxina dhugummaan xiinxaluudha.

Taarikuu Bantii (2016) "Xiinxala Afoola Asoosamoota Filataman Keessatti" mata-duree jedhu irratti digirii 2$^{ffaa}$ Afaan Oromoofi Ogbaruu guuttachuuf qorannoo

adeemsifameedha. Kaayyoon qorannoo kanaa Afoola asoosamoota Afaan Oromoo filataman keessatti argaman qaaccessuudha.

Qananii Baayisaa (2008) “Xiinxala Asoosamoota ‘Barreen bifa tokko mitiifi Dibaa’ ija yaaxxina bifiyyeetiin” mataduree jedhu irratti digirii lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu guuttachuuf qorannoo adeemsifameedha. Kaayyoon qorannoo kanaa ija yaaxxina bifiyyeen asoosamoota filataman xiinxaluudha. Kadiraa Alii (2016) “Qaaccessa Asoosama ‘Aarsaa’ Fayyadama Afaanii irratti Xiyyeeffachuun” mata-duree jedhu irratti digirii lammaffaa Afaan Oromoo fi Og-barruu guuttachuuf qorannoo adeemsifame dha.Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama “Aarsaa” fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun xiinxaluu dha.

Giddugaleessummaan qorataan qorannoo kanaa kan inni irratti xiyyeeffate, asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa gama siyaasa Oromootiin xiinxaluudha. Qorannoowwan armaan olitti akka barruu walfakkiitti dhiyaatan garuu, dhimmoota adda addaa kan giddugaleeffataniidha. Akka fakkeenyaatti yoo kaasne, Mokonnin Gabbisaa (2006) "Qaaccessa Asoosamoota ‘ Suuraa Abdiifi Miila Hinshokoksiinee’ Ija Dhugummaatiin mata duree jedhuun kan hojjetame yoo ta’u, qorannoon inni kun garuu, ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa kan jedhu irratti kan xiyyeeffate ta’a. Qorannoon Fiqaaduu Qana’aatiin bara (2012) mata duree Qaaccessa waldhabbiifi fakkoommii Asoosamoota Dhaabaa Wayyeessaa: Haala Godaannisaafi Dungoo Halkan Sanaa jedhuun hojjetame ammoo garaagarummaan inni qorannoo kana waliin qabu, bal’ina dhimmoota kaasuu waliin walqabsiisnee yoo ilaale dhiphaadha. Qorannoon Abdulsalaam Hasaniin bara (2010) Xiinxala Goobangagaleessota Kallattii sadarkaa Gadaa Oromoofi Qooddachiisuun Asoosamoota ‘ Godaannisaafi Kuusaa Gadoo’ keessatti mata duree jedhuun hojjetame ammoo dhimmota bu’uuraa kaasaniin qorannoo kana waliin walfakkaatu. Sababni isaa dhimmi ijoon Abdulsalaam Hasan qorannoo isaa keessatti kaaseefi dhimmi ijoo qorannoo kanaa bu’uuraan dhimma sirna bulchiinsa diimokiraatawaa Oromoo isa ta’e Gadaa bu’uura godhatu.

Kadiraa Alii (2016) ammoo Fayyadama Afaanii irratti daangeffamuun qorannoon inni kun garuu, ergaa gama siyaasaan mul’atu xiinxaluu isaan addummaa qabu.

Walumaagalatti, sakatta'insa barruu wal-fakkii kana keessatti qorannoowwan gaggeeffaman xiinxala hojii kalaqaarratti taasifamuun isaanii qorannoo kana waliin kan wal fakkatuu yoo ta'u, ija yaaxxinaalee garaagaraafi asoosamoota adda addaa xiinxaluun isaanii ammoo garaagarummaa qorannoo kana waliin qaban kan argisiisu dha.

**2.3 Yaaxina Qorannichaa**

Jaarraa 20ffaan dura yaaliin dalagaa ogbarruu ibsuuf taasifamaa ture baay'ee gad aanaa ture. Sanaan dura wanti ture, yaada ogbarruu jechuun waa'ee mataa ofii ibsuu (self-interpreting) ture. Haa ta''u malee, haguma beekumsi dabalaa deemu ilaalcha of ibsuurraa gara ogbarruu yaaxineessuuttijijjiirame. (Graff, 1987).

Akka hayyuun Eagleton (1996:67) ibsetti seenaan ogbarruu seenaa qeeqa ogbarruu waliin eegale. Boodarra garuu walta'iinsa warra waa uumanii barreessaniitiin bu'ura yaada isaanii gargaaramuun galteewwan peedaagojii ogbarruu gara yaada ka'umsa tokkootti fidan. Bara dheeraadhaaf yaaxxinni ogbarruu walitti dhufeenya barbaachisoo qeeqa ogbarruu kanaaf tajaajilaa ture. Yaaxxinni ogbarruu ammayyaa adeemsa keessa kan inni madde Awurooppaa keessatti jaarraa 19ffaa yoo ta'u, kan inni walii galteerra ga'ame jaarraa 20ffaakeessadha.

Ogbarruun tokko dhimma barreeffamuuf niqaba. Dhimma isaa hubachuuf ammoo dubbisuufi qeequun murteessaadha. Ogbarruu qeequun ammoo ogummafi muuxannoo barbaada. Namni ogbarruu qeequ tokko maal gochuu akka qabu, Encyclopedia Britannica yoo ibsu, "*Critics ask what literature is? What it does? and what it is worth?*" jedha. Akka hiika kanaatti, namni ogbarruu qeequ tokko maalummaa, faayidaafi gatii ogbarruun qabucimsee gaafachuu qaba. Dabalataanis, yaaxxinoota adda addaa fayyadamuun sakatta'uu gaafata.

Dabalataan hojii ogbarruu tokko qeequun dura maalummaafi ulaagaalee ittiin qeeqamu beekuun barbaachisaadha. Kanaafuu, maalummaa yaaxxinaalee qeeqa ogbarruu ilaalchisee, hiika namoonni garaagaraa Kennan kutaa kana jalatti dhihaateera. Haaluma kanaan Carter, (2006:14) maalummaa yaaxxina qeeqa ogbarruu ilaalchisee akkas jedha, "theoris the done to the conclusion that literary; theory does not real exists as an idependent discipline, there is many clam just theory", about every thing. Jedha.

Akka yaada kanaatti maalummaan, qeeqafi yaaxxina isaaf hiika salphaafi gabaabaa ta'e kennuun rakkisaa akka ta'e agarsiisa. Bifuma kanaan, namoonni yaaxxina garaagaraa hundeessuun hojiilee ogbarruu qeequunis maalummaa isaa ibsuun ifaafi salphaa akka hin taane kaa'aniiru.

Yaaduma olii kana waliin kan wal fakkaatu maalummaa yaaxxina qeeqaa ilaalchisee, Castle (2007: 9) akkasitti ibse,''The term literary is used to cover collection of principles and assumption that govern theoretical refilection on the nature and function of literary works." jedha. Yaanni kun kan nama hubachiisu, jechi yaaxxina ogbarruu jedhu qindoomina qajeeltoowwaniifi yaadota bu'uraa kanneen amalootaafi faayidaawwan ogbarruu tokkootiin ilaallamu ykn madaalamudha.

Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu, ragaan toora intarneetii irraa argame tokkos akkasitti ibsa, "Literary theory is a stnict sense is the systematic study of the nature of literature and of the methods for analyizing literature jedha.

Walumaa galatti, yaadonni kun kan agarsiisan hojiin ogbarruu tokko yaaxxinaalee qeeqa ogbarruutti dhimma ba'uun yeroo qeeqamu hanqina isaa qofarratti kan xiyyeeffatu osoo hintaane, cimina isaallee waliin kaasuun murteessaa akka ta'e hubachuun danda'ameera.

Yaaxxinaaleen ogbarruu yaada haaraa akka nuti maddisiifnuufii waan dubbifame tokko keessatti yaada maaltu jira jedhamee gadi fageenyaan akka yaannu nu taasisa. Kanarraa kan ka'e, yaaxxinni ogbarruu tuuta yaaxxinootaati jedhamees beekkama. Tyson Lios (2006:87)

### 2.3.1Akaakuuwwan Yaaxxina Ogbarruu

Hojii ogbarruu tokko qeequuf kan tajaajilan yaaxxinoota ogbarruu garaa garaatu jiru.Yaaxxinoonni kunneenis: yaaxxina fayadamummaa, yaaxxina dhugummaa, yaaxxina feeminiizimii, markiisiizimii, xinsammuufi caasessitoota fa'i.Tokkoon tokkoon yaaxxinaalee kanneenis eessatti akka jalqaban, yoom akka jalqaban, eenyuun akka jalqaban, maaliif akka jalqabanfi eenyuun akka hundeeffaman seenaa mataa isaanii qabu. Kana malees, hojii ogbarruu tokko qeequuf ulaagaalee mataa isaanii qabu. Yaaxxinaalee eeraman kanneen keessaayis kan qorannoo kanaaf itti dhimma bahame yaaxxina fayadamummaati.

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf ammoo yaaxina qorannoo sana deeggaru bu'uureffachuun murteessaadha. Yaaxina jechuun adeemsa ogbarruun tokko ittiin xiinxalamu kan calaqqisiisuudha. Akka toora interneetii ibsutti "*Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has, what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment*," www.the free dictionary.com/criticism

Yaadni armaan olii kun kan ibsu, yaaxxinni adeemsa hubannoo waa'ee uumama ogbarruu, faayidaa inni qabu, hariiroo barreessaafi dubbisaa gama afaanii, hawaasaafi seenaatiin kan qajeelchu ta'uu isaati.

Haaluma kanaan, qorannoon kun yaaxinaalee hayyoota adda addaatiin kaa'aman keessaa yaaxinoota lama duraa duubaan gargaaramuun kan dhi'aateedha. Jalqaba irratti yaaxina bifiyeetu dhiyaate.

**2.3.1.1 Xiyeeffannoo yaaxina bifiyyee**

Yaaxinni bifiyyee kan irratti xiyyeeffatu hojii ogbarruu sana qofarratti. Hojichaan ala bahuun dhimmoota biroo kan keessummeessu miti. Qabiyyee hojichaa caalaa caasaa ogbarruu sanaarratti kan fulleffatuufi akka hordoftoonni yaaxina bifiyyee kaa'aniti, namni hojii ogbarruu keessatti yaadaafi miira isaa kan ibsatu waan ta'eef, ogbarruu sanaan alatti ba'uun barbaachisaa miti yaada jedhu qabu.

> *As the name suggests, formalist was more interested in analysis of formthe structure of a text and its use of language, than in the content.*
>
> *Formalists wanted to establish a scientific basis for the study of literature.*
>
> *The period of the early Russian formalists was an extreme one they*
>
> *believed that human emotions and ideal expressed in a work of literature*
>
> *Carter (2006:31-32)*

Namni tokko yaaxina bifiyyee irratti hundaa'uun ogbarruu tokko qeequu yoo barbaadeyeroo dubbisu maal gochuu akka qabu Dobje ,(2012:40) akka itti aanutti kaa'era. "*The critic who wants to write about literature from a formalist perspective must*

*first be close reader who examines all the elements of a text individual and questions how they come together to create a work of art such a reader who respects the autonomy of a work achieves on understanding of it by looking inside it not outside it or beyond."*

Ogbarruu tokko yaaxina bifiyyee bu'uura godhachuun qeequu yoo barbaadne jalqaba barruu sana gadi fageenyaan dubbisuun waan hojiin sun qabatee jiru adda baafachuun isa ijoodha. Adeemsa kana keessatti waantoonni ogbarruu sana keessatti hammataman kophaa kophaatti haala kamiin akka dhaabbataniifi gurmuudhaanis hojichaaf miidhagina itti kennan sirriitti hubachaa deemuun kan qabuudha. Kana galmaan ga'uuf ammoo irra keessa ilaaluun osoo hin taane keessoo irratti hundaa'uu dha. Roga yaaxina kanaatiin asoosamoonni madda ragaa ta'anii filataman caacculeen isaanii hammi tokko galma ga'insa qorannoo kanaaf ibsamaniiru.

**2.3.1.2 Xiyeeffannoo yaaxina fayadamummaa**

Yaaxinni fayyadamummaa kun kan hundeeffame hayyuu biyya Jarmanii Wittingstein (1953) hiika waan tokkoo beekuuf ergaa ykn fayyadama waan sanaa beekuun barbaachisaa akka ta'e ibsee jira. Fayyadamni kun ammoo, dhugaa hawaasa keessatti mul'atu waan ta'eef, dhugaa jiruufi jireenya namaa keessa jiru miidhagsee akka haqa fakkaatutti kan dhiyeessuudha. Kunis, kallattii gama siyaasaan, dinagdeen, jireenya hawaasummaafi kanneen dhugummaan hawaasaa keessatti calaqqisuun kan ibsamuudha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA

Malleen qorataan qorannoo kana geggeessuuf fayyadame kutaa qorannoo kanaa boqonnaa sadii keessatti kan ibsaman ta'u. Isaanis: saxaxa, mala, irraawwatama, madda ragaa, iddattoo, meeshaalee funaansa ragaalee, adeemsafunaansa ragaaleefi malleenqaaccessa ragaalee fa'a. Qorannoon kun kitaabilee asoosama Yaadaniifi Arraa Gurbaa ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Adeemsi qorannichaas sakatta'a barruu waan ta'eef mala qorannoo xiinxala barruu jalatti ramadamuun kan geggeeffame ta'a.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Maalummaa Saxaxa qorannoo ilaalchisee Addunyaa (2011:63) " *Saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Kunis, qorannichi maal fakkaata, maal irratti bu'uure gaaffiiwwan jedhan saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu*,'' jechuun kaa'eera. Ibsa kana irratti hundaa'uun, saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi asoosama yaadaniifi Arraa Gurbaa ija wal qabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef saxaxni qorannichaa addeessaadha. Kan ibsame xiinxala dubbisuu ta'uu isaa irraa kan ka'e, mala akkamtaatiin kan ibsameedha.

Qorannoon kun asoosama yaadaniifi Arraa Gurbaa ija wal qabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu keessatti dhimmoota irra caalaa gama siyaasaa, amantaa, sirna bulchiinsa irra caalaatti(sirna Gadaa) bu'uura godhachuun ta'insoota ykn gochoota asoosamoota kanneen keessatti mul'atan funaanuun mala ittiin dhi'aatu qaba. Haaluma kanaan qorannoon kun akkaataa dhimmi hawaasa kana keessa jiru asoosamoota kanneen keessatti ittiin dhihaateefi madda ragaaleerraasakatta'uun qabata ogbarruutiin walbira qabuun kan xiinxaleedha. Sababni isaa hojii qorannichaa mala ibsaan (descriptive method)fi mala xiinxala barruutiin (text analysis) dhimma ba'ame. Malleen kanneen filachuun kanbarbaachiseefis qorannoo kana gadifageenyaan ibsuuf waan gargaaraniif ta'uu isaatiini.

### 3.2 Malleen Qorannichaa

Malli qorannoo matadureen isaa kitaabilee asoosama Yaadaniifi Arraa Gurbaa ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Kitaabilee asoosama Yaadaniifi Arraa Gurbaa ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu keesssatti qorataan qorannoo kanaa kan gargaarame mala akkamtaati. Sababni mala kana filateefis akkamtaan mala qorannoo tokko gadi fageenyaan hubachuu irratti kan xiyyeeffatuufi ga'ee guddaa kan taphatu ta'uu isaa irraa ka'eeti.

#### 3.2.1 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa Kitaabilee asoosama Yaadaniifi Arraa Gurbaa ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Filannoo irraawwatama qorannichaa  ta'ee kan jiru ragaan barbaachisu Kitaabilee asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa gadifageenyaan dubbisuudha.

#### 3.2.2 Iddattoo Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaabilee asoosama 'Yaadaniifi Arraa Gurbaa!' kan jedhu yoo ta'an, kitaabileen kunneen kan filatamanis, tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatiin. Odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu, kitaabilee kanneen keessaa argachuun kan raawwatameedha. Geggeessa qorannoo tokkoo keessatti iddattoofi iddatteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, kitaabilee asoosama dhiheenya kana ba'an hunda isaanii irratti qorannicha adeemsisuun ulfaataa ta'uurra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan taheef iddattoo filatamerraa odeeffannoo argamu bu'uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda'ama, jechuun Addunyaa (2011:65) ibseera. Qorataanis kitaabilee asoosamaa jiran keessaa asoosamoota  'Yaadaniifi Arraa Gurbaa!'mala iddatteessuu mitcarraatiin iddattoo qorannichaa taasifachuun kan filameedha. Dhimmoota qabatamaan hawaasa Oromoo keessatti mul'atan darbaniis asoosamoota kanneen keessatti barreessitootni asoosamoota kanaa mul'isan keessatti irra caalmaan kan argaman addaan baasuunis akka ta'utti qaacceffamuun dhiyaateera.

Haaluma kanaan, qorataan mala iddattoo mitcarraa keessaa, iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma ba'e. Sababni mala kana filateefis, mala iddatteessuu kaayyeeffataan beekumsa

dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Kanaafuu, qorataan kaayyoowwan isaa kitaabilee asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa! ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu irratti kallattii adda addaan xiinxaluuf mala odeeffannoo funaansa sakatta'a asoosamaa gochuun qorataan qorannoo isaa dhiyeessuun qaaccesse.

### 3.2.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yoo adeemsifamu malaafi meeshaaleen qorannoo sanaaf shoora olaanaa qabaatu. Yaada kanarratti ragaan hayyootaan deeggaramu, Dastaa (2013:83) "Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee geggeeffama. Ragaan bu'uura qorannoo ta'e kun kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala ittiin funaanamu qaba'' jechuun barbaachisummaa meeshaalee funaansa ragaalee lafa kaa'a. Haaluma kanaan odeeffannoon qorannoo kanaa Kitaabilee asoosama Yaadaniifi Arraa Gurbaa! ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluu mata duree jedhan keessatti dhimmoota hawaasaafi hawaasummaa mul'atan funaanuun waan xiinxaleef meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sakatta'a dookmeentii gaggeessuun qoratichi meeshaa funaansa odeeffannoo gargaarame keessaa kitaabilee asoosama Yaadaniifi Arraa Gurbaa jedhan yeroo garaa garaatti gadifageenyaan erga dubbisee ragaalee qorannichaaf gargaaran fudhachuudhaan qorannichaaf qindeeffatee xiinxala isaa adeemsiseera.

## 3.3 Madda Ragaalee Qorannichaa

Ragaan qorannoo kanaa madda ragaa sadarkaa tokkoffaa irratti kan xiyyeeffateedha. Kunis qorataan qorannoo kanaa xiinxala asoosama yaadaniifi Arraa Gurbaa ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin kan jedhu irratti kallattumaan sakatta'a asoosamoota kanneen lamaan irratti waan geggeesseefidha. Dabalataanis, kitaabota adda addaa barreeffamanii jiran dubbisuun akka ragaatti fayyadameera.

## 3.4 Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoon kun xiinxala kitaabilee asoosamaa waan ta'eef, tooftaan funaansa raga qorannichaa kitaabilee eeraman sakatta'uun adeemsifame. Kunis kitaabilee kanneen irra deddeebi'anii dubbisuudhaan odeeffannoo mata duree qorannichaa wajjin deemuu danda'u akka fakkeenyaatti keessaa fudhachuudhaan kan geggeefame dha. Qorannoo kana geggeessuuf ragaaleen funaanaman qabxiilee kaayyoo gooree qorannichaa jalatti

caqafaman irratti fuuleffachuudhaan ija siyaasa Oromootiin asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa xiinxaluun qaaceffamee dhihaateera. Akkaataa kanaanis ragaaleen erga funaanamanii booda garee gareetti qooduun hiikamanii ibsa itti kennuun xiinxalamaniiru. Kana keessattis malli filatamu mala akkamtaadha. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanis xiinxala haala asoosama yaadaniifi Arraa Gurbaa ija wal qabatiinsa siyaasa Oromootiin jedhan irratti xiyyeeffate. Walumaa galatti, ragaaleen funaanaman erga qaacceffamanii booda dhumarratti,cuunfaa, argannoofi yaboon ibsamaniiru.

### 3.5 AdeemsaFunaansa Ragaalee

Kaayyoo hojii qorannoo kana galmaan gahuuf qorataan itti gargaarame odeeffannoo madda ragaa duraa irraa funaanameedha. Adeemsa kana raawwachuuf sakatta'a asoosamoota yaadaniifi Arraa Gurbaa ija walqabatiinsa siyaasa Oromootiin jedhankeessatti mul'atan gadi fageenyaan dubbisuuniifi asoosamoota adda addaa sakatta'uun yaada hayyootaan deeggaruun dhiyaataniiru. Kana malees, qorannoowwan mata duree kana fakkaatuun hojjetamantu xiinxalame.

## BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

### 4.1 Xiinxala Qabiyyeewwan Asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa!

Asoosamootni kun lamaan qoratichaan kan filatamaniif, seenaan asoosamoota lamaan keessatti dhihaate hanga tokko waan wal fakkaataniif, karaa biraa immoo asoosamoota lamaan irratti ija wal qabatinsa siyaasa oromootiin qorannoon waan hin geggeeffamneef. Haaluma kanaan seenaan asoosamoota lamaanii bifa gabaabaa ta'een akka armaan gadiitti dhihaatee jira.

### 4.1.1 S eenaa Asoosama Yaadanii

Asoosamni yaadanii maxxansa jalqabaa yoo ta'u, Fulbaana bara 1998 ALItti maxxanfame. Asoosamni kun haala jiruufi jireenya uummata Oromoo gama bulchiinsaa , siyaasaa, aadaa, duudhaa, seenaa, amantii, dinagdeefi hariiroo hawaasummaa uummata Oromoo bu'uureffachuun kan kalaqameedha.

Gochootni nama fakkiiwwanii godinaalee oromiyaa hunda keessatti kan mul'atu yoo ta'u irra caalaa immoo godinaalee  lixa Oromiyaatti mul'ata. Asoosamni kun akkuma barreeffama ogbarruu biroo ulaagaa asoosamaa guutee kan dhiyaateefi goobaan galeessa “Tokkichaa” jedhamuun kan bakka bu'eedha. Tokkichaan ilma hangafaa, abbaafi haadha isaaf akkuma maqaa isaa tokkicha. Tokkichaan qalbi qabeessa, nama fageessee yaadu, baay'ee dheeraas jedhamuu baatu magaala qaamaan guutuu giddu galeessa namaati. Umuriin isaa toora 23 haa ta'u malee dubbiifi yaadaan bilchaataadha. Hanga naannoofi eenyummaa ofii sadarkaa barsiisuu danda'utti kan barate tokkichaan beekumsii fi sadarkaan barnoota isaa akka naannoo isaatti kan tuffatamu miti. Dhimma mataa isaas ta'e kan lammii isaa nama hubachuu danda'udha. Haalli yeroo naannoo inni keessa jiruu umurii isaa wajjiin waan baay'ee irratti isa hubee jira. Keessumaa ammo haadhoo garaa tokkoo malee dhalachuu isaatiif yeroo baay'ee gadda.

Ijoollummaa isaatti ijoollee ollaafi kan wasiillanii wajjin waan ooluuf haganatti maalummaan obbolaa (haadhoo) itti hindhagahamu ture. Amma garuu guddatee eega of baree, abbaa wajjiin loon dallaatti galchaanii hamma gara qe'eetti deebi'anitti waa'ee jireenya gara fuula duraa oggaa hasawaniifi si'a gorsan itti dhaga'amutti ka'e. Garaan

isaallee waanuma xinnoo irratti isa mooga’a. warri isaas jaallatanii ykn ammo innis fedha isaatiin osoo hin taane uumamaafi kennaa rabbi ta’eeti.

Asiifi achi ilaalee yaadaan yeroo dhiphatu ammoo boo’ichatu isa qaba, ni hudhama. Garuu garaa dhiiraati ciniinnateefi liqimfateeti bira darba. Itti haa dhaga’amu iyyuu malee of irraanfachisuuf yeroo baay’ee hiriyyoottan isaa bira oolu filate. Keesumaa ulfinaa wajjin hedduu wal gaafatu. Walitti adeemuun waan gochuuf yaadan mara waliin mari’atanii malee hinraawwatan. Yaada guddaa ta’e xiqqaas hojiirra oolchuun dura waliin mari’atanii murteessu.

Haa ta’uu malee Tokkichaan ijoollummaadhaa jalqabee, yaadni isaa yaada nama guddaa,yaada jaarsaafi yaada beekaa irraa burqu fakkaata. Yeroo dubbatu hin ariifatu dubbiif hin jarjaru, dubbachuurraa dhageeffachuu filata. kun gorsa abbaan isaa yeroo baay’ee isa gorsu keessaa isa tokko.

Tokkichaa, namootni baay’een warri hinbeekne nigaafatu “mucaan kun kan eenyuutti, waaqni isaa haa guddisu”, jedhu warri beekan ammoo “Ilmi abbaa Tokkichaa kun abbaa qalbiifi yaada qabeessa, afaan isaa keessaa gaafa tokko hamaan ba’ee hin beeku, ija hamaa irraa waaqni isaa hambisu!”, jedhu.

Guyyaan isaa guyyaa gabaa ture. Akka aadaa naannoo sanaatti dubartootnii fi shamarran guyyaa gabaa kana dhugaatii adda addaa karaa irratti godoo farsoo jedhamu ijaaruun dubartootni tokko tokko ittiin bultii isaanii geggeefatu.,shamarran ammo dibataa fi uffataa daara bahuuf hojii kana hojjetu.

Asoosama kana keessatti namfakkii olaanaan Tokkichaa jedhamu, mana dhugaatii keessa taa’aa osoo jiruu, yaada biraa keessa seenee; namoota isa cinaa taa’aniifi kan alaa ol galan quba hin qabu. Daldaaltuun dhugaatii, aaddee Shaashituu namoota alaa seenaniifi kanneen dhugaatii dabalatan yaadaan to’achaa, maammiltoota ishee haasofsiifti. Hojiin ishee daldaala haraqee qofaa miti; sagaagalummaan hundee jireenya isheeti. Qaamni ishee akka nama hawwatuuf uffannaa qaama ishee mul’isuu uffachuun, akkaataa adeemsa ishee miidhagsiti. Aaddee Shaashituufi maamiltootni ishee huursanii haasawu. Tokkichaan amma illee quba hin qabu.

Miiltoon Tokkkichaa ulfinaan yaadaan baduu isaa argee, maal ta'e horii gate moo gurbaan kun jedhee yaade. Sagalee isaa olfuudhuun"Tokkichaa" jedhee waamee nama yaadaan hirriba yaadaa keessa jiru dammaqse.Tokkichaanis bakka jiruu weeraree Ulfinaa jalaa owwaate. Miiltowwan lamaan mammaaksa gara garaatti ergaa dabarfachaa, haasaa wal harkaa fuudhuun haasawuu itti fufan.

Gabaan galatti dhihaatteetti.Tokkichaafi Ulfinaan gara manaatti galuuf qajeelan. Imala isaanii keessatti waa'ee jiruufi jireenyaa haasa'uu waa'ee jiruu gara fuula duraa; gufuuwwan jiruufi jireenya keessattii nama mudatu, waa'ee muuxannoofi mudannoo jireenyaa, ijaarsa bulti keessatti wantoota nama mudatan, rakkoo namoota olla isaanii mudatu qeeqa wal harkaa fuudhu.

Guyyaan isaa guyyaa ayyaana Astroo jedhamee beekamu (A.L.I. Amajjii 21) ture. Sirni ayyaanaa kun kan habashootni amantii isaanii wajjiin fidanii uummata oromoo keessatti dagaagsanidha .Taaboota maaramiituu bobba'a ture. Namootni naannoo sana jiraatan guyyaa sana bakka hedduu walitti qabamanii waldaa (bataskaana) sanatti wal gahu. Qiiddaasee warra lubootaa dhaggeffatu. Jecha isaa garuu waan ijaan gaafas argan, halluu huccuu adda addaa taabotichatti uffisaniifi tajaajila lubootni gaafas kennaan qofaa dinqisiifaachaa oolanii galu.

Sagantan isaa afaan Amaariffaafi Gi'iiziin wan geggeffamuuf wanti galeefi uummtni kadhaa waaqaa irratti qooda fudhatan hin jiru.Yeroo lubni gadi jedhaa! Jdhu, gadi jedhu, jilbeeffadhaa jennaan jilbeefachuu, ol jedhaa jennaan ol jechuu jarsaafi ijoollee, dhiiraafi dubartiin osoo hin hafin masqalii itti qabanii dhungachiisu. Masqaliin luboota harka hin jiru yoo ta'e, harka lubootaa dhungata oolanii galuudha. Btaskaana duuba kan jiran shamarraniifi dargaggessi, dhimmicha quba hin qban, sirba isaanii hunkuteesu. Goota lubbuun jiruufi hin jirre faarsu, lammiifi Taabota naannoo isaaniitti argamu faarsu. Sirbaa aadaa naannoo isaanis ni sirbu.

Dubartootnis kutaa kutaadhaan yeroo bahaniifi yeroo galan sirbaa deemu. Bakki cuuphaa (guyyan ayyaana astiroo) kun dargaggoonniifi shamarran akka wal baraniif karaa saaqa. Tokkichaafi yaadaniinis carraa kanaan ijji isaanii wal irra bu'uu danda'eera.

Tokkichaan yeroo inni kunkumme sirbu ijji yaadanii tasa irra bu'e. Yaadaniin waan guyyaa kana argiteefi itti dhaga'ame, sirboota haaraa guyyaa Sana dhageesse irra deebi'uun hiriyaa (sakumee) isheetti himti. Akka aadaa naannoo sanaatti shammarran hiriyaa garaa ofii kan icciitii itti himatan maqaa hin waaman "sakum" ykn "sakumee" jedhu.

Yaadaninis saakumee isheetti yeroo qoraan dhaqan wa'ee Tokkicha itti kaafte. Saakumeen (hiriyaan) yaadaniis yaada  harka fashaleessuuf sababoota garaa garaa keesseetti. Sababootni isheen keesse warri ijoon obboleessi yadanii yoo dhagahe akka miidhaa irraan gaahuufi warris yoo dhagahan akka mana gadi hin baasnedha.

Yaadaniinis yoo kana dhageessu akka dallanuu taatee, waan tokko hiriyaa ishe kanaan mari'achuun faayidaa akka hinqabne bifa komiin itti himatte. Hiriyaan Yaadaniis dallansuu ishee kanatti gaabbuun bira naadarbi jechuun morma isheetti maramtee dhungatte.

Hiriyaan yaadanii dallansuu hiriyaa ishee qabbaneessuuf male mormii cimaan tokko sammuu ishee keessa jira. "Bifa namaa dhiqanii dhuguuyi?, Sakum Eenyummaa isaa hinbeektu, maqaa isaa hinbeektu, sanyii isaa hinbeektu," jechuun walduraa duubaan yaada tarreesiti.

Egaa akkasumatti lafaa kaatee isaaf gaggabe jettaa?; Kana lammata natti hinkaasin haadha koo, kana biraan ammoo gurbaa warri isaanii "Faaqii"dha, warra gogaa duugu yaa waaqa koo "jette yaadanii garaa kutuuf jettee. Dallaansuun Yaadanii garuu kan irraa galu dhiifnaan caalaattuu niboba'e. Hiriyaan ishee kan yeroo kaan akka lubbuu ofiitti jaallattu kan biraa fakkaattee itti mul'atte. "Beekuma moo wallaalummaatu akkana ishee dubachiisa" kan jettu fakkaatti.

"Saakum! baay'een sitti gadda garuu. .Eenyummaa isaa hinbeektuu jettee? Jettee, Yaadanii qamni ishe suuka'e fuulli guraacha'e. Aarii irraan kan ka'e jecha quubsaa waan dhabde fakkaatti. Irra deebitee dinqisiifattee enyummaan isaa Oromoo dhakaa! Oromummaa isaa hin beektuu! Hin dogoggoriin saakum. Faaqii ta'uun namummaafi ogummaa isaa mul'isa malee nama keessaa gadi aantummaa isaa miti. Hojjetee, dafqee xuruurfatee kan buluudha. Yaadni kee naaf gala. Yaada warra kee qabattee kaate. Isaanis

wallaalummaa irraa kan ka'e jecha warra burjaajessitoota ollaa keessanii sana qabataniiti. Kan siif galuu qabu Saakum,walqoqqooddiin akkasii namoota keenya abbootiifi haadholii keenya warra duraanii keessa akka inni itti seeneefi sammuu isaanii akka inni itti jijjiire baruu qabda. Isaan ergaa isaaniifi dirqama isaanii dabarfatanii jiru. Nuti garuu kana hin beeknu. ofwallaallee, walis wallaalleerra.

Hangafni Yaadanii, Olaanaan barnoota sadarkaa olaanaa waan baratuuf yeroo manni barumsaa cufamu hiriyoottan isaa wajjiin yeroo inni taa'ee haasa'u Yaadaniin yeroo baay'ee nidhaggeffatti turte. Yeroo walargan hund dubbiin isaanii addaan hincitu ture. Kanarraa kan ka'eedha isheenis gurra buuftee dhaggeeffachuu kan jalqabde. Hubannoo sabummaafi eenyummaa ishees kan beekaa dhiifte kanuma irratti.

Yaadaniin barumsa hanga kutaa kudha-tokkootti baratteetti. Barnoota ishee kan addaan kuttes dur-obboleessa ishee wajjin ganama baatee galgala waan galtuuf waan sodaattu tokko illee hinqabdu turte.Amma garuu eega obbolessi ishee kutaa kudha-lama fixee yuunvarsiitiitti biraa darbee, kana irratti garaan ishee citeefi warri ishees "baratan malee buddeenni hinjiruu?", jedhanii barnoota ishee irraa dhaabaniif galgala gaaf tokkoo utuu isheen mana barnootaatii hiriyoottan ishee kaawwan waliin galtuu butuuf ka'an. Ergasii rifattee qe'eetti deebite. Warri ishees nidhowwan. Barnoota irraas erga addaan cittee waggaan sadan tokko lakkaa'amee jira. Yeroo kan hiriyoottan ishee biraa barnoota dhiistee manatti deebi'uutu ishee aarsa ture. Ammaa garuu waan biraa… jaalala ijaa; osoo hin arginiifi bira hin gahin halaalumatti dhiphachuufi dararamu.

Miira isheen hinbeeknetu qaama ishee walitti suukanneessa. Darbee darbee "maalan ta'ee?", ofiin jetti isheedhumtuu garaa isheetti. Osoo isheen yeroo daqiiqaa tokkoofi lama hinguutne keessatti kana hundaa yaaduutti hiriyaan ishee yaada kana keessaa dammaqsite. Yeroo taa'an yeroo deeman, yeroo hojjetanis taanaan yaadni daangaafi ittisaa hinqabu. Dubbiin garaa ishii lixnaan yaadaniin seenaa jireenya ishee isuma gabaabaa kana duubatti deebitee akka yaadattu kan ishee godhe.

Yaadaniifi saakumeen ishee yeroo qoraan cabsuuf bosona cooree gamaatti seenan waa'een Tokkichaa garaa ishee keessa waan jiruuf abjuu argite tokko hiriyaa isheetti himuuf murteessite.

Eeguma bosonatti seenanii booda “Qoosanillee qoosaa dhaa; mee waa sitti himuu saakum”, jetteen. “kan kee dubbiin yaa’ee hin dhumuu malinni ammo?”, Jetteen hiriyaan ishee. saakumis “Innillee waan biraayyuu miti” jechuun abjuu argitees tokko lamaan itti himte. Hiriyan ishees abjuu hikuun akka Tokkichaa waliin bultii ijaaruuf milkiin tole itti himte. Bultii isaanii keessatti yoomiyyuu akka addaan hin bane cimsitee itti himte.

Birraan barii’ufi keelloon darbee darbee daraareera. Inni kaan hudhaadhaan jira siddisni bakkee bareeche urgaan foolii isaa nyaata osoo hin nyaatin nama quufsa .Urgaan abaaboo, shittoo uumamaa, meeqatu kan hawwa. Inni uummamni jalqaba miidhe biyyi ykn lafti urgaa uumamaa kana dhiisii aabaaboo kana ijaan osoo hin argin darbu meeqatu jira. Yeroon isaa kan dardarrii fi shamarran wal filatan, jaalala waliif qaban ifatti baasanii walii dhugoomsanidha. Haasawanii hin quufani, kan ijoollummaa,sammuu biliisa ta’een dhiibbaa tokko malee fedhii isaanii yeroo itti walii ibsanidha.

Haatiifi abbaanis kanuma keessa waan darbaniif, naamusa isaanii akka eeggataniif gorsuu irraa kan hafe mormii hin qaban.Tapha dargaggootaa kana keessatti dargaggootni kun daandii seera aadaa isaanii keessaa osoo hin ba’in. kabajni ykn ulfinni isaan warra ofii ,angafootaa fi maangudootaaf qaban akka egamettidha. Ayyaanni gubaa masqalaa gahuuf kan hafe turban lama hin caalu. Durbiifi dargaggootni sirba jala bultii dhaabbatanii sirbuun kan barameedha. Jaalalli Tokkichaafi Yaadanii yeroo kanatti isa yeroo kamiiyyuu caalaatti hunde qabeessa ta’aa deemeera.

Tokkichaas ta’e yaadaniin, akkaataa itti wal baraniifi jaalalli isaanii sadarkaa amma jiru kana akkaataa itti qaqqabe ifatti wanti beekan hin jiru. Ayyaanota waggaa bekamoo irratti wal arguun jaalala isaanii caalaatti jabeesse. Guyyaan isaa ayyaana waggaa beekamaa keessaa tokko ture. Yaadaniin dibaaba magaariisa of keessaa qabu; diimaa kan ta’e aduudhaaf banatte, fuula isheetti gadi butattee hiriyoota ishee wajjiin naanna’anii dhaababachuudhaan wedduu durba weddisu.

Yaadanii ifti aduu dibaaba ishiin qabattu keessa seenuudhaan bareedinaa irratti bareedina, miidhagina irratti miidhagina dabaluudhaan isa yeroo kami caalaatti bifa kenneefii jira. Sana argeeti egaa Tokkichaan akka tasaa ta’ee ijji isaa irra bu’e irraa buqqa’uu kan dide. Utuu inni ishee ilaaluutii; isheenis akkasuma ijji ishee Tokkichaa irra kan bu’e kana

booda libsuu ijaatiin lachuu hatanii osoo wal ilaalanii, salfiidhaan lafa utuma ilaalanii guyyaan gafasii kan darbe. Yaadaniin hiriyoota ishee wajjiin haa dhaabattu malee, yaadni ishee lafa dhaabbii sirba dargaggootaa jira ture. Cinaa isheetii shamarran ho'isanii sirbu.

Goota lubbuun jiruufi kan hin jirre faarfatu; jechii fi sirbi shammarran kanaa Tokkichaafi hiriyoota isaa garaa raase. Kan isaan hin yaadin garaa kaase, dhiirumma isaanii onnee keesaa sochoose. Sagaleen yaadanii akka ululle tike loonii, akka kiiloolee galgalaa, gurra isaa keessaa muuziqaaa meeshaa baraa itti ta'e,  kan bareedina ishee qofaa miti. Bifa ishee moo sagalee ishee yaadaniin muda tokko malee kan dhalatte ebbifamtuu intlaa ta'uun ishee ammo isa yeroo kamiiyyuu caalaatti Tokkichaatti mul'ataa dhufe. Abaaboo masqalaa fakkaatee itti mul'ate bareedina irratti baareedina, sagalee irratti sagalee 'Yaadanii' miti, 'Hawwnii', jedhanii maaf hin moggafneef warri ishee kan jedhutu sammuu isaa keessa marmaara ture. Fajajee hafeera. Ija guutuu gaafuma sana waan argeef, akkuma inni ilaaluu alagaanis wan ilaluu itti fakkaatee, suuta ilaala ture. Akka tasaa gatiitti ulfinaatti hirkatee ija dhoksaatiin gamatti utuu ilalaa jiruu, iji ishee wajjin kiphii  walitti bu'an. Lachuu akka na'uu ta'anii lafa ilaalani. Tokkichaan garuu waan irratti bareef, ofiis akka na'uu ta'ee dafqi illee lamaniin gadi irra yaa'e "kottu haabbee ni sirbinaa"  jedhee ulfina wajjiin hiyyookoo warra dhiiraa keessa seenani. Tokkichaan hamma mormi irraa cite bu'uu gahutti, akka dhalladduu bishan keessaa  hurgufamaa ol utaalee sirba gatiittii itti hunkuteesse. Walleen gidduu buutee uleen faccisaa asiifi achi utaalee dhahaaf ture. Warrii naannessa sirbanis harka tokkoon soma dhaabbatanii harka tokkoon ammo gateettii wal qabatanii nannessa jalaa qabu.

Tokkicha onnen bulluqeera; yaada keessa ija tokkoon gara yadanii ilaala. Garuu irra guddaa jecha sirbichaatiin onneen isaa bulluqera. Jarsoliin galuu ka'aniiru. Sirbi durbaas diigmuu jalqabe. Warri dhiira, ijooleedhaa jalqabee hanga jaarsoliitti warri fedhii isaa qaban bakka dha'iii fardaa deemanii tapha dorgommii isaa do'atu. Ijoolleen durbaa bakka tapha fardaa deemanii ilaaluun yeroo baay'ee hin eyyamamuuf. Safuu warra eggatu. Yeroon gara manaatti galu. Tokkichaan gala yaadaniifi hiriyaa ishee eeguun duukaa bu'e. da'oo muka yoo gahu harka fuudhe. karaa miiltoo ishee beellama qabatan. Hamma guyyaa beellamaatti Tokkichaa fi Ulfinaan waa'ee haalaafi mala yaaanii wal harka fuudhuun odeessu. Guyyan beellamaa gaheera. Tokkichaafi ulfinaan dilbata galgala

kennaa uumamaa, bosonaafi wantoota bosona keessa jiran dinqisiifachaa imaala isanii itti fufan. Lachuu uleen isaanii mudhii ishee qabannii dhidhiiba tabbaa fuulura isaanii dhadhaabataafi ilkan isaanii rigaataa, cicirriffataa bakka yaadaniifaan qoraan funaananitti ol qajeelan. Bakka qoraaniitti yaaanii fi hiriyaa ishee arganii sossodaachaa nagaa wal gaafatan. yeroo harka yaadanii qabu, afuura inni duraan hin beeknetu qaama isaa weerare. Afuura jaalalaaf kan tokkummaafi yoomiyyuu jijjiirmuu kan hin daneenye. Kan yaadanii ammo akka caalu, itti hin beekamnef malee yeroo Tokkichaan harka ishee qabu hatte ija lafa jalaan fonqolcha ilaaltee lafa ilaalte. Guyyaa kana wa’ee bultii fi jiruu gara fuula duraa waliin mri’achuu kan jalqaban. Tokkichan kara dhugaa fi jaalala guutuudhaan waan itti dhihaateef,jaalala isheef qabu osoo hin dhoksin ifatti baasee waan garaa isaa waan itti himeef isheenis yeroo gabaabaa kana keessatti jaalalaan sakaalamte. Lachuu halaalatti waan wal hawwaa turaniif garaanis qiinqanii jaalalaatiin u`uramee nyatamee waan dhumeef har’a dubbiin cabsee bakke ba’e jira. Gara fuulduraattis akka kan walii ta’an yaadan walii galanii, garaanis beekkateera.

Tokkichaan irree harka Yaadanii qabee, harka ishee isa mirgaa harka isaa mirgaatiin wajjiin harka bitaatiin walitti qabee, “har’aa egalee kun tokkicha; eenyuyyuu gargar hin baasu,” jdhee Tokkichaan ija ishee keessa ilaalaa ija jabinan kaayyoo isa gara fuulduraa qofaatu sammuu isaa keessa ture. Yeroo inni akkas jedhu; “Kan waaqaa haa caalu”, jette. Yaadaniis akka tasa afaanii ba’ee, saalfiinis hafe. Amrna isaan qoraan isaanii hidhatanii gara qe’eetti galuuf qixaa’aa jiru. Tokkichaafi Ulfinaanis qoraan isaanii baachisanii geggeessan. Tokkichaan gammachuu guyyaa sanaa akka kennaa guddaatti ilaala. Bakka yaadaan marmaaraa turee, abjuun argaa ture dhaqqabuu isaatiif isa yeroo kamiyyuu caalaatti Waaqa isaa galateeffata. Walitti hiiquun walbaruu qofaa osoo hintaane walgamaggamuufis akkam gaariidha halaala taa’uun qilleensa namaa galcha.Hamattuuf qaawwaa uuma. Kun immoo jireenya isa boriitiifis gufuu ta’uu danda’a jedha Tokkichaan. Michummaan Tokkichaafi Yaadanii caalaatti jabaataa deeme. Waan guddaaf walhawwuun isaanii ammo jaalala isaanii daran jabeessaa dhufe.

Warri Tokkichaafaa gaaf tokko mana utuma taa’anii haasa’anii waa’ee ilma isanii kaasanii dubbatu turan. Eeyyen ilma tokkicha qaban fuusifachuu barbaadu. Abbaa qe’ee akka ta’uufi hiddii isaanii akka baay’atuuf tokkummaa keessaa ba’ee dame akka

qabaatuuf. Kanaaf furmaatni isaa fuusisuudha. kun murtii haadhaa isaafi abbaa isaa ture. Garuu enyuun kan jedhu murtiirra hin geenye. Haati isaa garuu sammuu ishee kanaaf hin cinqine, waan ciicaatte qabdi. Abbaanis gama isaatiin eeruu haadha Tokkichaaf kenne. Yaada kana bu'uura godhachuudhaan waan akka gorsaa Tokkichaaf hoo`uu jedhu. Hundumtuu utuu humni jiruu fi qabeenyi jiruu wayya. Waan si gorsinu nu dhaga'i amma as alagaanis nu keessa hin jiru. Nuti hawwiin keenya si fuusifannee, mana kan waaqayyoo eebbise siif dhaabuudha. Abjuun kiyyaan illee waan hedduu argeera. Ayyaantuun ammo ganama dhalata.  kan inni anatti argisiiseef ammo isatu beeka. Waa'ee intala abbaa uummataa Sanaa wanta beektu qabdaa? Jechuun Tokkichaa gaafatan. Gidduutti haati Tokkichaa muchaan maal beekaa mitii, jaarsolii ergaa jedhan.

Akka aadaa Oromoo naannoo sanatti naqata ergaachuun aadaa fuudha fi heerumaa keessaa isa tokkoo fi olaanaadha Kanaafuu naqata warra mana intalaatti ergachuuf yaadaan kan walii galan fakkaatu. Jaarsoliin jedhamaniis namootni shanan filatamanii guyyaan itti mana abbaa uummataa dhaqan beellamame. Dilbata ganama haati uummataa ganamaan ka'anii mana aarfataa jiru. Yaadaniinis bariin kaatee laga buuteetti. Abbaan uummataa garuu ammayyuu hinkaane. Wandaaboo isaa tuulee Siree ciisichaa irra ciqilee isaa dhabbatee Sireedhuma isaaniirra jiru. Jaarsoliin baarii subiin ka'anii qe'ee warra abbaa Uummataa gahaniiru. Jaarsoliinis warra abbaa Uummataan simataniiru. Jaarsoliin akka seera biyyaatti marga jiidhaafi buna duudhaa bullukkoo isaanii jalatti qabataniiru. Jaarsoliin waan dhufaniif akka aadaa fi seera biyyaatti ka'anii dhaabatanii himan. Abbaa fi haatis yaada jaarsolii irratti mormiin xiqqoon jiraatus gara tokkotti dhufaniiru. Haati Uummataa (Aaddee Guddoon) waan quuqaman qabu. Quuqqaan isaanii kuniis waa'ee sanyiiti. Jaarsolii Jaarsummaa dhufaniin sanyii abbaa Tokkichaafaa "osoo beektanii heexoon damma, damma" jedhu. Hagam nu tuffattan jechuun dheekkaman. Jaarsoliin Jaarsummaaf dhufan waa'ee qaccee sanyii qoratanii wal-fuudhuunfi walitti heerumuu amma hiika argatan jechuun dabaree dabareen haasaa wal-harkaa fuudhan. Oromoon sanyii tokko kan jedhu yaadni amansiisaan karaa Jaarsolii dhihaate.

Yaadni kunis Ogummaa harkaafi beekumsa sammuu qabaachuun kan nama boonsu malee kan nama tuffachiisu miti kan jedhuun walii galtee tookkorra gahan. Walii galteen booda jaarsoliin biqila kennatanii galan. Bultii sagal booda guyyaa biqilli ilaalamuudha.

Jaarsoliin dhufanii, biqilli ukkaakamame tures Jaarsoliif dhihaateera. Biqillis biqileera. Kan hafe seera guutattanii beellama fuudhaafi heerumaa dhaabbachuudha. Guyyaa tokko Yaadaniin adaadaa ishee mana dhugaatii qabdu hojii gargaarti turte. Namni isheen kanaan dura hin beekne bakka sanatti marmaaruu baay'ise. Gara galgalaa hiriyoota isaa dabalatee dhufe. Adaadaan yaadaniis ijoollee abbaa godaansaa faa ta'uu isaanii hubatte. Ijoolleen abbaa Godaansaa dhaadannoo abbaa isaanii qabatanii ka'ani. Abbaan isaanii gaariifi gadhee isaan dalagaanitti ni boona malee itti gaddee hin beeku. Adaadaan Yaadanii waa'ee ijoollee Abbaa Godaansaa osoo hin hafin galgala gaaf tokko itti himte. Yaadaniinis yeroo waa'ee isaanii dhageessuu baay'ee isaan tuffatte. Ijoolleen Abbaa Godaansaa bahaafi gala Yaadanii qorachuu ittuma fufaniiru. Guyyaan kaayyoon isaanii itti raawwatus murtaa'eera. Gama kaaniin Yaadaniin Naqatamtee ciini ishee karaa seera qabuun qophaa'aa jira. Kiyyoon isheen hin beekne Yaadanii irratti aggaamamaa jira. Waa'ee ijoollee Abbaa Godaansa Yaadaniin Tokkichaa bakka qoraanitti gurra buufte. Biqilli mana kaadhimaa lamaanii cabeera. Jala bultiins Sirba aadaa, mana gurbaatii erga jalqabee bubbuleera.

Yaadaniin mi'a manaa bibbitattee qophaa'aa turte. Heerumni ishee torbaanitti yeroo galu durbi ollaa dirqisiisanii sirba jala bultii kan jalqabsisiisan. Sirbi mararoo dhihaateera. Heerumni Kibxata guyyaa Jimaataa gabaa isa dhumaa dhaqxi. Yaadaniin jaartii ollaa tokkoo wajjiin gabaadhaa galti turte. Aadde Sigiggee jedhamti. Michoomni aaddee Sigiggee sinsinniin wal makaadha. Waaree booda sa'aati 5:30 ta'eera. Yeroo gabaa bahuun laga cooreetti gadi bu'an Yaadaniin ija ishee amanuu dadhabde. Miilla fuudhuu dadhabde. Aaddee Sigiggeeniis sesseeqaa Godaansaafaa nagaa gaafatte. Dheessaan maal eeggata jetteen. Yaadaniin wasaasaa qabanii lagarra ol qajeelan. Hamma isaan fagaataniitti homaa hin dubbanne turte.

Erga isaan Sokkanii iyyite. Laftis galgalaa'e. Yaadaniin butamuun ishee dhaga'ame. Abbaa Uummataatti yeroof himuu sodaatan. Jaarsoliin naannooniis Yaadaniin dhabamuu ishee waan beekaniif abdii hin kutatne. Lafti bari'uu gahe. Jaasoliin durbi mana halaagaa bulte maal fayyaddi jechuun warra yaadanii barbaadan garaa kutan. Yeroo gara qe'eetti deebi'an haadha uummataa Sireetti hidhanii horii ooffatanii deeman. Abbaan Uummataa yeroo dhufu haadha uummataa arrabni hidhameera.

#### 4.1.1.1 Xiinxala asoosama Yaadanii gama bulchiinsaatiin

Asoosama akka madda ragaatti filatame kana keessatti. Halli kabaja angafaafi quxusuu waliin jireenya hawaasummaa keessatti akkasumas ka’umsi bulchiinsaa akka armaan gadiitti ibsameera. Mee yaada kanaaf fakkeenya ta’uu kan danda’an barreeffama armaan gadii haa ilaallu.

Aabbee…Tokkichaa miillumayyuu nama jalaa hin fudhattu kaa gurba! akka aadaatiifoo silaa yeroo namni alaa ol senu kan miilla walirra naqattee teessu mitii kaate dhaabatee nama simaatta turte; maal godhu garuu “baratu godhe ija balaqa godhee” jdhu mitii jedheetu, Ulfinaan ol darbee dhiibate dhuma warraa taa’anii dhugaatii dhugan gidduu galee taa’e. Namootni taa’anii dhugaatii dhugan kan achumatti sosocho’uudhaan, garii bakka taa’umsa isaaniitii akka ka’uu ta’uudhaan “nooraa!, Nooraa!, Obbo Ulfinaa Nooraa!”, jdhaniin. Iddoo taa’umsatti xiqqoo sosocho’anii wal jalaa iqanii bakka taa’umsa hiraniif. Innis akka adaa biyyaa, akka aadaa abbaa dugda qabee gadi jechuudhaan, loon kuma horaa! ulfaadhaa! maaloo hin ka’inaa taa’aa kaa! Diinni kessaniifi hinaftuun haa kaatu jedhe walakkeessa taa’umsa gartuun isa affeeran seenee taa’e (Yaadanii, fuula 13).

Yaada armaan olii kanarraa sabni oromoo jiruufi jireenya hawwaasummaa kessatti kabaja hangafaa fi quxisuu, xinnaafi guddaa, walii galatti akkaataa umuriitiin gahee ofii baha. Haalli kun immoo sirna bulchiinsaafi siyaasaa keessatti qooda olaanaa qaba. Kabajni kun maatii fi ollaa (hawaasa naannoo) irraa jalqabuun sadarkaa biyyaatti bahee mul’ata. Dabalataan ka’umsi bulchiinsaafi siyaasa Oromoo ittiin bulmaatni isaa jalaa ol ykn xiqqaa gara guddaa jchuunis maatii irraa gara biyyoolessaatti deema jechuudha.

Yaadaniin gurbaa warra ogeessaa Tokkichaa, jaallattee, akka jaallattee immoo hiriyaa isheetti himuuf yoo yaaltu hiriyaan ishee akkas jetten “Bifa namaa dhiqanii dhuguuyi Saakum. Eeyyummaa isaa hin beektu. Mqaa isaa hin beektu. Sanyii isaas hin beektu. Egaa akkasumatti lafaa kaatee isaaf gaggabe jettaa? Kan biraa ammo gurbaa warri isaanii “Faaaqii”dha warra gogaa duugu. Faaqii jaallatte du’uufii maaloo? Yaa waaqa koo;jette yaadanii garaa kutuuf jettee. Yaaaniin aartee bobaate. Saakumee ishe fonqolcha ilaalte “saakum! Baay’een sitti gadda garuu.Enyummaa isaa hin beektu jettee”yadanii qaamni ihee suuka’e fuulli gurraacha’e Aarii irraa kan ka’e jecha quubsa ta’e kan dhabde

fakkaatti.“Eenyummaa? “Irradebitee dinqisiifatte. Oromoodhakaa Oromummaa isaa hin beektuu:Hin dogoggorin sakum faaqii ta’uun namummaafi ogummaa isa mul’isa malee nama keessaa gadi aantummaa isaa hin argisiisu----”yaanni kee naaf gala. Oduu warri keessan manaa odessan qabatte kaate. Isanis wallaalummaa irraa kan ka’ejecha warra burjaajjessitoota ollaa keessanii sana qabataniiti. Kan siif galuu saakum,wal qoqqooddiin akkasii abbootiifi haadholii Kenya warra duraanii keessa akka inni itti seeneefi sammuu isaanii akk inni itti jijjiire baruu qabda--isaan ergaa isaanii dabarftaafi dirqama itti laatame dabarsa jiru. Nuti garuu kana hin beeknu of wallaalle,walis wallaalleerra. Gaaf tokko jaarsichi ollaa keessanii sun mana Kenya sanga qotisa daboof kadhachuu dhufeetu“Abbaa uummataa qee keetii qonjooda. Sira keellee qoonjooda hintala keellee qoonjoo dalchite. Qee mana warra “Faaqii” sana deemeetani shittaa gurbatii funyaan nama guba sareen isaaniile axirii nama hin galchitu warra faaqii sana nama miti ajooftuudha” jedha (Yaadanii fuula, 34-35).

Yaadni arman olii kun kan nu hubachiisu ilaalchonni tokkummaa Oromoo irratti gufuu ta’an qabata hojiitiin walqoqqooduudha. Haaluma kanaan warra googaa duuguun sanyii (gosa) Faaqii, warra sibiila tumuun sanyii tumtuu ykn warra afaan ho’uu, akkasumas warra kolloo ykn wayyaa dhahuun sanyii shammaanee jechuun walqoqqoodaniiru.

Haa ta’u malee Oromoon sanyiin isaa tokkuma baay’ina uummataa fi bal’ina lafa isaa irraa kan ka’e gosa ykn damee hedduu qabaachuu danda’eera.

Yaada armaan olii kana kan raggaasisu, kitaaba seenaafi sirna Gadaa Oromoo maccaa hanga jalaqaba jaarraa 20ffaatti(2015:13) akka ibsutti, “Oromoon dame saboota kuush keessaa isa bal’aa fi uummata lafa bal’aarra dagaage jiraatudha Haaluma bal’inaafi guddina ummataatiin Oromoon gosoota damee hedduu qaba. Isaanis Maccaafi Tuulama, Siikkoofi Mandoo(Arsii) Gujii, Sabboofi Goona (Boorana), Ittuufi Humbanna, Raayyaafi Azeboodha”, jedha. Yaadni kun kan nu hubachiisu Oromoon dame( gosa ) hedduu qaba malee, qacceen (hunden) isaa tokkichuma ta’uu isati.

Tokkichaan laga coore gahee asii fi achi ilaalee waan tokkotu qaama isaa weerare. Gammachuu “Naasuu… uumama jajuu… kan biraaas…garuu sammuu isaa keessa wanta dedeebi’aa jiru hubachuu hin dandeenye… “Wenniin gogaa isaatiif du’a “kan jedhaniif

waa malee miti edaa. Maal miidhaginni isaa nama qofaa miti edaa bineensi bosonaa illee kennaa rabbiitiif ni du'a. Namni qabenya dafqee argate fi kan uumaan kenneefiif jedhee kan humna qabuun ykn haxummaa kan isa caaluun ni saamama, yoo hammaates ni du'a. akkasuma egaa weennii waa hin dubatnee ,nyaatee nama hin mine, badii nama irratti hin dalagne kennaa uumamaatiif jedhee garmalee lubbuu isaa dhaba.(Yaadanii fuula, 60-61).

Ibsa fakkoommii yaada armaan olii kanaan Oromoofi waa'ee lafa Oromoo irratti waa baay'een rawwateera dubbatameeras. .Akkasuma gochootni suukaneessaan raawwatamaniiru. Akkuma weenniin gogaa isaaf jedhee ajjeeffamu, uummatni Oromoo qabeenya isaa keessaa harka caalu lafa isaaf jecha miidhaafi daraaraan dhufaa darbaan irratti walfuraniiru. Miidhaa kana harkaa baraaramuuf uummatni Oromoo gatii guddaa (lubbuu )isaa kanfaleera.

Mootummaan abbaa irree uummata Oromoo ergaa Dachee isaa irra aanee booda, abbootii taayitaa ergama isaa bahaniif qirceera. Qonaan bultootaa lafarraa ka'an immoo akka isaaniif hojeetan gochuun dabalataan humna isaanii saameera.

Eeyye! Jedhe abbaan Tokkichaa waa'een jireenya mootii har'aa fuulduraa isaa dhaqee dhaabbatnaan… Mootiin har'a jireenya hin qabu…dubbiin dubbii kaasa yaa jaranaa jedhanii haasaa isaanii itti fufan Mootiin argaa mee. Warri soddoolii isaa hooda itti bahan malee intala isaanii itti heerumsiisan miti. Osoo inni intala hin argin gowwomsanii walaattee kan jedhamtu intala Qees Gabiruu hawwaataniif. Intala gaafa argu inni miidhaginumma ishee qofa ilaale itti kufe. Kanaan booda maal gaafattu. Kan isaaf oo'an fakkesanii dubbii sobaatiin guutanii gurba harka keessaa galchatan .Yeroo isaa eeggatee sirni fuudhaa fi heerumaa ni rawwate. Sanaa booda egaa wadaroon sangaa isaanii inni maramee taa'aa turee diriiruutti kan ka'e. Sangootni nu birayyuu jiru. lafti kan abbaan kee siif kenne ammoo hurufa. Kanaafuu rakkoo maaliituu jira jedhanii gowwomsuudhaan calla argamu ammo qixxee hirmanna jechaniin. Oolanii bulanii hojiin qabatanii utuma deddeebi'anii ,mana Mootii biraatti godoo xiqqoo ishee ijaarratan. Biyyaa keessa baranii ,qilleensa isaattis baran. Abbiyyuufi amaatiin yeroo booda haratanii dhuma achi galan. Itti fufuudhaan soddootiin irraa jalaan mana naannoo dhuma mootii fa'itti ijaarratanii galan.(Yaadanii fuulaa 74-75).

Yaadni armaan olii kana irraa akka hubachuun danda'amutti baroota darban karaa gaa'ela uummata Oromoo irratti saamichi lafaa raawwatameera. Shirri kun saamicha lafaa qofaa osoo hin taane eenyummaa Oromoo balleesssuuf ajandaa bocamedha. Haa ta`uu malee haxxummaan bifa kanaan geggeeffamu seenaa addunyaa keessatti milkaa'ee hin argamne.

### 4.1.1.2 Xiinxala asoosama Yaadanii gama Afaaniitiin

Asoosama akka madda ragaatti filatame kana keessatti karaa siyaasaatiin dhiibbaa Afaan Oromoo irra gaheetu fakkeenyota garagaraan xiinxalamee akkaataa armaan gaditti taa'ee jiruun dhiyaateera.

Gaaf tokko jaarsichi olla keessanii sun mana keenya sangaa qotisaa daboof kadhaachuu dhufeetu, "Abbaa uummataa qee keetii qoonjoo da,sira keellee qoonjooda, hintala keellee qoonjoo dhalchite.qee mana warra "Faaqii" sana deemeetani shittaa qurbatii funyaan guba, sareen isaaniilee atirii nama hin galchitu. warra faaqii sana nama miti, ajooftuu dha" jedha(Yaadanii fuulaa, 35)

Barreeffama armaan olii kana keessatti akka hubachuun danda'amutti afaanotni lama wal makuun boora'anii dhihaatanii jiru. Sababa kanaaf jijjiiramni afaan Oromoo irratti mul'ateera jijjiiramni afaan tokko irratti mul'atu bakka lamatti qoodama.Walumaa galatti dhiibbaa sochii hawaasumaa ,siyaasaafi dinagdee uummata tokko keessatti geggeeffamu irraan ni ka'a. Haaluma kanaan jijjiiramni afaan Oromoo mudachaa ture dhugaa kanarraa kan fagaate miti.

Inni barsiisaan ishee mana barnoota jalqabaa keessatti afaan oromootiin kutaa barnootaa fuuldura baatee akka isheen dhaabattuufi itti qaanoftu goosisuu sanatu itti muldhate.As dhiyeenyatti ammo seenaa Impaayerichaa yeroo gaarummaa, jagnummaa, yeroo dhalootaafi hiddaa dhaloota warra mootota darbee qofaa kennamaa tureetu itti mul'ata. Biyyattii keessatti aadaafi amantii tokkicha, seenaa saba sobaniifi hidda qomoo ykn sab-lammii tokkichaatu yeroo baay'ee iddoo fudhatamee barsiifamaa ture. (Yaadanii fuula - 39)

Akkuma yaada armaan olii kanarraa hubatamu biyya keenya (itoopiyaa)keessatti baroota dheeraadhaaf afaan tokkoofi amantaa tokko akkasumas biyyaa tokkoo jedhanii

dhaadhachuun,afaaniifi aadaan saboota biro akka gadi qabamuufi dagatamu ta'aa tureera Hacuuccaan afaaniifi aadaa sabootaa gadi qabamuu irra taree namni afaan Amaaraa malee afaan biroo dubbatu akka yakkaatti ilaalameera. Qabata afaaniitiin garaa garuummaa guddaan karaa qorqalbii,hawaasummaa,karaa dinagdeefi siyaasa keessatti qooddii aangoon walqabatee garaa garummaa guddaan uumameera.

Qabata kanaan cunqursaan sirna gita bittoota Amaaraa kanarraa ka'uun miirri uummata Oromoo akka madaawu,miirri gadi aantummaa akka itti dhaga'amu,afaansaa seenaasaafi faayidaawwan isaatiin ,akkasumas amantaa isaatti akka qaana'uu gumaacha biyyaa kan taasise mara duwwaa gochuun akka ilaalu dhiibbaa yaraadha hin jedhamne gochuun isaanii ifaadha.

Itti dabalees yaada kanarraa kan hubachuu dandeenyu mootummaan habashaa uummata Oromoo bituuf kallattii hundaan qorqalbiifi namooma isaa dadhabsiisuun akka inni of tuffatee isa jalatti bulu yaalii cimaa gochaa tureera.

Gama afaaniitiin, Afaan Oromoo balleessuuf mootummootni abbaa irree dhufaa darbaan shira adda addaa gochaa turaaniiru. Afaan oromoo akka afaan Amaaraa gaditti ilaalamu gochuun mana barumsaa,mana amantaafi mana murtiitti akka hin dubbatamne ta'ee ture.

Ergamni afaan saba tokkoo balleessuuf godhamu miidhaan isaa waan salphaa miti. Sababni isaa afaan wantoota hedduu of keessatti hammata. Afaan waa hunda, kan itti jiraatan, jireenya jiraachuuf ammoo afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati . Afuura baafannaan lubbu qabeeyyii birootiin kan walfakkeessuu yoo ta'u, yaaduun garuu bakka addaatti afaan ittiin yaadaniin hojjechuun ammoo,walitti dhufeenya yaadaa,aadaafi hawaasaa cimsa (Addunyaa 2010:1). Kanaafuu afaan saba tokkoo balleessuu jechuun sabichuma balleessuu jechuudha.

#### 4.1.1.3 Xiinxala asoosama Yaadanii gama dinagdee (qabeenyaatiin)

Jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabeenyi waan murteessaadha. Xiinxala asoosama filatamee kanaa keessattis waa'een qabeenyaa toora siyaasa Oromootiin akka armaan gadiitti dhihaateera.

“Mootiin har’a qe’ee abbaa isaas ta’ee kanuma isaattis abbaa qee’ummaa dhabee jira,Inni, niitiiniifi ijoolleen martinuu garboomanii jiru. (Yaadanii fuula 75)

Yaada armaan olii kana irraa akka hubanutti uummatni Oromoo tooftaa ittiin qabeenya isaa dhabe keessa inni tokko hidhata gaa’elaati. Tooftaalee kanaan uummatni Oromoo hamma eenyummaa isaa dhabutti gaheera.

**4.1.1.4 Xiinxala asoosama Yaadanii gama Amantaatiin**

Guyyaan isaa ayyaana Astiroo jedhamee beekamu, (Amajjii, 21) ture. Sirni ayyaanaa kun kan habashootni amantii isaanii wajjiin fidanii uummata Oromoo keessatti kan dagaagsaniidha. Namootni naannoo sana bakka hedduu walitti qabamanii waldaa (bataskaana) sanatti wal gahu qidaasee warra lubootaa dhaggeeffatu ergaa isaa homaa. Sagantaan isaa afaan Amaariffaa fi Gi’iziin waan geggeeffamuuf uumatni wanti galeefii kadhaa waaqaa irratti qooda fudhatu hin jiru.a keesna(Yaadanii fuula,31)

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachiisu uummata Oromoo irratti amantaan inni hin beekne kaayyoo qaamni biraa bakkaan ga’achuuf jecha kan irratti fe’ame ta’uu isaati.Uummatni oromoo amantii duudhaa abbaa isaa hin taane kana tooftaa garaa garaan fudhate jalqaba sossobbiin akka fudhate barruuleen tokko tokko dhugaa bahu.

**4.1.1.5 Xiinxala asoosama Yaadanii gama fakkoommii (mallaattummaatiin)**

Fakkoommiin firiiwwan afoolaa keessaa isa tokko ta’ee waan lubbuu qabu ykn hin qabne namoota adduunyaa kanarraa jiraataniif bakka bu’insa fudhatanii dhihaatu.Uummatni Oromoo baroota darban, bara roorroofi cunqursaan itti hammaateetti firii afoolaa kanatti fayyadamaa tureera.Siyaasa Oromoo keessatti fakkoommii ykn sadoommiin bakka olaanaa qaba. Asoosama madda ragaa ta’ee filatame kana keesatti fakkoommiin walqabatee siyaasni Oromoo akka armaan gadiitti xiinxalamee fakkeenyota adda addaan deeggaramee dhiyaateera.

Qottoon maal nuu godhe, kan nu ganee qomoo keenya lafa irraa fixaa jiruhoo jallaa muka keenyaati “ jedhee bosonnii akkuma jedhan ta’ee jira dubbiin har’a waa’ee mataa keenyaa murteessuuf dandeettii fi aangoo osoo hin qabaatiin akka nama of ta’ee dhaabateettii olola sobaatiin saba ofii burjaajessuunSammuu isa akkamiitiin osoo yaaduutii? (Yaadanii Fuula. 9)

Yaada armaan olii kana keessatti fakkoommiin dhihaate mukeetiin nama ta'anii dhihaatan. Akkaatuma muka isa jallaa, sammuu nama isa jallaa ykn faayidaa dhuunfaaf jedhee hammeenya saba isaa irratti dalaguun wal-fakkeessee dhiyeesse. Namoonni tokko tokko faayidaa yeroofi ofittummaaf jecha, lammii isaanii dabarsanii kennaa yoo haalli mijateef ammo hamma lubbuu isaa balleessanitti gahu.

Guyyaan isaa Astiroo (A.L.H Amajjii 21) ture. Yaadaniin dibaaba magariisa ofkeessaa qabu, Diimaa kan ta'e aduudhaaf banattee, fuula ishiitti gadi buttee hiriyootni ishii wajjiin naanna'anii dhaabachuun weedduu durbaa weeddisu. (Yadanii Fuula, 49)

Yaada armaan olii kana keessatti fakkoommiin dhihaate, Yaadaniifi halluu dibaaba Yaadaniiti. Haaluma kanaan Yaadaniin Oromiyaatti fakkeeffamti. Dibaaba Yaaadanii keessatti halluu diimaa, kan magariisaof keessaa qabu ammoo alaabaa Oromoofi Oromiyaa isa ganamaati. Oromoonni halluuf hiika garaa garaa kennuun ilaalcha addaafi kabaja qabuuf. Fakeenyaaf Gurraacha yoo ibsan waaqni nama uume gurraacha namaa oljira,dabbasaan mataa namaa gurraacha, mormaa oljira,agartuun ija namaa gurraacha, mormaa oljira, jedha.

Eeyyee biqilli ilaallannaa intalaaf ergame funyaan sagaliin biqilee, guddaa kan nama gammachiisudha (Yaadanii Fuula, 92).

Yaada armaan olii keessatti biqilli ilaallannaaf ergame biqiluu isa argina. Biqilli ergaafi hiikoo gurguddaa qaba. Biqilli biqile jechuun ga'elaaf milkiin tole, gara fuula duraatti sanyiin nama dhaalu argamuu isaa ibsa.Biqilli abdii jjieenyaa, kan jireenya gara fuulduraa harteen baayachuuti. Bqilli waan gaariitti fakkeeffama.Oromoon yoo mammaku `Kan akaa`aniifi kan abaaran hin margu` jedha.Biqilli eebba. Biqilli arrii manguddootti fakkeeffama. Kanaafuu biqilli kaba jamaadha.

Eeyyee Tokkichaan daandii abdii irra hiriyoottan isa wajjiin deema jira. Akka Yaadaniin fuuldura isaa jirtu waan hubateef deemsa abdii qabuun gugachaa jira. Deemsa...deemsa…deemsa sammuu … deemsa qaamaa … demsa miillaa … deemuu … Oromoonni … gara … Oromiyaatti. Kana Yaadanii garuu isaaf icciitiidha. Haalli jirenya ishe, jireenya icciitii, garuu jireenya. (Yadanii Fuula, 146).

Yaada armaan olii kana keesstti fakkoommiin dhihaate, bifa lamaan ilaalame. Bifti kun kan hawwuu ykn kan abdatuu fi kan hawwamu ykn abdatamu galmi ijoo dubbii as kessatti mul’ata. Haluma kanaan kan hawwamu ykn abdatamu bilisamuufi walabummaa yaadanii, Yaadaniin qabaa diinaa harkaa baatee, nama barbaaddee wajjiin fedhii isheetiin dhiibbaa tokko malee warroomuudha.Tokkichaafi hiriyoottan isaa kan hawwaniifi kaayyoon isaanii, Yaadanii harka diinaatii baasuun anatu sii beekaan diinaa hafee, ofii isheetii, hiree ishee murteeffachuu, aadaafi duudhaan akkasumas safuun iddoo isaatti deebi’uu qabaa jechuun tuma tumanii ka’aniiru.

Fakkoommiin yaadota armaan olii keessatti argaman Yaadaniin haalaan, kennaa uumamaaniifi wantaan dachee Oromiyaa bakka buuti.Tokkichaafihiriyoottan isaa ammo Oromoota Oromiyaaf qabsaa’an bakka bu’u. Haala kana fakkaatuun sirboonni warraqsaa ergaa kana of keessaa qabu.

**4.1.2 Seenaa asoosama Arraa Gurbaa**

Asoosamni Arraa Gurbaa maxxansa jalqabaa yoo ta'u, bara (2018) Adunyaa Barkeessaatiin barreeffamee maxxanfame. Asoosamni kun jiruufi jireenya Uummata Oromoo gama bulchiinsaa, siyaasaa aadaa, amantaa, diinagdeefi hariiroo Uummata Oromoo gidduu jiru bu'uura godhachuun kan kalaqameedha. Kitaabni asoosamaa kun aadaa Oromoofi haala jiruufi jireenya Oromoo irratti xiyyeeffata.Akkuma fuuldure kitaabichaa irratti ibsame, aadaa Oromoo keessatti, nama wal’aansoorra jiru tokko “Arraa Gurbaa!” jechuun jajjabeessu. Haaluma kanaan kitaabni kun dhaloota eenyummaa saba isaa kaabichiisuuf wal’aansoo qabaa jiruun ‘Arraa Gurbaa!’ jedha.

Qooddattoonni kitaabicha keessatti hirmaatan hunduu Afaan Ormoo dubbatu. Moggaasni maqaa qooddattotaa(namfiiwwanii) baa`inaan maqaa Oromootaa yoo ta`u, warri hafan ammo saboota olla Oromiyaati. Eenyummaa,amalaafi haala jireenya isaanii addaan baafachuuf  haala biyya keenyakeessaa faana bu’uun saaxilamu. Hawwiifi ifaajeen namfakkiiwwanii dhugaa hawaasicha keessa jiru ni ibsa.

Qooddattoonni (Namfakkiiwwan) asoosama kanaa keessatti dhihaatan akkuma baay’ina isaanii kaayyoofi hojiin isaaniis baay’eedha. Hojiiwwan karaa namfakkiiwwan kanaa bahanii mul’atan rakkoolee siyaas-dinagdee, Hawaasa-dinadgee, waa’ee eenyummaa,

aadaafi afaanii isaan ijoodha. Qabxiiwwan armaan olii bu’uura godhachuun kitaabni asoosamaa kun madda raga ta’ee, filatameera. Kitaabni asoosamaa kun ulaagaa asoosamaa guutuun guddina ogbarruu Oromoo keessatti gama aadaa, afaanii, caasaa afaanii guddisuufi toora qabsiisuu keessatti gumaacha olaanaa qaba.Namfakkiiwwan garee hawaasaa bakka bu'an Godinaalee Oromiyaa hunda keessatti kan mul'atu yoo ta'u, irra caalaa ammoo, Godinaalee lixa Oromiyaa irratti, akkasumas magaalaa muraasa ni dabalata. Asoosamni kun akkuma barreeffama ogbarruu biroo ulaagaa asoosamaa guutee kan argame yoo ta'u, goobaan galeessa "Jiruu" jedhamuun kan bakka bu'eedha.Kana malees, namfakkiiwwan olaanoon kan akka haadha warraa jiruu(Dhibbisee), ilma jiruu(Abdii), Ijoollee Obbo Boodanaa, Baluuxaa, Faluuxaa, Godaansa, Dhabsuu, Qaruuraa, Haata’uu yoo ta'an, warri gadi aanoon immoo, Aadde Qananii, Dachaasaa, Surraa, Galataa, Obbo Bulaa, Dr, Dabalaa, Inispekter Roobaa, Inskepter Badiluu, Barattuu Yuunivarsiitii kan taate Tsegireedaa, Dr. Shiirkaa, Lataa, Warra Adiyoo, Eebbaa, Lalisee, Toobbataa,Gizaachoo, Jaaroofi Abbaa Jiruu (Obbo Akkettuu) dha.

Qooddattoonni, asoosama kana keessatti argaman akkuma baay'ina isaanii hojiin isaaniis baay'eedha. Qooddattoonni kitaabicha keessatti hirmaatan hunduu afaan oromoo dubbatu. Moggaasni maqaa qooddattootaa (Namfakkiiwwanii) baay'inaan maqaa oromoo yoo ta'u, warri muraasni hafan immoo, maqaa amaaraati.  Eenyummaa, amalaafi haala jireenya qooddattootaa addaan baafachuuf haala biyya Itoophiyaafi Naannoo oromiyaa keessatti ta'aa tureefi jiru faana bu'uun saaxilamu. Hojiiwwan karaa namfakkiiwwan kanaa bahanii mul'atan rakkoolee siyaasdiinagdee, hawaasdiinagdee, waa'ee eenyummaa, aadaafi amantaa, safuu waan ibsu fakkaata. Qabxiiwwan armaan olii kana bu'uura godhachuun asoosamni kun madda ragaa ta'ee fudhatameera.

Seenaa asoosama kanaa caalaatti hubachuuf garee hawaasaa fakkaattonni bakka bu'an irratti hundaa'uun hubatama. Haaluma kanaan, goobaan galeessa asoosamaa kan ta'e Jiruutiin eegala.  Jiruun barruu harka isaa hordaafi gasoon leelesse gogaan irraa solloqe sukkuumaa " haaduun muranuu hin dhiigu, qarabaan soofanuu hin bahu," jedha. Abbuudduu isaa lamaaniin barruu harka isaa bitaafi mirga dabareen sukkuuma. "Gamaja'uufi tatarsa'uun sitti xinnaata, akkuma ijji boqqolloo yoo qolli isaa tortore malee

hin biqille, biqilee guddatees ija hin godhanne, ija godhachuuf foonkoo waakkachuu hin qabu," jechuunis barruu harka isaarratti murteen inni fudhate sirrii ta'uu mirkaneessa.

Yaadoleen garagaraa ergaan takkaa gara sammuu jirutti gugatan. si'a tokko wayita dubbisuuf harka namatti hiixatu, saalfii isa quunnamutu sammuu isaatti dhufa. Si'a biraa immoo, qotee erga sangoota hiikee booda, gasoo baalloo mukaattii fudhatee, gufuu buqqisuuf lafa muka jalatti utuu hin qotamin hafe gofocuutudabaree sammuu isaa keessa buufata. "Anamoo ijoollee Obbo Boodanaatu dogoggoree?" jechuun Jiruun irra deebi'ee ofgaafata. Deebiis ofiif laachuu yaala. Yaanni jiruu lameenuu akka himataafi himatamaa mana murtii keessa gamaagamana dhaabatanii yoo walitti falman, Jiruun gidduu isaanii taa'ee abbaa seeraa garuu seera muruuf kan ga'umsa hinqabne ta'a. Lameenuu isa amansiisuuf yaalu. Yaanni isaa inni tokko gola ijoollee obbo Boodanaatiin diduun ga'aan jireenya isaanii lakkoofsisa. Yaanni isaa inni biraan immoo goluma isaa keessa naannessuun ga'aa jireenya isaa dhiphisee hanga qa'aa lilmoo bal'isee ammoo hanga garaa waaqaa taasisuunis daawwachiisa. "Jiruufi jireenya maatii ofiif dadhabuun, dugda cituun, bifaas dhumuun hanqina miti," jechuun seexaan isaa, inni durii kan abbaa isaa, isa gargaaruuf xiiqeffata. Cinaa isaa dhaabatee, harka isaa qabee, fuulduratti aggaamsisa.

Jiruun magaala gabaabaa qoleen isaa hamma jirmaa ga'uudha. Furdinni qaama isaa gara qomaatti guuramee ayyaana leencaa itti haguugee jira. Sana biratti ammoo hirree isaa shantammi hin dachaasu. Furdinarraa kan ka'e yeroo harka nama fuudhu barruun harka isaallee hin dacha'u. Sarbaan isaa mooyyee boqqolloon itti tumamu fakkaatu sunis yeroo deemu lafa sochoosa. Yeroo dargaggummaa isaa shamarran ija isaa keessa ilaaluu sodaatu. Garuu, osoo isa hin argin oolanii hin bulan. Isatti heerumuu mitii, osoo inni guyyuma tokko haasofsiisee waan gammachuu isaa alala guuran fakkaatu. Akka carraa ta'ee garuu jara keessaa kan isa argate Dhibbiseedha. Dhibbiseefi jiruun erga walargatanii akka qadaadaafi qabee walsimatu.

Dhibbiseefi jiruun hanga kutaa kudha lamaatti waliin baratan. Barumsa isaaniittis ciccimoo turan. Hata'u malee qormaata biyyoolessaa fudhatanii qabxiin dhufuufii dide. Kana booda qe'ee warraatti deebi'uun maatii isaanii hojii gargaaruu jalqaban. Jiruun battaluma kufuu isaa bareen qe'ee abbaa isaatti deebi'uun hojii qonnaa irratti bobba'e. Abbaa isaa wajjin hojjechuun midhaan dhiibanii galchan. loonis bitanii mooraa guutan.

Hanga abbaan isaa bakka dhugaa dhaqutti, walumaan qotanii walumaan itti fayyadaman. Erga abbaan isaa boqotees, cimeetuma hojii qonnaa itti fufe Jiruun.

Jiruun sooressa xiixaadha. Gombisaan midhaanii balbala isaa dura tarraa'ee jira. Kan midhaan gosa adda addaa, kan qamadii, kan xaafii, kaan ammoo garbuutu guutee jira. Mooraan loon isaa farda gulufsiisaa. Ganna gaanna baay'ina looniirraan kan ka'e, moorichi dafee waan dhoqqaa'uuf, guyyaa lamalamaan jijjiirama. Jiruu qofa osoo hin taane, sanyiin isaayyuu ameessa dhabanii baaduufi areera kajeelanii hin beekan- inuma elemfatu. Qotiyyoo dhabanii araddaan isaanii hagabuu hin oole; hinuma camadatu.

Ganna karaan qe'ee jiruutti geessu dhoqqaa'aadha. Kotteen looniifi faanni namaa karicharra deemuu balfa. Bitaafi mirgaan karaa mana isaatti geessu irra galabii gosa garagaraatu boqqolloo tokkoon isaa mataa lama sadii baatutti maratee hanga asandaabootti olba'ee mul'ata. Ameeyyiin akkuma karri jalaa fuudhameen gadooddaan waatii obsa dhowwee dhoqqee jilbaan dhahaa gara mana isaatti fiigu. Namnis, ameessis bordoddee jilbaan ga'anii laaqaa qe'ee jiruu seenanii ba'u. Yeroo seenanii ba'anis dhaqaa babattee isa tarkaanfii namaatiin safaramee karicharra kaa'ame mucucaatanii kufu.

Haati warraa Jiruu, Dhibbiseen kan elmitee kan dhiiftu, kan raaftee kan dhimbiibdu wal'aalti. Jiruun akkuma ameeyyii moonaadhaa baasee fideen funyoo utubaa manaatti maramee taa'uun kaan gaafa gaafa isaaniitti kaa'uun tursa. Gaaf tokkoJiruufi dhibbiseen ameessa tokko tokko jala quphananii osoo aannan mucha keessaa doodessaa jiranii dhabsuun arge. Bakka deemu hundaatti sa'a elmuu Jiruu hiriyoota isaatti himuun itti kofalchiisa. Gariin hiriyoota isaa, "yeroo inni dhiira ta'ee ameessa jala gugguufu, ga'een niitii isaa maali? ishiimoo isatu fuudhee?" jechuun Jiruutti quba tokko, ofittimmoo quba sadii qabu. Isatti quba qabuu malee kan isaanitti quba qabu quba hin qaban. gariin isaanii ammoo, "dubartii qofti akka sa'a elmitu eenyutu seera tumee? akkuma durii yeroo namoonni dubartoota dungoo qabsiifatanii ofii nyaatanii sana, har'as raawwachuu barbaadduu?" jechuun dhiirris ta'ee dubartiin saawwa elmuu akka qaban dubbatu.

Qaruuraafi Dhabsuun uumamaan hojiin dhiiraafi dubartiif qoodamee akka hin jirre beeku. Garuu yaada jiruu fashaleessuu waan barbaadaniif, "dubartii malee dhiirri saawwa elmuu hin qabu " jechuun falmu. Jiruu kan harka isaaniitti galchu yoo ta'e, buddeen

nyaachuu waan dagatan fakkaatu. Keettoo itti erganii waan inni nyaatuufi waan inni hojjetu akkasumas, waan inni dubbatu ta'atu. Karaa inni bahuufi galu hundarratti kiyyoo hidhu, milkaa'ina kiyyoo isaaniitiifis humnaafi qabeenya isaanii hin waakkatan. Kan Jiruutti yaaddoo ta'aa dhufes adamsamuu isaa kanadha. Akka bareefi akka barsiifate sanatti waan faallaa ta'e arguu jalqabe. Akka bareefi akka barsiifatetti buluun waraansa caalaa jiruu dhiigsa. Ofii muratee nyaachuu osoo danda'uu kan ormi isaan muru nyaachuurra beelaan du'uu filata. Safuufi duudhaa abaabilee isaarraa akka waan du'ee awwaala dhabeetti lakkaa'a. Akka abaabileen isaa itti bulaa turan mukaafi baalatu beeka. Sanarraa maquun qilleensa natoo sana faaluu akka ta'etti fudhata. Bara namoonni qabata amantiitiin ayyaana loonii kabajuu dhiisanillee, Jiruun moorsaa ni baasa. Moorsaan ayyaana looniiti. Ayyaanni kun 'kommee' bara haaraafi 'obbee' bara moofaa argisiisuuf ji'a muddee keessa argisiifama. Jiruunis tibba kana eeggatt loon isaatti moorsa.

Dhibbiseefi Jiruun dhuguma bishaan isaanii malkaa irreechaa malkaa itti oromoon waaqa uumaa isaa galateeffatu waan warraabameef, lafa garaa walii ga'u. Ishiin isaaf inni isheef jiraachuun ollaa bitaafi mirgaa inaafsisa. Bishaan haadha warraafi abbaa waarraa malkaa adda addaatii waraabamnaan malee kaanuu walii hin galchu. Kan waaqni uumaan walii galche, dhibbiseefi Jiruun lamaan isaanii tokkummaa fooniifi afuuraa ta'an.

Guyyaa ayyaana moorsaa loonii waaree booda, aduun lafatti dugda gatteetti. Warri kutanii nyaataniifi warri butanii kaatanis bakka jiranii mataa olqabachuun bakka jiranii sosocho'aniiru. Isaan dukkanaaf firaa, ifaaf immoo diinaa hadhaba oolan keessaa ka'an. Ba'uuf sa'atii muraasa qofaatu isaan hafe. Dhibbiseen namoota kadhattee waliin daakuu boqqolloo, gabateen, xuwween, bishaaniifi farsoo immoo okkoteen baachifattee, gara naannoo looniitti qajeelte. Abdiin ammo re'ee harkisee isaan booda deema. Moonaan looniis naannoodhuma mana isaanii waan ta'eef dafanii achi ga'an. Moonicha keessatti kaan suunsuma dhaabuu, kaan immoo abidda qabsiisuu eegalan. Marqaa marquu, buna qaluufi loon gara moonaa haaraa kan bara haraaraatti deemsisuun ergaan takkaa ta'e.

Qilleensi naannichaas mar'annaa saawwaa, qirixxee raadaafi kookkisa kormaa urgaa dhangaatiin walsimsiisee ayyaana loonii simate. Ameessi, waatiin, kormiifi raadni mar'ataa walkeessa lo'u. Jiboonni raadarratti walmormu. seexaa dhiiraa sangaanis raada kajeela. Moonicha keessatti loon afaan namaa, namnis afaan loonii haas'u. Guyyichaaf

namni loon, loonis nama ta'a. Marqaan, buna qalaafi dhibaayyuun hunduu qophaa'aniiru. Ayyaanni looniis dhiiga dhuguuf ariifateera. Jiruun re'ee gorra'e. Ija namaatu hin argu malee warri dhiiga dhugan kumaafi kitila ta'anii irratti walga'an. Jiruunis jara saamee dhiiga re'ee sanaa fuudhee loonitti facaase. "dhiigni keessan hin bu'in!' jechuun eebbise.Gogaa re'ee tatarsaasee kaan garaatti, kaanimmoo mormatti hidhuun loonitti mallattoo godhe. warra mallatticha ofirraa qaban ergamaan dukkana hin danda'u amantii jedhutu jira. Goomataan Jiruu inni guddaa haadhoodhumasaa kan waliin garaa tokko keessaa ba'aniidha. Jiruu, Haata'uufi dachaasaanobbolaadha. Jiruun quxusuudha dachaasaan ammoo eegoo jiruuti. Ijoolleen kun garaa haadha tokkoo keessaa haba'an malee amallisaanii garaagara. Garaan haadha oyiruu bullaa'ee qophaa'eedha, sanyii irratti faca'e hunda biqilcha. Isa qoree qabu, isa ijji isaa hadhaa'us ta'e mi'aawu hunda ni biqilcha. Kun hunduu kan adda ta'u garuu erga biqilee guddatee booda. Kan jiruutti gaaffii ta'es sanyii harki abbaa isaa, harki obbo Akkattuu facaase osoo hin taane, kanoyiruun haadha isaa, Oyiruun aaadde qananii biqilcheedha.Obbo akkattuufi aadde qananiin hidhaa hiikkatanii Jiruu eebbisu; hidhaa jabeeffatanii immoo haata'uu abaaru. Jiruutti eebbi, haata'uutti ammoo abaarsi haphee ta'ee itti qabate. Lamaanuu galaa maatiin isaanii galaasaniif sana cabsaa jiru.

Jiruun jireenya haadhaafi abbaa isaa fooyyeessuuf baay'ee dhama'aa ture. Ofii agabuu bulee isaan nyaachisuu, ofii daaree isaanitti uffisuuf carraaqa. Jiruun osoo haatiifi abbaan isaa isa hin waamin owwaateef, osoo isaan isa hin ajajin hojjetaaf akkaataa kanaan haadhaafi abbaatti gumbiifi gombisaa dhaabe Haatiifi abbaan isaa galaa galaa caalu eebba galaasaniif. "Jiruu, beeloftee waan nyaattu hin dhabin, dheebottee waan dhugdu, daartees waan uffattu hin dhabin!; hojjedhuu ija isaa nyaadhu!;" jedhanii eebbisan.

Obbo akkattuun abbaan warraa ishii,erga boqotee, Aadde qananii oyiruun ishee duuduu eegale. Gaaf tokko aadde Qananiin Jiruu, dachaasaafi haata'uu ofitti waamtee, "Ijoollee koo, osoo isin jirtani tuufoofi keelloon boroofi balbala goree narra geeraraa? Isin anaaf waa shan: miillakoo isa sadaffaa, isa qajeelchee naaf ejjetu, gurra koo isa sadaffaa isa addaan baasee naaf dhag'u, ija koo isa sadaffaa isa qulqulleessee naaf argu, harkakoo isa sadaffaa isa kan naaf hidhee naaf jabeessu, kan hiixatee naaf qabu, arraba koo isa lammaffaa isa dhandhama gaariifi yaraa addaan naaf baasu kan naaf qotu, kan naaf

qochisiisukan namoota naaf gurmeessus isinuma warra gadameessa koo keessaa baataniidha" jetteen. Sadan isaaniiyyuu walsaamanii, "tole, tole, tole! siif jirra harmee!" jedhaniin. "Garuu" jedhe Haata'uun. Hundi isaaniiyyuu gara isaa ilaalan, "Guyyuma tokkoon hojjennee akka siif xumurrutti ollaas daboo kadhachuun gaariidha' namoonni beekumsaanis ta'e humnaan baay'ee na caalan jiru,. Kophaa keenya qoxannee, kophaa keenya bocannee eessa geenya? kana biraan oyiruun kee bal'aadha. gartokkoo issaa osoo isaaniin geessees, sii qotanii qotachuu danda'u," jechuun deggersaaf gara jiruu ilaale.Yaanni isaa waan itti hin tolleef callise jiruun.

Guyyaan haadha isaanii waadaa galan geenyaan Jiruufi Dachaasaan waanjoo baadhatanii sangoota oofanii oyiruu haadha isaaniitti bahuun camadatan. Garuu, tuufoofi keelloon danqaa waan itti ta'aniif qotuu hin dandeenye. Ammaa amma karaa ilaalu. Haata'uun kan ciraatti ramadae dhufaa hin jiru. Hunduu dabaree dabareen dhiiraafi dubartiin haata'uu waamuu eegalan. Sagaleen isaaniifi Haata'uu waldhabe. Gidduutti haati warraa jiruu, giiftiin guyyaa lubbamaa gajaraa qabattee giraan bahuun salphina isaan oolchite. Dachaasaan takka gajaraa, meeshaa guyyaa xiiqii isa Jiruun hiixachaa jirumil'ata, takka ammoo, Dhibbisee, giiftii salphina isaan oolchite ilaalaa, "Atimoo! Atimoo! waaqayyo kan akka keetii osoo dubartoota muraasaa keessa kaa'eera ta'ee, silaa addunyaan kun guyyaa muddamte jaraan furamti turte. Jiruufi dachaasaan sangoota hiikanii gaaddisa mukaatti haara galfachaa utuu jiranii, ilmi haata'uu, Surraan itti dhufee, " Ashamaa!" jedheen . Isaanis, "hin dadhabinaa!" jedhaniin. Surraanis isaan cinaa gadi taa'e. Jiruun ka'ee dhaabate, "ilaamee" jedheen. Surraanis olka'ee dhaabatee "yee" jedheen. Kan isa maqaadhaaf siif abbaa, nuuf ammoo obboleessaa, erga hirmii isaa tufnee bubbullee jirra.

Haata'uun waan ormi itti himu 'Haata'u' jechuu malee, maaliif akka ta'u hin gaafatu. Nyaatallee yoo ta'e,dhiisee gara dhabsuun itti isa geessu deema. Waan dubbatus, waan raawwatus, of harkaa hin qabu, waan dhabsuurraa dhaga'e osoo itti hin dabalin, osoo irraa hin hir'isin, akkuma jirutti dabarsa. Surraan obsumaan gorsa jiru dhaggeeffate. Kan isa yaaddesse mana Obbo Dhabsuutii hojjechuufi yeroo ijoolleen obbo dhabsuu baratan inni ammoo looniifi bushaayee tiksuu isaati.

Obbo Boodanaan haadha warraa lama qaba. Lamaan isaaniirraa dhiira tokko tokko godhate. Kanneen hafan dubartoota. Warra dhiiraa keessaa dhabsuun hangafa. Dhabsuun

haasaa hin beeku ture. Akka hangafummaa isaattis lafa yaada maatii isaattis hin argamu. Hojiin waan irraa hin tolleef, maatiin isaayyuu abdii irraa hin qaban ture. Garuu arraba dheerata. Hunda dura isatu Baluuxaatti michoomuun firoommii abbaan isaa duraan qabu cimse. Kun ammoo abshaalummaa horachiise. Baluuxaanis akkuma dhabsuu, haasaa hin beeku; Sodaataa garaa fincaaniis ture. Yoo waa 'kosh' jedhu, sagal bir'ata ture. Amma garuu isa dhagaa qaaqsu ta'e. Dubbii qabnaan biraa hin hafu. Waan tokkoof gadoo qabannaan qabaa qeerransaa qaba. Ija jabinnis akka ayyaanaa irra tuufate. Abshaalummaanis yoo ta'e isa qirixiidhaan xaafii uru ta'e. Arraba abshaalummaan qarameqabaachuu isaatu akka baluuxaan warra adiyoo biratti beekamuufi itti michoomu taasise. Michuun isaa warri alaalaa warri keessoofi alaa kun waanuma baluuxaan itti hime amanu. Cimina isaas waa harkaa fuudhuun odeessu. Baluuxaa leellisuun warra adiyoo gurra namoota ollaa dhabsuu seene. Kun ammoo ofitti amanamummaa isaanii qilee keessa buuse, sodaatamuu baluuxaa ammoo tuullaarra baase. Mukniifi baalli Baluuxaa tuullachirrattiol utaalanii uggumuuf. Namoonni isa duuba guungumu. "Gurbaan kaleessa sokoksaa dheessu, har'a gootummaa isaatu lallabama. Isatu safara; isatu mura; isatu baqaqsa; isatu hodhas; beekaan waan hundaan isa ta'e," jedhu.Baluuxaan arraba isaa malee yaadni isaa hin mul'atu. Yeroo namni waa'ee isaafi fira isaa akkasumas, waa'ee siyaasaa dubbatu, kokkolfaa nama harkaa guura. Yoo eeboon waraantellee hin aaru. Booda garuu odeeffannoo argaterratti hojjeta. Kanumaan kiyyoo ati ittiin qabamtu siif qopheessa. Hanga kiyyichi si qabutti si jalaa kufuun diinummaa isaa hanga ati dagattutti sihooksa. Haala kanaan lubbuu namoota hedduu galaafate. Gariin ammoo mana hidhaatti akka tortoran taasise. namoonni ollaa isaas, "Afaaniin kolfaa gariin kiyyoo hidha," jedhuun.

Haata'uun midhaan nyaataanuu of hindanda'u. Ofdadhabuun isaas nama hin raaju. Yeroo hundaa araddaa isaa osoo hin taane kan dhabsuu waan faaluuf. Kun ammoo maatiisaa jireenya gadadoo jiraachise. Gaaftokko garuu daboo kadhatee qochisiifachuu barbaade. Guyyaa isaas dhaabatee daboo qonnaa kadhate. namootuma ilaaleeti malee rakkoon maatii isaa itti dhaga'amee hin fakkaatu. Dhabsuunis daboo kadhachuu isaa dhaga'ee baay'ee aare. Baluuxaanis mari'atee. Akka carraatti itti fayyadamuun bu'aa tokko irraa argachuu akka danda'anirratti waliigaluun callisan. Jiruun qonnaa obboleessa isaa miti kan ormaayyuu namoota dura itti baheef. Itti baanaanis humna isaa hin qusatu. Daboo

inni keessa hin jirre akka inni caamoo hin qabne ollaatu dhugaa bahaaf. Haata'uun hunda booda araddaa isaa keessatti argamuun sangoota camadate. Jiruun amala obboleessa isaa beeka. daboo nama biraas yoo ta'e, Haat'uun guyyaafatee dhaqa. qabata har'a inni guyyaafateef yoo dhaga'an namoonni 'magan' jedhan. Haati warraa Haata'uu ganamaan kaatee ciree qopheessiteef. Farsoo daboorraa hullee tokko buuftee harka keessa keesse. Innis ariitiin dhudha'ee waanjoo fudhatee gara qonnaatti qajeele. Dhabsuun karaatti itti dhufuun buna dhugdu malee jedhee karaatti itti guyyaase. Osoo buna dhuganii haasaa itti baay'ise. Yaanni dhabsuun dhiheessuuf miira isaa hadoochuun kaayyoo isaa hirraanfachiise. "Amma dhuguma osoo obboloonni kee warri jal'oonni sun jiranii namni naaf qota jettee yaaddaa? Yoo qotanis midhaan daawullaa meeqa siif galchu? Hamma isaan siif galchan dachaa lama anuu siif kennuun maatii kee quubsuu nandanda'a," jedheen Dhabsuun. Haata'uun nandeema hin jedhu; dhabsuun deemi hin jedhu; gidduutti erga yeroon sokkee bakka daboo ga'e. Dhabsuun Haata'uu boodaan bakka daboo dhaqe. Namatu dhaqaaf malee inni daboo namaa hin dhaqu. Dhimma uummataarra waan ooluuf nammuu hin komatu. Daboo haata'uu kan dhaqeefis kaayyoofi. waa'ee Haata'uurratti mariin akka itti fufu barbaade. Namoonni yaada isaatiin akka burjujjaa'an barbaade. Daboon sangoota dhaabanii farsoo dhugaa wacuu jalqaban. sababni waca isaanii kuni ammoo garee lamaan hiikaa booda haa mari'annufi hasumaan sangoonni haadhaabattu marii itti fufna. yaada jedhuudha. Haata'uun yaada dhabsuu deggeruun mariin akka itti fufu taasise. Haata'uun kan yeroo obboloonni isaa jiruufi Dachaasaan dubbatan afaan hin saaqqanne Dhabsuun dubbii eegallaan galateeffachuun harkaa fuudhee "Akkuma Jaal dhabsuun jedhe, ani waan hedduun yaada. meeshhaa itti nyaatamu fiduufan guyyaafadhe, maaliif natti murteessitu? jedhee haasaa itti fufe.

Osoo daboon tokko lama jechuun haasaa walitti deddeebiftuu araddaan jeeqame. Sangoonni gaariin akkuma camadamanitti gara dabootti fiigan. gariin waanjoo baatanii marga irratti lafa dhahan. Gariin immoo achuma dhaabatanii eegeedhaan qarxaasaafi kanniisa ofirraa ittisu. Namoonni farsoo dhugaa buddeena nyaachaa falmiin walmorkaa turanis na'anii kara karaa fiigan. Naasuurraa kan ka'e isa afaaniillee liqimsuu waakkatan. 'nafaaf hoomacha qabatu' akkuma jedhamu uleefi qaccee butachuun sangoota dura dhaabachuu carraaqan. Carraaqqiin sangoota obsa fixatan dura dhaabachuu garuuhin milkoofne. Miidhama guddaatu namaafi qabeenyarra ga'e. Dhabsuufaan dubbicha waan

beekaniif kotte nubaasi jedhan. jeequmsa guddaatu uumame. Jeequmsa sa'atii lamaafi walakkaaf taasifame keessatti badiin dhaqqabe oolee bulee walfo'uu jalqabe. Ollaan bitaafi mirgaa to'annaa eegale. Lubbuun wareegameefi dhangaan dhangala'e reef boo'icha argate. Harka lamaaniin mar'ummaan qabachuun miiccamuun, imimmaan dhabamee dhiigni boo'amuun gadadoon gola namoota hedduu seene.

dhabsuun, marii baluuxaa waliin taasiseen badiisa guyyaa daboo uumame sanaaf namoota hedduu qabata taasisuun mana hidhaatti guuran. Kunis isaaniif akka bu'aa bu'aarraa argameeti. Kanneen hidhamanis warruma isaaniin mormaniidha. Qe'ee kanaa boo'icha, qe'ee sanaa wawwaannaatu dhaga'ama. Osoo boo'anii guungumuun, osoo guungumanii boo'uun amala namoota warraaqsichaa hafanii ta'e. Firriifi ormimana aadde Qananii jiran martuu jijim" jedhan. Aaadde Qananiin garuu, harka facaafti; "Isan dhabee argadhen dhabe; argatanii dhabuurra arguu dhabuu wayya," jettee asii-achi deemtee wawwaatti. Obbo Bulaan guyyaa daboo Haata'uu sana qarqara taa'aa ture. Daboon walhubachuu akka dadhabdeefi kun ammoo gara hin taanetti oofaa akka jiru hubate. Kanaaf, lo'ee gara manaatti galuun ofbaasuu filate. Aadde Qananiin nama hundaa oljaallattu namoota keessaa dhabde. Dhibbiseen abbaa warraa qarree isa gudeeda itti saaqqatte dhabde. Abdiin immoo abbaa gaachana ta'uuf dhabe. Jiruu dhabnaan jireenyi hunda isaaniitti fokkisee wawwaatan; walharkaa fuudhanii seenaa dhaaman. Karaa isaaniitu beekkate malee, "Du'eeraa hirmii baafadhaa!" namni jedheen hin turre. Namni asbuutee Jiruu itti himee imimmaan isaanii qoorsuun gara qalbiitti isaan deebisu hin argamne. Laman badeem! du'uufi jiraachuu ilmakoon addaan baafachuu dadhabeem!; Haawwan kaan reeffa dhala isaanii awwaallatanii, Ati hin galtu; ani hin fayyu; jechuun abdii kutatan.

Aadde Qananiin, guyyaa Oyiruun gadameessi ishee inni Haata'uun irratti biqile qotame, urgufattee abaarti. Bara Obbo Boodanaa dallaa eegsifatte, bara inni gemmii isheetti ejjetee marqaa nyaate sookkaati. 'Situ kanaan naga'e' jechuun baricha qunquffatti. Nyaataafi dhugaatiillee waan lagatteef, dhawaata sinboon ishii irraa godaanaa deeme. Dhibbiseen dabaree ishee "Nugusakoon barcuma ulfinaarraa dhabe. Qaamni koo dheebotee siree ulfinaa irratti burqaa bishaan jaalala keessaa waraabbatu dhabe. Anoo ormatti hin baru; maaloo asan jira jedhi jettee wawwaatti. Waa'een sangoota dhumaniifi

namoota achi buuteen isaanii dhabamee buna daboo, daadoofi walgahii irratti mata duree haasaa ta'e. Namoonni kaan qabanni rakkoo uumamee daboo akka ta'e dubbatu. "Akkuma moonaadhaa baasaniin sangoota garaa duwwaa camadanii waanjoo baachisuun marii taa'uun sirrii hin turre. Sangoota hidhanii nyaataafi dhugaatiirratti falmii kaasuun dogoggora," jedhu. Dhibbiseefi Abdiin Jiruu barbaacha boolla sagal lixanii bakka shakkan mara sakatta'an. Jeequmsa guyyaa daboo uumameenis yoo hidhame tarii, jechuun iyyaafattullee faanni abbaa manaa ishee hin argamne. Foolisoonni "ragaa malee maal siigoona," jechuun himata ishee harkatti busheessan. Waraabessi Jiruu nyaate yuusuu dide.

Guyyaa tokko dhibbiseefi Abdiin erga irbaata nyaatanii booda, waa'ee Jiruu kaasanii boo'aa, boo'aa turan. Namni "Dhiisaa!" jedhuun hin turre. Osuma boo'aa jiranii, Dhibbiseen olkaatee, dhaabatte. Abdiin na'ee imimmaan haxaawwachaa ija ishee keessa ilaale. " Har'a waadaa walii galuu qabna," jetteen, "Maalinni harme" jedhe, Abdiin. Du'as ta'e jireenya abbaa kee addaan baafachuuf jabaannee kojjechuu qabna jetteen. Atis yoo cimtee baratte beekumsaafi beektotaa wajjin tokkummaa uumta jechuun waljajjabeessan.

Dhibbiseefi Abdiin qoricha madaa isaanii qoorsu irratti xiyyeeffachuuf waadaa walii galan. Haaluma kanaan Abdiin barumsa isaa itti fufee ganna ganna ammoo haadha isaa hojii gargaara. Abbaan isaa kan galaa baatee isa geeggeessu erga achi buuteen isaa dhabamee akka abbaattis , akka haadhaattis Dhibbiseetu bakka bu'e. akka haadhaatti daaktee galaa qopheessitiif, akka abbaatti baattee galaa ceesiftiif. Abdiin guyyaa tokkoofillee barumsarraa osoo hin hafin qormaata seensaa kan kutaa 12ffaa fudhate. Kutaa gadaanaadhaa kaasee tokkoffaa ba'aa waan tureef akka abdiin Yuunivarsiitii galu shakkiin hin turre. Akkuma tilmaamame ta'ee Abdiin qabxii yuunivarsiitii isa galchu argate. Haati isaa dhibbiseenis ta'e, ilmi ishii abdiin ergaa takkaa gammachuufi yaaddoo simatan. Kan isaan gammachiise dhiphina sana hunda keessa darbuun qabxii fiduu Abdiiti. Kan isaan yaaddesse ammoo, akka yeroo sadarkaa 2ffaa torban torbaniin waan hin dandeenyeef, " Dhibbiseefi qe'een sun akkam ta'a" kan jedhu ture.

Oyiruu Jiruun isaaf jecha akka miilla Bakar waaree achi buuteen isaa dhabame reeffi isaallee awwaala dhabes akki godhan ni dhibe. Aadde Qananiin oldeebitee hiriyaa itillee erga taatee bubbultee jirti. Dhibbiseefi abdiin har'arra bor itti fooyya'a jedhanii osoo

eeganii dhukkubni itti laalachaa deeme. Dachaasaanis jiruu barbaacha bakki inni hin ga'in muraasa. Haata'u malee dhamaateen isaa hundi bishaan dhagaatti naqan ta'e. Kunimmoo jireenya isaatiifuu abdii isa kutachiise. "nama dhabame barbaaduurratti mootummaan kan callisee nama ilaalu yoo ta'e, jireenya maaliitu jira?" yaadda'a. Gama biraan dhukkuba haadha isaatu qalbii isa hata. "Haadhoo koo silan dhabe; haadha koo ammoo osoon ilaaluu dhabuu hin qabu," jechuun mana yaalaa geessuu yaade. Dachaasaan Haata'uu bira deemuun waa'ee haadha isaanii mari'achiise. "Osoo nuti jirruu haati keenya dhukkuba kanaan duunann ni boonyamoo ni dhiifnaa?, kan kolfaa akka hin taane, imimmaan taajjabaas akka hin buufne of eeggachuu qabna jedhe.

Yaadni Dachaasaan dhiyeesse, Haata'uu shir, shimbir! hin goone. Takka itti yaadee, "dhukkubni haadha keenyaawoo dha'icha fakkaataa mana yaalaa geessuun maalbaasa jetteeti? Osoo waa beekaa dhaqneefii hin wayyuu? Waabeekaan waan irra marsinu ykn waan itti ullunutti hima ta'a.Kun ammoo baasii geejjibaa kan mana yaalaafi kan mana bultiirraa nu baraara. Kan biraan immoo maallaqa keenyamoo kan isheetiin geessina jedhee gaaffii kaase. Dachaasaan aaruu keessa bahee hidda mataa isaa kaasee haasa'uu jalqabe. Haadha keenya du'arraa oolchuuf yaada nu baasu tokkorratti waliigaluu qabna. "Waabeekaan ati jettu kansaayyuu hin beeku. Fayyuuf hojii warra akkasii abdachuun gowwummaadha. Ogeessa fayyaa kan baqaqsee hodhuun battalaa laatu bira deemuu qabna. Namoonni hedduun waabeekaa abdachuun lubbuu isaanii dhaban. Nutis akka sana ta'uu hin dandeenyuu?" jedhe.

Aadde Qananiin hubamteetti. Dhaamsa isa dhumaa dhaamuufii jalqabe. Ad...adaraa, dha...dhala koo, oyir...oyiruu koo a...ab...abbaan kee...keessan isaaf... jedhee lubbuu isaa dhabe. a...akka or...orma hin...hin dhaalchifne" jette hafuura ciccituun. Ammas afuurri ishee utuma ciccituu, Qabanni lubbuun abbaa keessanii darbuu inni bu'uuraa oyiruu isaati. sirraa binna? jedhaniin. Boodanaafi Nagariitu warra Buluuxaatti michoomee, "loon itti hayaafatan fardeen irra haa gulufsiifatan itti gurguri" jedheen. Abbaan keessan garuu, "Waaqni abbaa koo dhaala abbaa koo gurguruu na ha'oolchu. Isaan loon itti yaafachuufi farda irra gulufsiifachuu barbaadan. Ani garuu irra qoteen irratti boceen maatii koo nyaachisa, irraa oomisheen daara isaan baasa. Maqaa gurguri jedhu jedhu natti hin kaasinaa jedhee ofirraa hari'e. yeroo sanaa eegalee baluuxaa, Boodanaafi deggertoonni

isaanii nu adamsuu jalqaban. Abbaa keessan sababa itti barbaadanii mana hidhaa galchuuf kiyyoo isaanii diriirsan. Innis kiyyicha harkaa ba'uu hin dandeenye," jechuun dunuunfatte aaadde Qananiin. Sababa inni hin beekneen abbaa keessan mana hidhaatti darbatan. Achittis waggaa sadiif itti taphatan.Erga mana hidhaatii bahee sodaachaa waan mana hidhaa keessatti ta'u natti hime. "mana hidhaa keessatti gocha dubartii dhiiratu raawwata. achitti dhiirri akka dhiiraatti, akka dubartiittis ni tajaajila. Sun hundi abbaa keessaniif hin hafne. Gaafgaaf garuu osoonni haasa'uu danda'u harkaa ba'a. yeroo waliin ciifnu siree keenya irratti waan achitti ta'e natti himaa ture. Ani asitti abbaa warraa keeti; achittimmoo haadha warraa nama biraati. Namoonni hidhaman marti rakkoo kana osoo hin argin akka hin baane dubbate. Aadde Qananiin itti fufuun, Abbaan keessan waggaa sadii booda, adabbii isaa xumuree mana hidhaatii lakkifame. Anis, "osoo inni hin galin of ajjeesee oyiruu kana diinni dhaaluurra, innumti galee na ajjeesee oyiruu isaa argachuu wayya, jedheen manatti gale. Inni gaafa galu tarkaanfii ani yaade fudhachuu dadhabe. ofis, anas ajjeesuun mo'amuu akka ta'e hubate. kun bu'aa rakkinaa akka ta'es irra vdeddeebi'ee natti himaa ture.

Guyyaa Abdiin mana barumsaa deemu geenyaan Dhibbiseen amma magaalaa beddelleetti geggeessite. Guyyaa geggeessaa isaa sanas imimmaan dhanquu fakkaatu buufte. Abdiinis akkuma konkolaataa keessaa bu'een bitaafi mirgi isaa itti fokkise. Haadha marmarattee qofaa ishee ciiftu, gadi baatee olgaltus ofqofaa argitutu, qalbii isaa hatte. Akkuma Abdiin Finfinnee ga'een, Jaarroofi Lataan buufata konkolaataatti simatan. Abdiin balbala moorichaarraa eegalee dinqisiifachaa bitaafi mirga ilaalaa, gamoo warri dhiiraa keessa jiraatan gahan. Torbee tokko booda Abdiifi jaarroon meeshaa isaanii fudhatanii gara Hispitaala Xiqur Ambassaa deeman. Guyyaa muraasa booda galmaa'anii barumsa isaanii eegalan. Abdiin yeroo gabaabaa keessatti haala Hospitaala Xiqur ambassaa keessatti madaqe. Barattoota waa'ee fayyaa baratan hedduus bare.

Abdiin barnoota isaa kan simisteera tokkoffaa xumuree gara mana maatii isaatti fuula garagalchate. Yeroo fuulli isaa gara manaatti deebi'u ammoo waa'een abbaa isaa qoomniitti isa argatee miirota isaa hunda jeequu eegale. Abdiin halkan guutuu yaada isaatiin wal'aansoo qabaa bule. Garuu barii lafaa jala galuuf murteesse. Waca simbiraa jalas deemuun shaanxaa isaa buufata konkolaataa deeme. Konkolaataa saffisan waan

adeemuuf guyyaa keessa magaalaa Beddellee ga'e. Abdiin magaalaa Beddellee buluu hin barbaanne. Haadha isaa baay'ee waan yaadeef miironni isaa akka inni galu dhiiban. Konkolaataa duubni ishee banaa tokko keessa namoonni jiran shaanxaa baatee dhaabbachuu isaa arganii dhaabaniif. Abdiinis gammachuudhaan shaanxaa isaa irra baafatee gammachuudhaan kore. Abdiin yooman haadha koo bira ga'a jedhee yaaduu malee, konkolaataa akkamii akka kore dhimma isaa hin turre.

Konkolaataan Abdii dugdatti, namoota inni hubatee hin argine lamaafi konkolaachisaa ammoo garaatti baattee bakka 77 jedhamutti maqaa Aanaa Daaboo ahaannaa geesse.Akkuma gara aanichaatti maqaniin konkolaachisaan konkolaataa karaarraa maksee dhaabe. Sadan isaaniiyyuu konkolaataa keessa ba'anii fincaan fincaa'uuf karaarraa maqan. Abdiin ija isaa amanuu dadhabe. Dhabsuufi qaruuraa arge. Akkuma dhabsuufaa argeen, gammachuun abdiin  dafee haadha isaa bira ga'uuf konkolaataa argachuurratti qabu gaddatti jijjiirame. "Jarattii hin qaanofneen kun waa nagochuu dandeessi"jedhee sodaate. Kan inni sodaate hin hafneef. Magaalaa konee jedhamtu kan miillaan sa'a sadii ganda Abdiin itti dhalaterraa fagaattu akkuma ga'aniin Dhabsuufi Qaruuraan warri duraan Abdii ilaaluu lagatan carraa ittiin gorora ija isaatti tufan argatan. Konkolaatattiin gara buufata foolisiitti qajeelte. Abdiis shaanxaa isaa waliin konkolaatattiirraa akka bu'u taasisan. Dhabsuun to'annaa jala oolchaa jechuufi Foolisiin kaballaa itti xaaxessuun walfaana ta'e. Battala sana mana hidhaatti darbatan. Abdiin yoo mana hidhaa seenu, namoonni mana hidhaa keessaa abdiitti haaraa hin taane. Hunda keessaa kan abdii gammachiise sagalee ilma wasiila isaa, sagalee Surraa dhaga'uu isaati. Akkuma Foolisiin kabalee jara gidduutti darbateen Abdiin joonja'ee kufuuf jennaan Surraan itti utaalee qabe. Lamaanuu walitti marmanii waldubbisan. Haala kanaan wal argina jedhanii yaadanii hin beekan. Hidhaan ijoollee abbaa tokkoo warra gargar ba'an tokko taasise. "Qamalee darbamaa tuullaa boqqolloorra buute," akka jedhan ta'e. Abdiifi Surraan maaliif akka hidhaman walitti odeessuu jalqaban.

Dhabsuun nama kaayyoo isaatiin mormu kan duraa caalaa diina godhachaa dhufe. Namoonni akkasii hidhamuu, biyyaa ba'uu, yoo hammaate ammoo maraachuu ykn du'uu akka qaban Baluuxaa waliin murteessan Abdiin waan abbaa isaa jiruu, qe'ee dhuma isaatti isa quunname tokko lamaan namoota mana hidhaa jiranitti hime. Hidhamtoonni

seenaa Abdii dhaga'anii gaddaan guutaman. Abdiin falli isaanirra ga'ee jiru kun tokkummaa akka ta'e dubbata. Tokkummaa qabaannaan mana hidhaatii ba'uu qofa osoo hin taanee yakkamtootaaf mana hidhaa isaan yakka isaanii ittiin dhokfachuuf ijaaranitti hidhuun akka danda'amu hidhamtoota sanatti lallabe. Tokkummaa sana ammoomanuma hidhaa keessatti akka eegalan yaada dhiyeesse. "Jalqaba tokko tokkoon waamanii nu tumu Foolisootarraa ofoolchuu qabna". Amma to'annaa seeraa jala oolutti reebamuu hinqabnu.

Obboleessi Dhibbisee, Galataan dhabamuu jiruu yeroo dhaga'u baay'ee nahe.Hiriyoonni isaa akka isa gargaaranii barbaadaniif imaanaa itti kennate. Keessa bahee guyyaa walga'iin jiru tokko namoonni walga'icha geggeessan hirmattoota walga'ichaa akka iyaafachiisaniif gaafate. Akka carraa ta'ee kaayyoon guddaan walga'ichaas waa'ee namoota achi buuteen isaanii dhabamee ture. Jara keessaa xiyyeeffannoo kan argates Obbo Tufaadha. Obbo Tufaan dhala namaaf waan gaarii akka yaadu hirmattoonni walga'ichaa nidubbatu. Obbo Tufaan akkamitti akka dhabame, yoom akka dhabameefi maal gochuu akka qaban irratti buusanii baasanii marii'atan. Abbaan waltajjii guyyaa sanaas akkuma Galataa harkaa imaanaa fuudhetti, "Namichi Jiruu jedhamus Godiina Iluu AbbaaBooraatii bade achi buuteen isaa dhabamee maatiin isaallee maatiin isaallee akka hiyyooman Obbo Galataan natti himee ture. Adaraa akka Obbo Tufaa namicha kanas iyyaafadhaafii', jechuun hirmattota waltajjichaatti hime. Osoo inni dubbatee afaanii hin fixin, Galataan ka'ee dhaabate. Namichi godiina jedhame sanatti achi buuteen isaa dhabame sun soddaa isaa akka ta'e uummmatatti hime. Itti fufuun, godiinicha keessatti keessatti jeequmsa guyyaa daboo tokko mudateen, namoonni hedduun akka madaa'an, hedduunis akka du'an, soddaa isaa garuu du'uufi jiraachuu isaa addaan baafachuun akka dadhabamee itti himuun, yoo argan akka afuura ittiin ga'aniif suuraa isaa boorsaa keessaa fuudhee hirmattoota walga'ichaatti argisiise. Namoonni Obbo Tufaa iyyaafachuudhaaf walga'ii ba'an, oduu dabalataa dgaga'aniin garmalee aaran. Yeruma sana walga'icharratti wacuu eegalan. Wacaniis dhiisuu didan. Abbaa waltajjiif gaaffii dhiyeessan. "Asii namatu bade; achiis namatu bade nuun jettu. Namni maaliif bada? Badiisa namootaa kana mootummaan maal jedha? Nutis har'a ta'ee bor, guyyaa itti rakkoon akkasii numudatu hinbeeknu," jechuun kara karaa wacan.

Madaan namootaa gariin dhiiguu, gariin mala'uu, gariin ammo gubuu eegale. Hidhamtoonni hunduu hadhaa isaanii dubbachuu eegalan. Yeroo kana ammoo madaan isaanii caalaatti dhiiga. Caalaattis malaa kuusa. Kan hunda caalaa isaanitti mul'atu garuu madaa isaanii osoo hintaane, gocha dharaa Baluuxaanfaan raawwatanidha. Hojiin dharaas hidda gadi fageeffannaan, dhiiga lubbuu isaanii ta'e aarsaa gochuun kan hin oolle ta'uu walakeekkachiisan hidhamtoonni. Gaaf tokko, hidhamtoonni waan foolisoonni isaanirraatti raawwatan mormuun wacanii dhiisuu didan. Alkan keessaa hanga sa'a sagalitti wacan. Qabata ittiin hidhaman irra deddeebi'anii kaasuun seeraan ala hidhamuu isaanii cinaatti reebicha foolisoonni tokko tokkoon baasanii irratti raawwatan xiiqeffatanii dubbatu. Garuu walumatti dubbatu malee qaamni isaan hidhe hindhaga'u ture. Taabbotaanis olka'ee dhaabachuudhaan haasaa eegale. Qabata kamiinuu haadhufnuu wanti nu barbaachisu tokko ni jira. Innis waldhaga'uudha. Yoo waldhageenye, kaayyoo walfakkatuuf hidhamuu keenya hubanna. Kaayyoo keenyaafis hanga du'aatti of kennina. Waldhaga'uun keenya tokkummaa keenya argisiisa. Tokkummaa qabaannaan warra nu hidhanis ta'ee meeshaaleen annisaa isaaniif ta'anii jara hirkisanii dhaabaniifi manneen hidhaa isaan itti nama guuran gatii dhabu. Meeshaaleen isaanii qoraan ta'anii bobeessamu. Manneen hidhaa isaanis dhumdhumaan safaramanii iyyeeyyii bakka bultii dhabaniif kennamu. Tokko ta'uun keenya warruma mirga keenya nu sarbanii nu daraaran keessaas namoota baay'ee booji'a. Gariin akka isaan nu deggeran taasisa. Kun ammo sirni ittiin hawaasa bal'aa gabroomsan akka bososu godha. Tokkummaa kanas tooftaan itti adeemnaan, namni kamiyyuu mirga namummaafi mirga diimokiraasii isaatti akka gargaaramuuf haala mijeessitoota taana.

#### 4.1.2.1 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama Aadaatiin

Aadaan haala jiruufi jireenya uummata tokkoo ittiin calaqqisiisu ta'ee, jireenya guyyaa guyyaan gaggeeffamu nidabalata. Aadaan wantoota hedduu ofkeessatti haammata. Isaan keessaa muraasni: waan nyaatamu, akkaataa itti nyaatamu, meeshaa itti nyaatan, haala uffannaa fa'i. Qabata kanaan asoosama akka madda ragaatti filatame kana kessatti jiruufi jireenya Oromoo keessatti wantootni ibsaman maal akka fakkaatantu fakkeenyota adda addaatiin akkaataa armaan gaditti mul'atanitti xiinxalamanii taa'an.

Bara namoonni qabata amantiitiin ayyaana loonii kabajuu dhiisanillee, jiruun moorsaa ni baasa . Moorsaan ayyaana looniiti. Ayyaanni kun ‘Kommee’ bara haaraafi ‘obbee’ bara moofaa agarsiisuuf ji’a muddee keessa kabajama.Jiruunis tibba kana eeggatee loon isaatti moorsaa…Marqaan, buna qalaafi dhibaayyuun hunduu qophaa’aniiru. Ayyaanni loonis dhiiga dhuguuf aariifateera. Jiruun re’ee gorra’e. Ija namaatu hin argu malee warri dhiiga dhugan kumaa fi kitila ta’anii irratti walga’an.Jiruunis jara saamee dhiiga re’ee Sanaa maargaa cuuphee facaase. “Dhiigni keessan hin bu’iin! Dhiiga godhadhaa! Goomataan sin hin danda’iin!,” jchuun eebbise. Gogaa Re’ettii tatarsaasee kaan gafatti. Kaan ammo mormatti hidhuun loonitti mallattoo godhe. Warra mallatticha ofirraa qaban ergamaan dukkanaa hindanda’u amantii jedhutu jira. (Arraa Gurbaa! Fuula, 11-14).

Yaadni armaan olii kun kan nu agarsiisu, Oromoon sirna ittiin bulmaata isaa keessatti bakka olaanaa kan qabu amantaa ta’uu isaafi sirna amantaa keessatti ammo ayyaanonni beekamoon waggaaitti ayyaaneffaman jiraachuu isaati.Sirnoota ayyaana beekamoo kana keessaa tokko sirna ayyaana moorsaa looniiti. Sirni kun adeemsaota garaa garaa qaba. Adeemsotni kunis hiikkoo qabu.

Dhibbiseen qadaada jabanaa irraa buqqiftee, “Buna jabaa !” jechuun gara obboo Bulaa ilaalte. Namoota guyyaa sana buna dhuguu dhufan keessaa namni umuriin rage isa. Obboo Bulloonis ofirratti beekkatee, “ Bunni jabaa miti yaa Rabbi situ jabaadha; kan nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi! Hamaa daga duubaa nurraa qabi, kan deeme faana qajeeli; waatii fi maatiitti kan moru nurraa ifadhu,” jedhee osoo inni (Arraa Gurbaa! Fuula, 28).

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachiisu aadaa Oromoo keessattifi adeemsisaa toobaa fi toora qabaachuu isaa hubanna. Itti dabalees Oromoon isa nagaan buleef galateeffatee, isa dhufuuf ammo waaqa kadhata. Oromoon yeroo waaqa kadhatu waan jedhee jalqabu qaba. Jalqabbii kadhaa isaa keessatti guddummaa waaqaa Yaa Rabbi Situ jabaa,jedha. Kunis waaqayyo hundaa ol akka jiruuufi hundaa akka danda`u, waa gochuuf aangoo guutuu qabaachuu isaa nu hubachiisa.

Oromoon waaqa tokkotti aamana. Akkaamantaa Oromoottiwaaqayyo waan hundaa danda’a, maddajireenyaati. InniKanhundaauume,humnaraawwachuufi raawwachiisuu

kanqabugooftaagooftaahinqabne safuufiseerati.QabatakanaanuummatniOromoo,afaaniifi amantitokko, akkasumassirnaittiinbulmataatokkoqabaachuuisaahubanna.

#### 4.1.2.2 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama firiiwwanAfoolaatiin

Afoolli qabeenya uumaa uummataa kanta'eefi jechaafi gochaan dhaloota dhalootatti darbaa kan tureefi darbaas kan jiruudha. Afoolli qabeenya gamtoominaati. Uummatni Oromoo bara duriitii jalqabee itti dhimma bahaa tureera. Firiiwwan afoolaa garaa garatti fayyadamuun ittiin walgorsaa waljajabeessa, walfarsaa, seenaaafi duudhaa walii dabarsaa akkasumas baroota dheeraaf yeroo cunqursaa alagaa jala ture ammo quuqqaa garaa isaa ittiin waliif dabarsaa tureera. Afoolli Oromoo ummatichi yeroo sirna barreeffamaa hinargatinitti madda ragaafi dabarsaa aadaa uummatichaa ta'ee tajaajilaa tureera ammas tajajilaa jira. Bu'uuruma kanaan asoosama akka madda ragaatti filatame kana keessatti firiiwwan afoolaa muraasni isaanii walqabatiinsa siyaasa Oromootiin xinxalamaniiru.

##### 4.1.2.2.1 Waa sadii

Afoolli dhalootaa dhalootatti afaaniin kan darbu hambaa uummataati. Waa sadiin ammo firiiwwan afoolaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma maqaa isaarraa hubatamu waa sadiin firii(birkii afoolaa ta'ee wantoota sadiin, jechoota filatamoo ta'aniin gorsa, brumsaafi ergaa ciccimoo ta'an dabarsa. Waa sadiin falaasama Oromoo keessaa tokko ta'ee,waan badaa kan qeequ, kan gorsu, hubachiisee kan sirreessu, nama karaa gaariirra jiru kan jajjabeessuufi waa'ee jireenya uummata Oromoo ta'e uumamaa dhugaa jiruuf godhee kan argisisuudha. Akkuma birkiilee afoolaa kaanii waa sadiin amaloota afoolaa yeroo namoonni rakkoo omiishaa, godaanaa, duulaa, gammachuufi gadda bakka tokkotti walgahan dhimmoota adda addaarratti haasawan dubbatama. Haasawwuuf yoo xinnaate namoonni lama jiraachuun dirqama. Abbaan dabaree yoo dubbaatu kaan qalbeeffachuun hordofu. Firii dubbii ifatti mul'isuun sammuu dhaggeeffataa qabsiisuuf mata dubbii walitti hidhuufis nifayyada. Qabata kanaan asoosama madda raga "Arraa Gurbaa!" jedhu keessatti, waa sadiin akka armaan gadiitti fakkeenyota adda addaan xiinxalamee taa'eera.

Dhibbiseen garuu "Giiftii guyyaa lubbamaa; jedhamte. Dubartiin waa sadii: "kan qamisii dirattuu, kan uumamaan beektufi kan namarraa barattu;" Jedhamee kan mammaakame gaafas ta'uu hinhafne. (Arraa Gurbaa! fuula 19-20)

Yaadni armaan olii kun dubartii bakka saditti qooduun waa sadiin wan nu barsiisa. Bu`uuruma kanaan yaadni inni duraa dubartiin yoo gorfamte gorsarraa barachuu dandeessi, yaadni inni lammataa ammo hanqina dubartii ibsuuf kan qamisii dirattu jedha. Yaadni inni sadaffaan kan ibsu dubartii beektuun ganaama dhalatti ykn beekumsa waliin dhalatti jechuun ibsa.

Akka aadaa hawaasa ganda Tuulamaa adaretti, waan hedduutu salphina! Qonnaaf ba'anii meeshaa qonnaa dhabuun; daboo kadhatamanii ooluun akkasumas; dhangaan qophaa'ee kan sooratu dhabuun salphina guddaadha. Salphinni salphina caalu ammoo namni lama nama tokkoon, beekaan wallaaalaadhaan, galaanni cooreedhan, waaqni seeaxanaan, seexanni ammoo jinnii dhaan moo'amuudha. (Arraa Gurbaafuula ,20).

Yaada armaan olii kanarraa akka hubachuu dandeenyutti waa sadii wantoota hawaasa Oromoo biratti leeyoo ta'an dhihaataniiru, Haaluma kanaan yaadni inni duraa waa'ee qonnaan walqabatee dhihate. Qonnaa keessatti qophiin meeshaalee barbaachisaadha. Waa'ee qophii ilaalchisee hawaasichi waan aadeffate qaba. Innis waan tokko gochuuf qophiin barbaachisaa ta'uudha yaadni inni lammataa ammo daboon walqabatee dhihaate. Hawaasichi aadaa walgargaarsaa waan qabuuf daboo keessaa hafuun balaaleffata.

Walqabsiisuun firiiwwan afoolaa keessaa tokko ta'ee, hojii afuuraarra, ta'ii beekamaarraa Ykn ogbarruurraa fuudhuun waan amma jiruun walqabsiisanii himuudha. Asoosamama madda ragaa ta'ee filatame kana keessatti walqabsiisuun akka armaan gadiitti fakkeenyota adda addaan xiinxalameera.

Ilma koo kan wayyu: akka Musee cooma man ormaarra akaayii lammii wajjin filachuu,filachuu akka Nabootee oyiruu abbaa ofii gurguruu diduun aarsaa ta'uu; akka Mardakiyoos, hamaaf jilbefachuu diduun kutannoon qabsaa'uu akka Aster, saba ofii badiisarraa baraaruuf, daangaa seeraa ce'uu; Akka Daani'eeliifi Abdinaagoo, amantiidhaan boba'aaa ibiddaa tuffachuu, akka Onismoos, jaalala saba ofii waan qabatamaan mul'isuuf qabsaa'uu akka Maandeellaa cunqursaan mormuun, du'as yoo ta'ellee, qophaa'uu, akka Maartiin Luuterkiingi, galma ga'uu mul'ata ofiitiif qabsaa'uu; akka Phaawuloos, kayyoo qabatanii ka'aniif hanga du'aaatti dhaabachuu; akka Haagerii, oftuultotaaf bitamuu diduun qabsaa`uu; akka Taaddasaa mirga ofiif falmachuuf

barachuun bu'uura ta'uu amanuu; akka Waaqoo garbummaa hundeen buqqisuuf kutannoo qabaachuudha"  jedheen Jiruun.(Arraa Gurbaa!Fuula, 58-59).

Yaada armaan olii kanarr aagoottota kutannoo addaa qaban kanneen dhalootaaf seenaa hinmoofofnee ka'nii darbanidha. Namootni (goottotni) armaan oliitti eeraman kanneen akka addunyaatti beekamtiifi gumaacha olanaa dhalootaaf buusani. Goottonni kun lubbuun addunyaa kanarra jirachuu batanis, dhaloonni dhufa darbaan hojii seenaa saaniini faarsa (leellisa), walbarsiisa, kallattii walargisiisa, bara rakkoofi guyyaa xiiqiif ammoo akka furtuutti itti gargaaramu. Uummatni Oromoo warreen hojii seenaa kanarraa qooddataniifi dhamdhamanidha. Gootonni Oromoo, kan Oromoo bira darbanii adunyaaf fakkenya ta'an, waa'ee quuqama saba isaaniitiif haala mijataa hineegganne. Garbummaa keessa taa'anii saba isaaniifi gochaan aarsaa hammana hin jehamne kanfalanii, dhalootaaf gala hindhumne galaasani. Dhaloonni kunis galfata goottota kanaa walharkaa fuudhaa deemuu qaba.

Mootiin Itoophiyaa, hayilesillaaseen akka waaqaatti sodaatamaa ture. Namni martuu gaaddissa isaa jajachaa, ayyana isaas baachaa ture. Inni kufnaan lafti waan garagalu se'ame. Dursinee garagaluu wayya jechuun namoonni boollatti duudan. Yeroo isaan boolla keessaa mataa ol baafatanii ilaalan, lafti achumajirti. Kan garagale lafa ta'uun hafee, waa'ee jaarsicha isa sammuunamaa keessa turee ta'e. (Arraa Gurbaa Fuula, 48)

Yaada armaan olii kanarraa akka hubachuu dandeenyutti,karaa firii afoolaa ija siyaasaatiin ergaan tokko darbeera. Ergaan kunis mootii Hayilesillaaseetiif namoonni bakka guddaa kennuuf. Kun ta'uu kan danda'eef aangoon kun waaqarraa isaaniif kenname yaadni jedhu sammuu namootaa keessatti ititeeti. Obbo Hayilesillaaseen waan hundumaa gochuu danda'u jedhanii amanu. Karaa biroo ammoo isaan sanyii moo'uuf uumamanidha(sanyii mootii) jedhamu.

Oyiruun Jiruun isaaf jecha akka miilla "Bakar Waaree achi buuteen isaa dhabame"; reeffi isaallee awwaala dhabes akki godhan nidhibe.(Arraa Gurbaa Fuula, 82)

Yaada armaan oliirraa akka hubachuun danda'amutti, Bakar Waaree qabsaa'aa Oromoo ti. Qabsoo keessatti miilli isaa yeroo irraa citu, Miilli Bakar Waaree eessa akka bu'etu

wallaalame. Waa’een Jiruus ta’ii beekamaa kanaan walqabatee, achi buuteen isaa dhabame.Jiruu oyiruu isaarraa qabanii balleessan.

**4.1.2.2.3 Dubfakkii**

Dubfakkiin firiiwwan afoolaa keessa isa tokko dha. Amala asoosama keessa inni tokko ammo asoosamni,dubfakkii ykndubbii qolaan kan guutame dha. Asoosama akka madda ragaatti filatame kana keessatti dubfakkiin ykn dubbiin qolaa akka armaan gadiitti fakkeenyotaan xiinxalameera.

Ija godhachuu fi ijaan ooluun lamaanuu harka kee keessa jiru, jechuun inni abbaan koo jalbultii waamicha isaa irratti naaf dhaame reefuu naaf gale. Bakka inni jiru ani hin jiru bakka anijiru ammo inni hin jjiruu,malee `Ani hin himnee ati hin dinnee waan naan jedhuu natty fakkaateen ofitti qaana`a. Garuu ijoolleen Obbo Boodanaa warrimaddi galii isaanii oduu ta`e yoo ija godhataniifoo baratu garagale ammas jiruutu jireenya isaa ijoollee Obbo Boodanaa waliin wal cinaa qabee ilaaluun akka beera handaaqoo ofitti hasaasa.(Arraa Gurbaa Fuula,1).

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachiisu,carraa dhalli namaa qabu bu`uureffachuuun addunyaa dhugaa keessatti ammo namoonni hojjetanii dafqa isaaniin jiraatan akkuma jiran kan wallaalchisuun dubbii sobaatiin jiraatanis akkasuma jiru. Namooni daandii sobaan durooman warra haqaan jiraatanitti gaaffii `ani maaliif akkas hin ta`uu?,Ana moo isaantu sirrii dhaa? Gaaffii jedhuu ofitti kaasu.

Bineensota addunyaa kanarraa hanga isaa guddatu hin turre. Garuu waan wal nyaataniif waaqayyo lafarraa isaan balleesse. Isinis yoo sanyii keessan nyaachuurraa deebitan malee baduun keessan hin oolu.Qamadii fi ingirdaada waliin makanii facaafnaan ingirdaadni gaafa guddatu qamadii hudhee qabe. Miciree isaa xuuuxee daraaraatti hambise. Lukkuu fi allaattis walitti maktanii guddistan. Allaattiin guddatanii lukkuu mataa keessa rukutanii guddina dhowwan.Ajjeesanii nyaatan. Akkasiin sanyiin wal faale akkamiin gamtaa godhataree?`, jjedheen.(Arraa Gurbaa Fuula,5).

Yaada kanarraa wanti hubatamuu uumamni addunyaa kanaa hammeenyaa fi gara jabeenyaan wal nyaatee wal fixaa har`a kan ga`e ta`uu isaati. Kanaaf sanyiin isaa xiqqaatee kaan ammo bade. Sanyiin gosa adda addaas yoo waliin jiraatanii guddatan

booda diina walii ta`uun wal balleessu. Namni uumama gocha akkasii hirmaatu keessa isa tokko dha. Faayidaa fi qomoo(saba) dawoo godhachuun wal dhiiba,wal hadheessa,akkasumas dabarsee wal kenna.

Bineensa manaa baafnee abbaa manaa ta`uu kan malle,bineensaan walii gallee abba manaa nyaanne. Ofnyaannee,walis nyaanne. Hirmii nuuf hin taane. Nyaannee akka nuu sifaa`uuf ammo bishaan amboo irratti dhudhaane. Amboo nyaannee bishaan isaatiin sifeeffanne. Gaabbuullee hin daddeenye. Gabaatti baafnee qoonxaa walii keenyaa gurgurree gurguramne. Ormi numaan nurraa bitee mi`eessituu ittinaqatee nyaate.(Arraa Gurbaa Fuula,36).

Yaadni armaan olii kun dubfakkii(dubbii qolaan) kan guutame ta`ee,waliin jireenya keessatti,hawaasni tokko rakkoo ofiin uumee,yeroo ofuma isaan wajjin rakkatu ni mul`ata. Dabalataanis jireenya dhugaa keessatti hawaasni tokko yeroo gaabbuu didee,hojii isaaf hin malle saba isaa jibbee diinatti michoomee,diina waliin saba isaa miidhu baa`inaan mul`ata.

Jiruun ittuma fufuun `Abbaan keenya Akkattuun,qeerransaafi leenca fakkeenya taasifatee nu gorsaa ture. Qeerransi ilmoolee isaa duchiisa. Akka isaan bineensota kaaniin moo`aman hin barbaadu.Gidduu bineensotaatti gadhiisee dhokatee ilaalaa. Yoo ilmooleen isaa olii gadi bajabajan ni gammada. Yoo bineensonni itti cimanii nyaachuuf ka`an ammo dafee bira ga`uun nyaatamuuurraa oolcha. Yoo ilmooleen isaa baqachuuf karaa ilaalan ni aara. Aaree baqattuu?`, jechuun iyyisiisa. Akka kanaan akka ilmooleen isaa goota ta`an barsiisa. Warra didanii lugna ta`aniin `Deeroo` jedhaan. Deeroo jechuun sanyiin qeerransa seexaan adurree ilmooleen qeerransaa warri deeroo ta`an qeerransa waliin hin jiraatan,ofirraa arii`a. Gariin isaanii iyyaa ta`uun ilmoo hoolaa fi ilmoo kuruphee adamsaa jiraatu. Gariin isaanii ammo adurree ta`uun nama jala kufanii qiraaciirraa nyaatu.Yaa ilma koo,akka deeroo fi hurbaa ta`uu ayyaanni abbaa koo si haa oolchu. Qilleensi qaawwaa tokkoon seenee akkuma mana diigu,kan isin diigus alaa hin dhufu. Inni alaalaa isa olla qabatee nama miidha. Kophaa kophaa ta`uun keessan hin ooluutii jabaadhaa. Anijiraadhus, jiraachuu baadhus hadhuura qe`ee ormi bitaa fi mirgaan na harkatti kajeelu kana,qe`ee handhuurri akaakilee fi abaabilee kee,akkasumas qe`ee handhuurri keenya irratti awwaalamee kana irratti du`i malee galtuu hin dhaalchisin,kun

gala ilma gudeedaatiif galaasamu dha. Dachaasaattis himeen jira, naan jedhe. Mallattoolee dhaamsa abbaa koo mirkaneessan sana argaan jira,jedhe.(Arraa Gurbaa Fuula, 43-44).

Ibsa fakkeenya armaan olii kana ilaalchaa fi bulchiinsa uummata Oromoon wal qabsiisnee yoo ilaallu, Oromoon ijoollee isaa daa`imummaa irraa jalqabee gootummaa shaakalsiisa. Gootummaa isaanii kana keessatti akka firaafi alagaa baran,akka daangaa biyya isaaniirratti aarsaa lubbuu kanfaluuf qophaa`anitti gorfamu. Bu`aafi mallattoo gootummaa kana ammoo bineensota bosonaa warra cimoo fi maqaa gootummaan beekaman, warra ofiin of bulchan,warra nama jala hin kaane, akkasumas warra gootonni Oromoo ijaarsa biyyaa fi lammii keessatti mallattoo godhatee ittiin of waamu(Leenca) dubfakkiin itti himu.

Karaa biroo ammoo gosuma bineensotaa ta`anii warra harka namaa eegga tanii bulan,warra harka ofii gananii harka namaa abdatanii fi jireenya hanquu fi fakkeessaa jiraatan akkas hin t a`inaa jechuun gorsu.Dabalataan ammo waa`ee eenyummaa fi sabboonummaa, waa`ee jaalala biyyaa fi lammii,waa`ee dache abaabilee fi akaakilee isaanii akka eegan kan isaan irraa eegan ammo diinni keessaa isa alaaf ka`umsa akka ta`u fakkeenya sasalphaan barsiisu. Oromoon kanaan ilma isaa wal`aansoo diinaatti galcha. Dhaamsa isaa kanas bakkaa fi yeroo mijataa yoo argatu,bifa garaa garaan itti hima. Yeroo karaa deemu, Dallaa loonii biratti, bakka daboo fi k.k.f.dha. Fakeenyaaf bakka dabootti geerarsaan yeroo itti himu, akkas jedha.

Daagujjaa mataa diimaa warri keenya hin qotanne warra qotatetu beeka Dabeessa garaa rimaa gadhee garaa fincaanii warri keenya hin godhanne warra godhatetu beeka… jechuun geerarsaan itti hima. Kana jechuun dabeessa hint a`inaa goota ta`aa jechuun ilmaan isaa onnachiisa.

Dhibbiseenis abbaan ishee,Guutamaan nama dhiisii sareeyyuu akka goota taatuuf sonsa nyaachisaa akka ture itti himuun yaada Jiruu cimsite.Akkamiin akka abbootiin ijoollee isaanii qaran,akkamiin akka isaan seenaa fi seexaa barsiisan isa Jiruun abbaa isaarraa dhaga`ee dubbateen wal qabsiisuun itti himte. (Arraa Gurbaa Fuula, 45).

Yaadni fakkeenya armaan olii kun kan nu hubachiisu,Oromoon gootummaaf bakka olaanaa qabaachuu isaati. Uummanni Oromoo namaa fi horiin isaa akka goota ta`uuf tooftaa garaa garaa fayyadama. Uumama naannoo isaa xiinxaluun bineensotaa fi ilbiisota keessaa warra goota ta`an ofitti fakkeeffata.Soonsi ilbiisota keessaa warraa namaa jala hin kaanne,goota. Sonsi goota waan taateef sareen yoo sonsa nyaatte goota taati amantaa jedhu qabu.

Osuma namoonni buna dhugaa jiranii, Dhibbiseen waan guyya gabaa tokko argite himuuf sagalee ciratte. `Namichi tokko harroota lamatti midhaan fe`ee deema. Harroota midhaan baatan kanas garmalee arii`a ture. Harroonni sunis tabba bira gahanii akka yeroo dacha fiiguu dadhaban,attamitti haa fiiganiree? Ba`aan ba`aa dha, tabbies tabba. Kana biraan rukuttaan ulee namichaa cinaacha isaanii dabsee jira.Harree inni wadalli seexaa dhiiraa muxxuuratee tabbicha walakkaa ga`e. Harree ishee dhaltuun garuu tabbichatti ejjettee kirkirte. Bitaa mirgaan `hayyud,hayyud` godhee rukute. Kun garaa isa hanqannaan fe`umsarraan taa`uuf utaalee kore. Harrettiin , `Natti feetee?, Na rukuttee?,Na yaabdee? Osoo hin jedhin, isas, ba`as,ulee isaas dandeessee kirkiraa tabba dhiibuu eegalte.Nutis bira geenyee `Maal namicha nana waa qayyoon hin sodaattuu? Jenneen. Innis waaqayyoon har`a nabarsiistuu?, Maaliif Harree jedhamteree?,deebii jedhu nuuf late,jettee yammuu isheen gadi ilaaltu,sareen jabanaa gajjallaa ciiftee ija culul itti gooti turte… Jiruunis waa`een harree fi saree nama ajaa`iba. Lamaanuu hamma human qabanitti malee gaafa human dhaban fira hin qaban. Harreen hanga isheen humna qabdutti itti fe`atanii uleedhaan bira bu`u. Gaafa isheen humna dhabde gadi gatu. Namni carraa argannaan maal hin goone? Harree miilla afurii dhiisiitii nama miilla lamaayyuu harree fi saree gadi taasisee jira`,jedhe Jiruun.Obbo Bulaan Jiruu fi Dhibbisee walfaana ilaaluun `Amma eenyutu komatama jettu?, Nama moo harree?...Hardiidoon dhiibbaa namaa didee lagatti galuu isaatu maqaa `Hardiidoo`jedhu akka itti baasan taasise. Kana ammo namatu baaseef. Inni garuu `Ani falmataadha malee didaa miti.`jedha ta`a. Akkamitti ta`aree? Dhugaattuu kan isa tokkoof shororkeessaa, isa biraaf ammo falmataa biliisummaati.(Arraa Gurbaa Fuula, 52:53).

Yaada fakeenya armaan olii kanarraa akka hubachuu dandeenyutti uumamni mirga isaaf hin dubbanne miidhamaa ta`uu isaati. Gama siyaasa Oromootiin wal qabsiisnee yoo

illaallu ammo uummanni yoo mirga isaaf falmate malee yoo callise qaamni biraa akka isa garboomfatu nu hubachiisa. Kan falmate mirga isaa kabachiifata. Hardiidoon waan falmateef mirga isaa kabachiifate. Qabsoo falmannaa mirgaa keessatti garuu maqaa adda addaatu namaaf kennama. Maqaan qabsaa`otaaf kennamu yeroo dhaa yerootti jijjiiramus kan akka shororkeessa,humnoota badii,dhiphootaa,farreen nageenyaa fa'a.

#### 4.1.2.3 Xiinxala asoosama Arraa gurbaa gama Tokkummaatiin

Namni uumama hawaasummaan jiraatu keessaa isa tokko dha. Hawaasummaan namaa kan biroo irraa garaagarummaa guddaa qaba. Bu'uurri hawaasummaa namaa firooma dhiigaa, walitti dhufeenya naannoo, hiriyyuummaafi carraa hojii ta'uu danda'a. waliin jireenya hawaasummaa keessatti namni walitti bu'uu nidanda'a. sababiin walitti bu'insa kanaa tokko faayidaafi gosummaan (sabummaa)dha.

Haala kanaan namoota rakkoo hammaataa keessa turan keessaa tokko uummata Oromooti. Uummanni oromoo Oromoo waan ta'eef qofa dhiibamaa akka ture seenaan adda addaa ragaaba'a. Asoosama madda ragqaa ta'ee filatame kana keessatti tokkummaan siyaasa Oromoo keessatti maal akka fakkaatu fakkeenyaan xiinxalameera.

Fakkeenyaaf, har'a muraasni keenya horii moonaa midhaan ammoo gombisa guutuu qabna ta'a. garuu yoom nu harkaa akka godaanan waan hinbeekneef akka bosonuu bir'achaa jiraanna. Kanaafuu tokkummaan beekumsa, tokkummaan qabeenya, qabeenyiifi beekumsi immoo humnanama dhuunfaas ta'ee sabni, guddaan warra humna kana qabaniidha jechuun Dachaasaa ija keessa ilaale.(Arraa Gurbaa Fuula: 31-32)

Yaadni waraabbii kun kan nuhubachiisu tokkummaan ijaarsa hawaasummaa kessatti barbaachisaa ta'uusaatti. Sabni tokkummaa hinqabne bir'achaa jiraata, sababni isaas qaamni biro irraa arii'achuu waan danda'uuf. Tokkuummaan qabeenya kan jedhameef kanaaf.

Shakkiin diina tokkummaa,amajaajii waliigalteeti. Shakkiin namootaa baay'ee galaafate. Garii kophaatti dhiiga isaanii saree arraabsisstee, foon isaanii immoo jogee soorte. Garii immoo tokkummaa dhowwattee garboomsite.(Arraa Gurbaa Fuula,59)

Waraabbii armaan olii kanarraa wanti hubatamu waantota gufuu tokkummaa ta'an keessaa tokko wal shakkuul shakkii ta'uusaati. Namoonni yoo wal shakkan tokkummaan isanii nidiigama. Tokkummaan diigamnaan immoo garboomuuf salphaa ta'a. uummata oromoo garbummaa jalatti akka inni kufu kan taasise immoo inni bu'uuraa tokkummaa isaanii diiguu irratti xiyyeeffatameeti.

Qabata kamiinuu haa dhufu waanti na barbaachisu tokko ni jira. Innis wal dhagahuudha. Yoo wal dhageenye kaayyoo wal fakkaatuuf hidhamuu keenya hubanna. Wal dhagahuun keenya tokkummaa keenya agarsiisa. Tokkummaa qabaannaan warra nu hidhanis ta'e meeshaaleen annisaa isaaniif ta'anii jiran hiriirsanii dhaabbataniifi manneen hidhaa isaanii itti nama guuran gatii dhabu. Meeshaaleen isaanis dhundhumaan safaramanii iyyeeyyii bakka bultii dhabaniif kennamu….Tokkummaan hidda garbummaa ofirraa ciruurratti yoo xiyyeeffanne waaqayyoo nuwajjin ta'a.( Arraa Gurbaa Fuula,229)

Yaada armaan olii kanarraa akka hubannutti  tokkummaafi waldhagahuun meeshaa waraanaa caalaa akka human qabu hubanna. Yoo tokkummaan qabsaa'an kiyyoo diinni kaa'u diiguun nidanda'ama. Kootamni yeeyyisuu yoo bineensa biraa argu ni duta. Kun immoo mallattoo ittiin walii galanidha. Mallatticha dhageessisnaan hanga lipsuu ijaatti bineensicha irratti wal gahu.

Ibsi yaada armaan olii kun bineensa bosonaa fakkeenya taasifachuun dhihaate kun tokkummaan furmaataafi jiraachuufiyyu dhimma dursi kennamuuf ta'uu isaati. Namootni yoo tokkummaa dhaban  mirgi isaanii nidhiibama. Waa'ee ofiifi waa'ee qabeenya ofii dubbachuu cinaatti jiraachuufiyyu mamsiisaadha.

Baroota dheeraadhaaf rakkoolee kanaaf saaxilamaa kan ture uummata oromooti. Uummanni oromoo yeroo ilaalcha adda addaatiin adda ta'etti alagaan akka barbaaddeetti olii gad oofaa, ittis fe'achaa ture. Gidiraa kana keessaa bahuuf illee fala tokko hinargatan ture. Amma garuu calaqqeen tokkummaa erga mul'atees abdiin jiraachuu tokko tokko mul'ataa jira.Walumaagalatti yaadni armaan olii kun tokkummaan furmaata garbummaa harkaa ittiin miliqaan baatu ibsa bilisummaati.

Akka kootti quuqqaa garaa ofii miidhama namarra gahe himachuun gufuu tokkummaa miti. Miidhamni nama dhuunfaa walitti kuufamuun kan hawaasaa ta'a. osoo obboleessi

keenya tokko achii ka’e qaama isaarra wayyaa fuudhee nutti agarsiisuu baate akkuma kophaa kophaatti dhoksinee boonyetti hafna. Inni bare ammoo kophaa kophaatti nu madeessuu irraa hindeebinu.(Arraa Gurbaa :230-231)

Yaadni kun kan nuhubachiisu nammoonni miidhama dhuunfaan isaan irra gahe kan koo qofa jedhanii dhokfaachuun barbaachise miti. Namoonni biraas akkasuma miidhamuu waan danda’uuf walitti birmachuun caalaatti barbaachisaadha. Namoonni waliin yeroo marii’atan furmaata argachuuf waliin socho’u. kun immoo tokkummaafi utubaa ta’a. karoorri warra nama dirqisiisan harkaa tamsa’a.

bineensa daggalaa kanneen akka yeeyyiirraa tokkummaan furmaatafuramaa rakkoo keenyaa akka ta’e barachuu dandeenya yeeyyiin gamtaan sochooti. Tokkummaan isaanii cinaattis abshaalummaa qabu. Kophaa kophaa isaaniitti bineensi dadhabduu nuu isaan nyaachuu dandeessi. Kana waan beekaniif kootaama ofkeessaa filatu. Karaa kootamni isaanii itti agarsiisamu irraa yoo inni fiige nifiigu. Yoo inni suuta deemes suuta deema. (Arraa Gurbaa 231)

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubannu yeeyyiin tokkummaan waliin ba’ii waliin galu. Tokkummaan ergama isaanii ba’u. Geggeessaa isaanii ni dhaggeeffatu. Ergama fudhataniif battalumatti deebii kennu. Ilmi namaas bineensa kanarraa waa’ee tokkummaa hubachuu ni danda’a.

### 4.1.2.4 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama Dinagdeetiin

Dinagdeen jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti dhimma murteessaafi isa duraati. Dinagdeen hawaasa tokkoo immoo bu’uurri isaa madda galiiti. Akkuma beekamu maddi galii yookiin diinagdee uummata oromoo kan bu’uureffate qonna irratti. Qonni lafee dugdaa biyya keenyaati jedhamee dhaadheffama. Haata’u malee uummata oromoof bu’aa inni buuse quubsaa miti. Uummaticha rakkoolee garaa garaaf saaxileera. Qe’ee isaanii irraa buqqisuun moggaatti dhiibeera. Humna isaanii qisaasesseera, qor-qalbii isaaniis hubeera. Xiinxalli asoosama akka madda ragaatti filatame kana keessatti waa’een dinagdee siyaasa keessatti fakkeenyotaan xiinxalameera..

jaarsoliin yaada isaanii gaarii kan barataniifi waanuma itti jiraatan argachuu waan ta’eef abdiin ooriyuu abbaa isaa yoo qochisiise jireenya gaarii jiraachuu danda’a jedhau. Gariin

immoo “akkaakayyuufi habaabayyuun isaa lafa qotaa isumatti hafan”. Qabata barumsa hammayya dhabaniif osuma horii qabanii inni barate gara fedhetti isaan oofe. Abbaan isaa jiruyyu akka inni shira dhabsuufaa didu kan taasise yeoo dhuma mindaa hin nyaannellee barumsa qabaachuu isaati.( Arraa Gurbaa:94)

Yaadni armaan olii kun kan nama hubachiisu uummanni aadaa qonnaafi horsiisa loonii irratti bobba’e bara dheeraa jiraatee waan tueef aada barumsaa hinqabu ture. Kun immoo namoota barataniin bifa garagaraa qabeenya isaanii akka irraa hiramu, saamamu, gara moggaatti akkatti akka dhiibamu ta’ee jira. Kan isaan qotatanii galfatan irraa akka hiramu ta’eera.

silaa nuti kan namaa hin barbaanne namumatu keenyumaaf jecha abbaa koos ija balleessanii, nuufis garaa baachaa jiru. Jabaannee ooriyuu keenyatti dallaa ijaarrachu qabna. Loon keenyas dallichuma keessa dheechifanna.(Arraa Gurbaa :118)

Yaadni armaan olii kun kan nu hubachiisu ijoon dubbii sabni oromoo itti dararamuu, arii’amu, hidhamuufi shira garaagaraan xaxamuu keessaa tokko qabeenya isaa kan rabbi kenneefii kan dafqee argaterraa balleessuufidha. Akkuma weenniin gogaa isaaf jecha du’a jedhan sana oromoon qabeenya isaaf jecha ajjeeffamee, arii’atamee, qeensaafi isaa buqqa’e.

abbaa koo jette Laliseen. osuma boo’uu ija lalisee keessa ilaale Abdiin.” Lafa akaakileefi habaabileen isaa itti dabarsanii bakka dhugaa deeman namoonni irraa fudhachuu barbaadan kanaaf sobaan itti raggaasisuuf sa’a hedduu mana murtii dhaaban. Gara dhumaatti namoonni mana mutichaa keessaa fira warra abbaa kootii falman waan ta’aniif akka inni lafa isaa qixxeetti baqaqsuuf itti murteessan. Guyyaa sana galgala abbaan koo manatti galee, “akkamittan dhaala abbaa koo dabarsee kenna? Akkamittan ani qabeenya abbaan koo itti dadhabee har’aan gahe orma dhaalchisaa?” jechuun booyee nuboossise. Nutis huursinee boonye. Erga aniifi obboleessi koo rafnee garuu waan haatiifi abbaan keenya marii’atan hinbeeknu malee ganama yeroo hirribaa kaanu abbaan keenya hinjiru. Haadha keenya gaafannee turre, ,ojiif shaggar deeme nidhufa nuun jette. Nutis dhugaa nutty fakkateetu karaa eegaa turre. Namoonni akka lafa abbaa keenyaa fudhataniif murtaa’eef sunneen gaafa guyyaa 2$^{ffaa}$ dhufan.( Arraa Gurbaa:151)

Waraabbii kanarra hubachuu kan dandeenyu qaamonni tokko tokko aangoo dahoo godhachuun uummata saamaafi quucarsaa akka turanidha. Uummanni oromoo rakkoo kanaan warra miidhaman keessaa isaan tokko. Sababa qabatamaa hintaaneen shira xaxuun lafa isaarraa ariiyatu, ta'uu baannaan tooftaa uumuun irraa buqqisu.

#### 4.1.2.5 Xiinxala asoosama Arraa Gurbaa gama Bulchiinsaatiin

Gurmuu hawaasummaa keessatti waantota namaaf barbaachisan keessa tokko bulchiinsa dha. Bulchiinsi tokko hanqina yoo qabaate immoo rakkoowwan garaagaraaf ummata saaxila. Rakkooleen bulchiinsan wal qabatan asoosama akka madda ragaatti filatame keessatti argaman akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

Mootiin Itoophiyaa Hayilesillaaseen akka waaqaatti sodaatamaa ture. Namni hunduu gaaddisa isaa jajachaa, ayyaana isaa baachaa ture. Inni kufnaan lafatu galagala se'an. Dursinee galagaluu qabna jechuun namoonni boollatti duudan. yeroo isaan boollaa keessaa mataa olbaafatanii ilaalan lafti achuma jirti, kan galagale lafa ta'uun hafee waa'ee jaarsicha sammuu namaa keessa ture ta'e. waa'een Hayilesillaasee moofa'us sammuun namaa duwwaa hintaane. Namoonni hunduu isa duraan sammuutii qaban saniin dhaggalaasanii isa haaraa guuttachuuf arreedan/fiigan. Nutu dura guuttata jechuun wal saamuu eegalan. Sunis kufee kunis dhufee kuunnootiin kunoo ta'e. barri haaromsa sammuu namaarra tare lafa qulqulleessuu eegale. Namoonni raacatiichaan bukaa'anii , bukeesanii qaamuma haaromsaa ta'an(Arraa Gurbaa: 48).

Yaadni armaan olii kanarraa akka hubachuu dandeenyutti namoonni haala yeroo faana jijjiiramaa deemuu isaaniiti. Dabalataan ammoo waan yeroo sana keessa faayidaa dhuunfaa isaaniif kennu  waliin jijjiiramuu akka danda'an nu hubachiisa.Karaa biroo ammoo tooftaa adda addaa uumuun ni haaromna jechuun aangoo isaanii tolfachuuf kan bakkaa socho'an  hedduu dha.Umurii aangoo isaanii dheereffachuuf  jechootaa fi deemsa isaanii yeroo yeroon ni jijjiiru.

Erga mana hidhaatii bahee sodaachaa waan mana hidhaatti ta'e natti hime. "Mana hidhaatti gocha dubartii dhiiratu raawwata." Achitti dhiirri akka dubartiiti.  Akka dubartiitti tajaajila. Gaaf gaaf garuu osoo inni dubachuu qaana'uu harkaa ba'a. Yeroo waliin ciifnu siree keenya irratti waan achitti ta'e natti himaa ture. Ani asitti abba manaa

keeti;achitti ammoo haadha manaa nama biraati. Akkuma ati asitti na gammachiiftu kana,ani ammoo kan biraan gammachiisa. Kan keellee anaa fi Boodanaa isa hattuu bira hin darbu.(Arraa Gurbaa Fuula, 88)

Yaada armaan olii kanarraa akka hubachuu dandeenyutti Bakka hanqinni bulchiinsaa mul'atetti,seerri iddoo dhabee jallinni daraara. Dhugaan sobaaf iddoo yoo gadi dhiise haqni bade jalloonni boquu olqabatu. Seerri uumamaa iddoo isaa gadhiisa, Dhiyaa fi bari'aatu iddoo isaa gadhiisee; mataatu miilla ta'a. Dhiiratu dubartii ta'a. Safuutu bada.

Fakkeessituu fi gowwomsituu ta'uun biyya lafaa as qofaamiti.Caasaan ishee bulchiinsa keessa jira. Guyyaa bulchaan ykn mootiin tokko kutaa biyyaa daawwachuuf deemu,kan duraan hin jirretu ta'a. Mukaa fi baalatu saamunaan miicameehalluu dibama. Uummanni bal'aan garuu daaraa fi andoodeedhaan miiccata. Biyya waggaatti uummanni isaa foon nyaatee hin beekne keessatti,guyyaa mootiin dhufu maseenaa fi tuntunoon qalama. Akkanaan iyyummaan uummataa dhokatee sooromni sobaa mootitti mul'ata.(Arraa Gurbaa Fuula 101)

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, dhugaan uummataa sababa garaa garaan dhokachuu akka danda'u dha. Karaa dhugaan uummataa ittiin dhokatu keessa inni jalqabaa gabaasa sobaati. Gabaasni sobaa waan uummanni hin qabne tokko fakkeessanii fi hamma isaa ol guddisuun dabarsuu akkasumas uummataan akkanan sii godha jedhanii burjaajessuu dha. Dantaa mataa isaaniif jecha barcuma sobaa tolfataa, uummata gidirsu.

Tibba leenjii tokko Baluuxaan leenjifamtoota isaa madaaluuf gara kattaa tokkootti geesse.achittis, "Ciciisaa",jedheen. Isaanis ni ciciisan." Dhagaa arraabaa",jedheen. Hundumtuu ni arraaban.Qormaata kana darbuu isaanii mirkaneessuuf,qormaata lammataaf ammoo bakka cirrachi jirutti. Geese. "Cirracha hammaarradhaa,afaanitti naqadhaa alanfadhaa",jedheen. Dhabsuu malee leenjifamtoonni darbuu dadhaban. Maluuxaan kan leenjifamtoota keessaa,nama tokko kan cirracha alanfachuun qormaata darbe argate. (Arraa gurbaa Fuula,159)

Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu,namoonni ergama,sirna tokkoo ba'an kaayyoofig alma sirnichaa hubatanii osoo hin ta'in qajeelfamatti amanuudhaan waan humna isaanii olii raawwachuuf cinqamu. Haala kana keessatti kan argaman namoota

ittiin bulinnaaf hojii kana keessatti hirmaatan baa'inaan argamu. Ejjennoo amananii fudhachuufi amansiisanii fudhachiisuu jedhu qabu.

Itti gaafatamummaa isaa cinaatti qarshii walitti buusuun dhaabbata daldaala hunda galeessa ta'e tokko banuunakka danda'amu yaada dhiyeesse Maluuxaan. Baluuxaanis gammachuun yaadicha fudhate. Yeroo gabaabduu keessatti dhaabbata daldaalaa sana banan. Maqaa dhaabbatichaas 'Uuxaa' jechuun moggaasan. Dhaabbaticha keessatti namoota kaayyoo isaanii galmaan ga'u miindessuun hojii itti aanu ta'e. Jalqabarra kan isaan miindessuuf beeksisa baasan ammoo maanaajara dhaabbatichaati. Namoonni dhibbaan lakkaa'amanis bakka nama tokko barbaadurratti ragaa isaanii dhiyeeffachuun galmaa'an. Qormaata qophaa'eefis qoraman. Nammoota sadarkaa barumsaafi muuxannoo dhaabbata daldaalaa hooganuutiin galmaa'an keessaa tokkoffaa kan ba'e Waaqumaa Gaarii jedhama. Sadarkaa barumsaafi muuxcannoo qabuun dorgomee tokkoffaa ba'uun garuu dhaabbata Uuxaaf maanaajera ta'uu isa hindandeessisne. Qabanni isaa inni guddaanis kaayyoo Baluuxaafaa galmaan ga'uu dhabuu isaa osoo hintaane, "icciitii keenya bara," jechuun sodaa isaan qabanidha. Barumsa dhabuyyuu nama icciitii isaanii baruurratti humna hinqabne ykn kan kaayyoo isaanii deggeru barbaaduu eegale Baluuxaan. Isaanuma keessaa Obbo Faluuxaa maanaajera dhaabbatichaa taasisuun muuduun dirqama itti ta'e. Dorgommiin hafee gara muudamaatti deebi'e jechuudha. Annisaan ogummaafi beekumsaas muudama moo'achuu dadhabnaan Waaqumaan inni tokkoffaa ba'e kufee Faluuxaan inni dorgommii leessa hinturre darbe. (Arraa Gurbaa Fuula, 160-161)

Ibsa waraabbii asiin olii kanarraa akka hubachuu dandeenyutti sirna bulchiinsa biyya tokkoo keessatti geggeessitoonni tokko tokko aangoo dawoo godhachuun qabeenya uummataafi mootummaa bifa garaa garaan yeroo itti qisaasessan baa'inaan mul'ata. Imaanaa mootummaafi uummataa cinaatti gatuun bifa wal ijaareen qabeenya uummataa miliksu. Yaadni kun ammoo deemee deemee yaaddoo isaanitti hora. Sababa kanaaf namoota faallaa isaanii ta'an ofrraa dhiibuun haqa uummataa dabsu. Uummanni haqa isaa dhabnaan ammoo rakkoo bulchiinsa gaariitiif ka'umsqa ta'a.

Dhaabanni Obbo Faluuxaan hooganamuu meeshaalee qulqullinq qabaniifi gatiin isaanii rakasa ta'e uummataaf dhiyeessuu eegale. Kanarraan kan ka'e hundaa'ee waggaa osoo

hin guutin uummata kutaalee biyyattii baa’ee biratti haalaan beekame. Meeshaan daldaaltonni kanneen biroo qarshii dhibbaan gurguran, Uuxaa keessatti shantamaan gurguramuu eegale. Gabaan akka jirutti gara isa rakasa ta’e kanatti garagale. Uummanni gatii rakasa argatee gammachuu isaa waliif labsuu eegale. “Baratu nuuf darbe, haalatu nuuf jijjiirame”, jechuun walharkaa fuudhanii odeessan. Dhaabbanni maluuxaanfaa harka wayyaa jalaatiin hundeessan garmalee cimaa deeme. Bakka hundumaatti caalbaasii ba’u moo’uun damee isaanii kutaalee biyyatti hunda keessatti babal’isan. Konkolaattonni maqaa dhabbatichaatiin bitamanis uummata bakkaa bakkatti deddeebisuun maallaqa guuruu itti fufan. Hundaa caalaa gatiin mi’a isaanii rakasuun, uummata gammachiisuun daldaaltota dafqa isaanii qofaan bulan garmalee gaddisiise. Haata’u malee, rakasuun meeshaalee Uuxaa gurguruu namoota shakkisiisuu eegale. Namoonni baratanis ta’e kanneen hin baratin shakkiirraa biliisa ta’uu dadhaban. Shakkiin kun guddachaa deemuun icciitii duuba dhaabbatichaa jiru ifa baasaa dhufe. Edaa, meeshaaleen dhaabbanni Uuxaa alaa galchu hunduu qaraxarraa biliisa ture.(Arraa Gurbaa Fuula, 161-162)

Waraabbii armaan olii kana ija siyaasaatiin walqabsiisnee yoo ilaalle, bulchitoonni biyya tokko amanamummaa uummanni isaan irraa barbaadu faayidaan yoo jijjiiran oolee bulee dhugaan sun bakkee ba’uun isaa hinoolu. Gochoonni akkanaa kun guddina biyyaas ta’e kan lammii niquucarsa. Biyyi tokko galii argachuu qabdu kan dhabdu yoo ta’e, kufaatii dinagdeetu ishee mudata. Lammiileen biyyattiis mosooma bu’uuraa akka barbaadamutti argachuu hindanda’an. Haalli kun ammoo kuufamaa deemuun nageenya biyyattii irratti gufuu ta’a.

Obboleessi Dhibbisee, Galataan dhabamuu jiruu yeroo dhaga’u baay’ee nahe.Hiriyoonni isaa akka isa gargaaranii barbaadaniif imaanaa itti kennate. Keessa bahee guyyaa walga’iin jiru tokko namoonni walga’icha geggeessan hirmattoota walga’ichaa akka iyaafachiisaniif gaafate. Akka carraa ta’ee kaayyoon guddaan walga’ichaas waa’ee namoota achi buuteen isaanii dhabamee ture. Jara keessaa xiyyeeffannoo kan argates Obbo Tufaadha. Obbo Tufaan dhala namaaf waan gaarii akka yaadu hirmattoonni walga’ichaa nidubbatu. Obbo Tufaan akkamitti akka dhabame, yoom akka dhabameefi maal gochuu akka qaban irratti buusanii baasanii marii’atan. Abbaan waltajjii guyyaa sanaas akkuma Galataa harkaa imaanaa fuudhetti, “Namichi Jiruu jedhamus Godiina Iluu

AbbaaBooraatii bade achi buuteen isaa dhabamee maatiin isaallee maatiin isaallee akka hiyyooman Obbo Galataan natti himee ture. Adaraa akka Obbo Tufaa namicha kanas iyyaafadhaafii', jechuun hirmattota waltajjichaatti hime. Osoo inni dubbatee afaanii hin fixin, Galataan ka'ee dhaabate. Namichi godiina jedhame sanatti achi buuteen isaa dhabame sun soddaa isaa akka ta'e uummmatatti hime. Itti fufuun, godiinicha keessatti keessatti jeequmsa guyyaa daboo tokko mudateen, namoonni hedduun akka madaa'an, hedduunis akka du'an, soddaa isaa garuu du'uufi jiraachuu isaa addaan baafachuun akka dadhabamee itti himuun, yoo argan akka afuura ittiin ga'aniif suuraa isaa boorsaa keessaa fuudhee hirmattoota walga'ichaatti argisiise. Namoonni Obbo Tufaa iyyaafachuudhaaf walga'ii ba'an, oduu dabalataa dgaga'aniin garmalee aaran. Yeruma sana walga'icharratti wacuu eegalan. Wacaniis dhiisuu didan. Abbaa waltajjiif gaaffii dhiyeessan. "Asii namatu bade; achiis namatu bade nuun jettu. Namni maaliif bada? Badiisa namootaa kana mootummaan maal jedha? Nutis har'a ta'ee bor, guyyaa itti rakkoon akkasii numudatu hinbeeknu," jechuun kara karaa wacan. (Arraa Gurbaa Fuula, 216-217)

Ibsa waraabbii armaan olii kanarraa kan niti hubannu,bulchhiinsa biyya okkoo keessatti qaamonni aangoo dawoo godhachuun nageenya uummataa booressan akka jiranidha. Faayidaa dhuunfaa isaaniif jecha uummata doorsisuufi hidhuu, miliksuu nama adabaatti daraara qaqqabsiisuun uummanni akka ija shakkiin wal ilaalu gochuun ni mul'ata. Geggeesssitoonni gochoota akkannaa hojii isaanii godhatan uummata burjaajessuun qaawwaa argatan maratti fayyadamanii boquu gadi qabachiisanii qabeenya isaanii saamu. Yoo uummanni mirga isaaf dubbate maqaa garaa garaa kennuuf. Gochoota hammeenyaa hojjetan kanas akka waan hinbeekneefi harka keessaa hinqabnee uummataaf walga'iirratti haaraa godhanii lallabu. Uummataafis yaa barbaadamu kan jedhu labsii dabarsu.

Dhibbiseefi namoonni olla ishii jiraatanis waa'een warra badaniifi dargaggoota akka surraafaa yakka tokko malee mana hidhaatti guuramanii,oolee bulee gaaffii itti kaase. Obsuufis yaalanii garuu hindandeenye. Namoota badan warra akka Jiruufaa maqaa dhahuun "Nuuf dhiyeessaa! Warra akka Surraafaa ammo nuuf hiikaa!", jechuun Dhabsuufaa hudhanii qaban. Dhabsuunfaas akkuma duraanii warra gaaffii akkasii dhiyeessan miliksuu itti fufan. Kun ammo baa'inni gaaffii namootaa daran akka dabalu

taasise. Hameenyi Baluuxaafaa daran dabale. Kan duraan ajjeesanii liqimsan amma jiraatti liqimsuu eegalan. Haaa'u malee, lamaanuu akka duraanii salphaa ta'uu dide. Warri isaan ajjeesanii liqimsan garaa keessatti lubbuu horachuun dhukkuba onnee itti ta'an. Warri isaan fayyaa liqimsuuf afaan buufatan ammo erguma liqimsamuu ga'anii harka lamaaniin morma hudhanii ciriq gochuun imimmaaniifi fincaan buusisan. Inni afaan isa tokko keessaa afaan isa biro keessaa "Arraa Gurbaa, osoo ilaaltuu liqimsamtaaree? Huutee hinqabduuree? Qabdee hinhuutuuree"jechuun, afaanuma bineensaa keessa taa'anii tokkummaa isaanii daran cimsan. (Arraa Gurbaa Fuula, 219)

Yaada armaan oli kanarraa akka hubachuu dandeenyutti bulchiinsa biyya tokkoo keessaatti uummanni daba irratti hojjetamu tokko obsee obsa isaa yoo fixate qaama isaan bulchu akka of irratti dhiisuu hin dandeenye nu hubachiisa. Gaaffiin uummataa seeraan yoo deebii argachuu baateefi roorroon yoo itti hammaate uummanni sochii warraaqsaa eegala. Sochii warraaqsaa keessatti tokkummaan hundee jabeeffataa yoo deeme injifannoon kan uummataa ta'uu akka danda'u nu hubachiisa.

Uummanni naannichaa jibba waliin firoommii hin qabu. Rakkinni isaa garuu jibbaan walitti isa firromse. Hanga waan jaallatu argatutti waan jibbu jaallachuu dide. Rakkoo isa mudate keessattillee jibbis jaajallis lachuu jiru. Jara kana jijjiiruu kan danda'us hojii akka ta'e amana. Uummatichi kan waan yaraa hojjetu gorsanii yoo dide jibbuu, kan waan gaarii hojjetu ammo walii galanii moosisuu aadeffate. Dhabsuufi Baluuxaafaan waan yaraa hojjetanii jibbaman. Waanuma humna qabaniif har'a ga'an malee, waan gaarii hojjetanii nama biratti jaallatamanii miti. Qaruuraanis qaamuma jaraati. Haata'u malee gara uummataatti deemuun, jararraa isaaf gartuu isaa fageesse. Baluuxaanfaa quba nyaachhu eegalan. Dhabsuu bakka inni jirutti hunmeessuu osoo danda'anii Qaruuraa bakka isaa buusuun dogoggora seenaa akka raawwatanitti lakkaa'an. Garuu carraan isaanii danda'an tolaan,dadhaban lolaan gara waan baraniitti Qaruuraa deebisuudha. Haata'u malee lamaanuu raawwachuuf haalli mijachuu dide. Tollii Baluuxaanfaa of harkaa qabanis gaaffii uummataa deebisuuf carraaqurraa taakkuu tokko Qaruuraafaa duubatti deebisuu dadhabe. Kanaan milkaa'uu dadhabuu kan hubatan Baluuxaanfaa, lolaanis yaaluu eegalan. Lolicha ammo jechaafi gochaan itti bobba'an. Jechaan wanta ummaticha birattis ta'e namoota olla biratti maqaa isaanii hadheessu lallabuun garaa

namoota dhugaa sana hin keelnee baay'ee moogesse. Namoonni hololli baluuxaafaa kun dhugaa itti fakkates gara tarkaanfii fudhachuuti ce'an. Qaruuraafaa argachuu waan dadhabaniif warra jara deggaran mul'ataanis ta'e harka wayyaa jalaan miidhuu jalqaban. Boodarra namoonni isaan gowwoomsan sunis waan dammaqaniif, karoorri isaanii itti fufiinsa dhabe.(Arraa Gurbaa Fuula, 221)

Ibsa waraabbii armaan olii kanarraa wanti hubatamu uummanni bulchiinsa haqa qabu aadeffate garbummaaf tole jedhee hin bulu. Kun ammoo aadaafi sirni bilchinsaa kan walitti hidhatinsa qaban ta'ee hawwaasni tokko sirna bulchinsa ittiin buluu barerraa haqni isaa yoo maqe, bulchitoonni akkasumaan akka dadhaban nu hubachiisa. Uummata tokko humnaan bituun ykn bulchuun kan danda'amuu yeroo murtaa'e qofaaf akka ta'eefi inumtuu rakkoo gurguddaa akka of keessaa qabu waraabbii armaan oliirraa hubachuun nidanda'ama. Itti dabalees amanamummaafi iftoominni hojii bulchiinsa tokkoo keessatti barbaachisaa akka ta'an hubanna.

Abdiin osoo qaamaan haadha isaa hinargin waggaa shanii ol lakkeefsisee jira. Yeroo boqonnaaf gara kutaa biyyaa deeme dhiibbaa Dhabsuunfaan isarraan ga'an jiiluun haadha isaa waliin marii'achuun bilbila qofaan walarguuf murteessan. Gocha Dhabsuufaa osoo inni qunquffatuus, yakki  Yuunvarsiitii keessatti Abdiirratti raawwatame garmalee isa gaddisiise. Kun ammo haadha qofaa osoo hintaane, hiriyoota isaarraas addaan isa kute. Abdiin, taphachuu, hiriyoota isaa waliinis bakka barbaade deemurraa of qusate. Keessa bahee namootuma waliin jiraatullee ija shakkiitiin ilaaluu eegale. Kan inni garaa hiikkatee waliin socho'u, kan dheebuufi beeluu isaa hubattuf, Lalisee q1ofaa ta'e. Kan mana didhaatti deddeebitee gaafachuun guyyaa tokko moo'ichi jiraachuusaa itti lallabaa turtes ishuma qofaadha. Laliseen fira gaafa rakkoo, haadhoo gaafa morkaa taateef Abdiidhaaf. (Arraa Gerbaa Fuula, 223)

Waraabbiin yaada armaan olii kun kan nu hubachiisu, humnoonni aangoo mootummaa dawoo godhachuun faayidaa dhuunfaa isaaniif socho'an jireenya maatii tokkoo diiguurra darbanii jireenyi hawaasummaa shakkiin akka guutamu gochuun abdii namootaarratti kan dukkana uffisanidha. Hawaasni bakka tokko hojjetee nagaan jiraatu, warri waliin baratan, warri waajjira tokko keessa hojjetan ija shakkiin akka walilaalan ta'aa turuu isaa nu hubachiisa.

Hiriyoonni isaa bakka Abdiin hin jirretti waa’ee isaa kaasanii dubbatu: gariin ganga mana hidhaa galchuutti osoo gufuun isa mudatuu, qabxii olaanaa galmeessisuu isaatiif Abdii jaju. “Baguma mana hidhaatti hin hafin. Baguma kaayyoon warra isa hidhees galma hinga’in,” jechuunis tumsa dhugaaf qaban argisiisu. Gariin ammo gocha dubartoota akka Tsigeereedaafaa yaadatanii, goonni hedduun jara harkatti akka lugnooman seenaa kaasanii haasa’u. Namoonni akka shiirkaafaa kanneen beektota fakkaatanii akka dhaloonni ija hin godhanne taasisanis, quba itti qabaa isaanii jalaa hin bane. Gariin ammo waa’ee Dr Dabalaa, isa dhugaa Abdii baasuuf jecha dhugaa isaa dhabe kaasanii aaru; gammadu. Aariifi gammachuutu walfaana dhufuun bitaa isaan galche. Kan isaan aarsu, dhugaan dabuudha. Dhugaan harka namoota aangoo qabanii galuun, abbaa dhugaas mana hidhaatti tortorse. Dhugaan hojjaa warra human qabaniitiin safaramee qophaa’e, isaan malee warra kaaniif ooguu dadhabe. Kanaafuu, dhugaan kan warra namoota hedduu keessaa namoota muraasatu walqixa jedhan ta’e. Warri akka Doktoor Dabalaafaa namoota dhugaa ofiin safaran kana of harkaa qabaniin hidhamuun isaanii barattota hedduu aarse. Dhugaan Dr Dabalaan beekus mana hidhaatii isa baasuu dadhabuu isaatti baay’ee aare. Hiriyoonni Dr Dabalaa mana hidhaatti dhaqanii isa gaafatanillee, isaa falmuu dadhaban. Gariin ammo mana hidhaa sanayyuu dhaqanii gaafachuuf onnee dhaban. Warri duraan boolla tokkotti fincaa’an Baluuxaafaa sodaa mana hidhaatti isa gaafachuurraa of qusatan. Wanti nama ajaa’ibsiisu garuu isaan dubbii baqatanillee, dubbiin bakka isaan ciisanitti barbaaddee isaan argatte. Warra sodaatanii hiriyaa isaanii hidhame gaafachuurraa of qusatan, garuu kan isaan sodaatan warra hinoolleef keessaa tokko Gizaachoodha. Gizaachoofi Dr Dabalaan baay’ee waljaallatu. Jaalala keessa bahanii haadha warraa isaanii dhiisanii siree tokkorra bulu. Hanga namoonni jarri kun walfuudhuufi jedhanii ajaa’ibsifatanitti walitti marmaaru. (Arraa Aurbaa Fuula, 224-225)

Waraabbiin armaan olii kun hanqinni bulchiinsaa haqa namootaarratti dhiibbaa fiduu kan danda’u ta’uu nu hubachiisa. Dhugaan yaada armaan olii kun namoonni ija shakkiin ilaalaman hawaasa keessatti waliin jirreenya irratti hawaasni soda qaba. Namoota kanaaf maqaan adda ni kennamaaf. Namoonni kun yoo hidhaman, firri ykn hiriyaan dhaqee gaafachuu ni sodaata. Sababiin isaas fira shororkeessaa akkasumas hidhata waliin qabu jechuun namoota kanas waliin hidhu. Haata’u malee namoonni fira ykn hiriyaa

shororkeessaa ta'an sodaatanis baqatanis hidhamuun isaanii kan hinoolle ta'uu ibsa waraabbii kanaarraa hubachuun ni danda'ama.

Gama biraan namoota kaayyoo qaban karaa isaan hin beekneen kiyyoo isaanii keessa galchuuf dubartootatti dhimma ba'uun akka isaan gufatan yaaliin taasifamu salphaa miti. Ragaa sobaa namarratti raggaasisuun hamilee namootaa tuquun akka namni boqonnaa dhabuufi bir'achaa jiraatu taasisu.

Barattoonni Dr Dabalaa hedduutu mana hidhaa Qaallittii jiru. Itti murtaa'ee mana hidhaa sana dhufaa jiraachuu isaa yeroo dhaga'an, baay'ee gaddan. Garuu akka itti hin dhaga'amneef, fiila ifaadhaan ulaarratti isa simatan. "Namoonni akka Dr Dabalaa akkamiin hidhamuu? Hojjetanii, dubbataniis nama hin quuqan. Dhugaa malee soba hinbeekan. Isaanoo dhukkubsattoota hiriiranii isaan eeggatan irraa yaada isaanii kaasanii waan biraa yaaduuf yeroo hinqabanii maaliif hidhamuu?" jechuun walharkaa fuudhanii wacan. Dukkana nama liqimsuuf kallattii hundaan hamuummatu keessa taa'anii afaan qofaan walitti wacu. Garuu hidhamuu hunda isaaniif yakkaan mormuu akka ta'e dagatan. (Arraa Gurbaa Fuula, 226)

Ibsii waraabbii armaan olii kun namoonni haqaafi dhugaa barbaadan yerootti daraaran irra ga'u hubanna. Namoonni gaaffii mirgaa gaafatan sababa gaaffii mirgaa gaafataniif qofa yakkamoo ta'u. Innumtuu yakka ta'ee yakkiifi adabbiin namootaa wal hingitu. Namoonni haqa isaaniif dubbataniifi hawaasa keessatti ija gaariin nilaalaman dhimmaaf barbaadamta jechuu qofaan mana hidhaatti darbamanii umurii isaanii walakkaa ol mana hidhaa keessatti dabarsu. Namoonni kun qorqalbiin isaanii waan miidhamuuf yoo carraa mana hidhaatii ba'uu argatanii hawaasatti makaman hariiroo hawaasummaa keessatti miidhamoo ta'u. Mana hidhaa keessattis gochoonni diinummaa isaan irratti raawwatama.

Madaan namootaa gariin dhiiguu, gariin mala'uu, gariin ammo gubuu eegale. Hidhamtoonni hunduu hadhaa isaanii dubbachuu eegalan. Yeroo kana ammoo madaan isaanii caalaatti dhiiga. Caalaattis malaa kuusa. Kan hunda caalaa isaanitti mul'atu garuu madaa isaanii osoo hintaane, gocha dharaa Baluuxaanfaan raawwatanidha. Hojiin dharaas hidda gadi fageeffannaan, dhiiga lubbuu isaanii ta'e aarsaa gochuun kan hin oolle ta'uu walakeekkachiisan hidhamtoonni. (Arraa Gurbaa Fuula, 228)

Waraabbiin armaan olii kun mana hidhaa keessatti qabinsi mirga namoomaa waa jallateef dararaa hameenyaan guutame namoota osoo yakka hin qaatin yakkamoo ta'an irratti raawwatu ibsa. Mana hidhaa keessatti namoota adaba jala jiran waan seerarra hin jirre irratti raawwatama. Hidhamtoonni rakkoo isaanii kana qaama itti himatan hin qaban. Kanaafuu waan fala ta'u mana hidhaa keessa taa'anii waliin marii'ataniiru.

Gaaf tokko, hidhamtoonni waan foolisoonni isaanirraatti raawwatan mormuun wacanii dhiisuu didan. Alkan keessaa hanga sa'a sagalitti wacan. Qabata ittiin hidhaman irra deddeebi'anii kaasuun seeraan ala hidhamuu isaanii cinaatti reebicha foolisoonni tokko tokkoon baasanii irratti raawwatan xiiqeffatanii dubbatu. Garuu walumatti dubbatu malee qaamni isaan hidhe hindhaga'u ture. Taabbotaanis olka'ee dhaabachuudhaan haasaa eegale. Qabata kamiinuu haadhufnuu wanti nu barbaachisu tokko ni jira. Innis waldhaga'uudha. Yoo waldhageenye, kaayyoo walfakkatuuf hidhamuu keenya hubanna. Kaayyoo keenyaafis hanga du'aatti of kennina. Waldhaga'uun keenya tokkummaa keenya argisiisa. Tokkummaa qabaannaan warra nu hidhanis ta'ee meeshaaleen annisaa isaaniif ta'anii jara hirkisanii dhaabaniifi manneen hidhaa isaan itti nama guuran gatii dhabu. Meeshaaleen isaanii qoraan ta'anii bobeessamu. Manneen hidhaa isaanis dhumdhumaan safaramanii iyyeeyyii bakka bultii dhabaniif kennamu. Tokko ta'uun keenya warruma mirga keenya nu sarbanii nu daraaran keessaas namoota baay'ee booji'a. Gariin akka isaan nu deggeran taasisa. Kun ammo sirni ittiin hawaasa bal'aa gabroomsan akka bososu godha. Tokkummaa kanas tooftaan itti adeemnaan, namni kamiyyuu mirga namummaafi mirga diimokiraasii isaatti akka gargaaramuuf haala mijeessitoota taana. (Arraa Gurbaa Fuula, 229)

Warabbiin armaan olii kun waa'ee mirga nomoomaafi diimokiraasii akkasumas tooftaa ittiin garbummaa jalaa bahan hidhamtoonni yoo waliin marii'atan argina. Hidhamtoonni rakkoo isaan irra ga'e kanaaf furmaata kan ta'u qabxii tokko lafa kaa'atanii irratti waadaa walii galaniiru. Walii galteen isaanii kunis tokkummaafi waldhaga'uudha. Akka ibsa ejjennoo hidhamtootaatti, tokkummaan hidda garbummaa buqqisuuf furmaata isa ijoo akka ta'e ibsan. Tokkummaadhaan yoo ka'an meeshaa warri aangoo qaban ittiin nama doorsisan akka gatii dhabaniifi irbaata abiddaa akka ta'an hubatanii walhubachiisan. Manni hidhaa warri human qaban itti nama guuranis faayidaa biroof akka oolu waliif

ibsan. Dabalataanis tokkummaan humna ta'uun warra isaan gidirsan Sana keessaa akka booji'an ykn deggartoota akka argatan quba walqabsiisan.

Gurbichi garuu maaloo na ilaala! Dugda koo ilaala! 'Yoo dubbattee si ajjeesna' naan jennaan dhoksee dhukkubsachaa jira. Taa'uus; ciisuus hindanda'u; deemuuf bakki hin jiru,"shamizii of irraa itti argisiise. Warrumti itti wacan sun mataa qabatanii boo'an. Hunduu madaa isaa boo'a. Boo'icha duraan dhoksanii of keessatti boo'aa turan amma ifa baasan. Gariin faana miilla isaa isa elektiriikiin gollobe agarsiisa. Gariin  ammo dugda isaa isa talaantalamee jirurraa wayyaa fuudhee boo'a. Gariin ammo cinaan isaa isa qaruuraa bishaan guutuu baachuun hidda hormaataa keessatti ajjeese baasee agarsiifata. Kan ilaalanii kan dhiisan; kan boowanii kan haxaawatantu walii wallalame. Madaa namoonni mana hidhaa sun agarsiisatan Toobbataanis ofirraa qaba. Kan isaa ammoo adda. Inni akka dubartii waaqni 'Taa'ii fincaa'i' jedheetti tajaajileera. Dabni akka aadaa Oromootti dubbachuun nama saalfachiisu, karaa inni bakee ba'u irratti raawwatame, isa gidirsaa jira. Yeroo taa'u cinaachaan taa'a; yeroo deemu akka durba har'a dhaqna qabateetti bakkafata. Inni yoo himate, 'Ni duuta' waan jedhameef ciniinnatee obse. Har'a garuu Toobbataas obsa isaatu dhume. Haata'u malee, akka namoota kaanii agarsiifachuuf qaanii itti ta'e. Akkuma amala isaa ol ka'ee dhaabachuudhaan namoota tasgabbeesse. Akka kootti "Quuqqaa garaa ofiifi miidhama namarra gahe himachuun gufuu tokkummaa miti. Miidhamni nama dhuunfaa walitti kuufamuun kan hawaasaa ta'a. Osoo obboleessi keenya achii ka'ee qaama isaarraa wayyaa fuudhee nutti agarsiisuu baatee, akkuma kophaa kophaatti dhoksinee boonyetti hafna. Inni bare ammo kopha kophaatt nu madeessuurraa hindeebi'u. (Arraa Gurbaa Fuula, 230-231)

Waraabbii armaan olii kanarraa akka hubanutti yakki hidhamtootarratti raawwatu seera cabsuurra darbee; safuu hawaasichaarraa kan gore ta'uu isaa nutti agarsiisa. Haalonni biyya keenya keessatti yeroo dhiyoo as raawatamaa turan dubbachuuf kan afaanitti nama ulfaatudha. Jallinni mana hidhaa keessatti ilmaan Oromoo irra gahe qaama kamiiyyuu biratti kan fudhatama hin qabne yoo ta'u, yakki daangaa darbe kun kolaasuun sanyii balleessuuf karoorfatee kan ka'edha. Toora namaarraa jallisuun dhiira akka dubartii taasisuun yakka seenaa biyyattii keessatti ta'ee hin beekne raawwatameera.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Kutaan kun kutaa yaadni cuunfaa qorannoo kanaa gabaabinaan itti cuunfamanii kaa'amaniidha. Kana malees kutaa kaayyoon qorannichaa, ka'umsi qorannichaafiyaadni dimshaashaa itti ibsamuudha. Argannoo kan jennu ammoo, hojii qorannoo kanakeessatti qorataan ragaawwan funaanuun erga qaaccessee booda argannoon qorannicharraa argame kaa'amuun yaboon qorannichaa ibsameera. Haaluma kanaan, boqonnaakana jalatti cuunfaa, argannoofi yaboon walduraaduubaan dhihaataniiru.

### 5.1Cuunfaa

Ogbarruun hojii kalaqa sammuu kan hawaasni waa`ee jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatuudha. Hawaasni tokko gaddaafi gammachuu isaa,hawwii isaa,badhaadhina, gidiraa, cunqursaa, gorsaafi dhaamsa isaa buusee baasee kan ittiin dabarfatu og-barruudhaani. Asoosamni ammo kutaa og-barruu keesssaa isa tokko dha. Ergaan darbu karaa barreeffamaan ta`a.

Akkuma beekamu uummanni Oromoo seenaan barreeffama isaa yeroo dhihoo dha.Isa dura garuu og-barruun Oromoo afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa ture. Baroota dhiyoo as toora barreeffamaa qabateera. Bu`uura kanaan qorannaan afaanichaan geggeeffamuu jalqabeera.Gama asoosama Afaan Oromootiinis qorannoon adda addaa geggeeffamaa jira. Qorannoowwaan garaa garaa afaan Oromoo irratti haa geggeeffaman malee,kitaabilee asoosamaa akka madda ragaatti filataman irratti mata durichaan kan wal qabatu qorannoon hin geggeeffamne.Ka`umsi qorannoo kanaas,asoosamoota afaan Oromootiin barreeffamanii jiran keessaa,asoosama Yaadanii`fi Arraa Gurbaa!` jedhaman ija walqabatinsa siyaasa Oromootiin xiinxaluun qooddatoota asoosamichaa addunyaa dhugaan wal qabsiisuun dhiibaa karaa siyaasaa,(sirna Gadaa) uummata Oromoo irra ga`u ilaaluudha.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa asoosamoota`Yaadanii`fiArraa Gurbaa!` keessatti dhimmoota siyaasa Oromootiin walqabatanii dhiyaatan xiinxaluu,akkasumas dhibbaawwan siyaasa uummata Oromoo,aadaafi afaan Oromoo irra gahaa ture wal simuu isaanii xiinxaluu dha. Dabalataan mootummoonni dhufaa darbaan rakkoowwan isaan geessisan asoosamoota lamaan keessatti xiinxaluudha.

Asoosamni daawwitii jiruufi jireenyaafi ibsituu dhugaa hawaasaa waan ta`eef,dhugaan hawaasa keessa jiru karaa kanaan ba`ee mul`ata. Qabata kanaan qorannoon kun guddina siyaasdinagdee,aadaafi Afaan Oromoof shoora olaanaa qaba. Dabalataanis qorattoota asoosamoota Afaan Oromoo irratti geggeessaniif daandii saaqa.Qorannoon kun asoosamoota afaan Oromootiin barreeffaman keessaa asoosama `Yaadaniifi `Arraa Gurbaa` jedhaman irratti wal qabatinsa siyaasa Oromootiin(sirna Gadaa) xiinxaluu irratti daangeffama.

Irraawwatamni qorannoo kanaa asoosama `Yaadanii`fi Arraa Gurbaa!`ti. Kitaabileen asoosamaa kun kan filataman tooftaa iddetteessuu kaayyeffataniin. Hojiiwwan qorannoo kana galmaan ga`uuf hojjetaman akkatuma duraa duubummaa isaanitti toora tooraan raawwatamaniiru.Haaluma kanaan boqonnaan lama jalatti,maalummaa og-barruufi gosoota isaatudhiyaate. Kutaa og-barruu keessaa asoosama jalatti maalummaa asoosamaafi caacculee asoosamaa dhiyaataniiru. Dabalataan dhimmoonni xiinxala asoosamichaa keessatti kallattii argisiisan dhiyaataniiru. yaaxinni qorannoon kun ittiin geggeeffamu boqonnaa kana jalatti dhiyaateera. Sakatta`a barruu wal fakkii ilaalchisee, qorannoowwan kanaan dura hojjetaman kanneen qorannoo kanaa wajjin walitti dhufeenya qaban sakatta`amuun adda ba`aniiru. Barruuleen wal fakkiis ibsa waliin dhiyaataniiru.

Boqonnaa sadii jalatti mala qorannootu dhiyaate. Malli qorannoo tooftaa qorannoon tokko ittiin adeemsifamu yammuu ta`u,adeemsicha keessatti wal duraa duubaan hojiiwwan hojjetaman iddattoofi mala iddatteessuu,madda ragaalee,mala funaansa ragaalee,tooftaa qaacessa ragaalee,qindaa`ina qabiyyee qorannichaa akkaataa kaayyoofi karoora qorannichaatiin raawwatamaniiru.

Boqonnaa afur jalatti ammo xiinxala ragaatu dhiyaata. Ragaaleen kunis kan funaanaman qoratichi,kitaabilee eeraman irra deddeebi`ee erga dubbisee booda,ija siyaasa Oromootiin xiinxaleera.

Boqonnaa shan jalatti mata-dureewwan gaggabaaboon sadii dhiyaataniiru. Mat-dureewwan kun akkaatuma duraa duubummaa isaaniitti dhayaataniiru. Bu`uuruma kanaan jalqaba irratti yaada furmaataa, argannoo, yaboo dha.

### 5.2 Argannoo

Asoosamoota lamaan keessaatti dhimmoonni siyaasa Oromootiin wal qabatanii dhiyaata xiinxalamaniiru. Qooddattoonni (namfakkiiwwan )asoosamoota lamaan keessaatti argaman hawaasa Oromoo biratti qabatamaan ni mul`atu. Fakkaatonni garee hawaasaa bakka bu'an rakkoolee Uummata Oromoo gama bulchiinsa (siyaasaa) gama afaanii, dinagdee, aadaafi amantaa irratti ga'aa tureefi ta'aa jiru qabatamaan saaxilaniiru. Haala kanaan rakkooleen asoosamoota filataman keessatti kallattiinis ta'e alkallatiin ka'an mata dureetti qoqoodamuun gama aadaan, afaaniin,bulchiinsaan,dinagdeeniifi firiiwwan afoolaan xiinxalamaniiru. Maddi rakkooleefi wantootni fala ta`anis xiinxala kanaan dhiyaataniiru.

Hidhata hawaasummaatiin uummanni Oromoo dhiibamuufi ilaalchi isaa jijjiiramuu akka danda`e qorannoo kanaan bira gahameera. Sanyiin wal make uummata Oromootti madaa ciqilee akka ta`e karaa namfakkiiwwan asoosama kanaatiin bira gahameera. Waldhaga`uu dhabuun miidhaa akka qabu karaa namfakkiiwwan asoosama kanaa bira gahameera. Bu'uurri Uummanni Oromoo dhiibamuufi cunqurfamu qabeenya isaa akka ta'e xiinxala asoosama kanaan bira ga'ameera.

Fedhiifi hawwiin Uummata Oromoo walabumma, mirga ofiin ofbilchuu, hiree ofii ofiin murteeffachuufi qabeenya ofiirratti ajajuu akka ta'e qorannoo kanaan bira ga'ameera.Haqni bakka olaanaa qabaachuu isaa karaa namfakkiiwwan asoosama kanaa ibsameera.

### 5.3 Yaboo

Qoratichi kitaabilee asoosamaa lamaan erga xiinxalee booda bu`aa qorannoo isaatiin yaadota furmaata ni ta`u jedhe akka armaan gadiitti tarreessera.

Uummanni Oromoo qaamota tooftaa garaa garaa uumuudhaan tokkummaa isaa diiguuf halkaniifi guyyaa qoomma`an irratti dammaquu qaba. Uummanni Oromoo waan hundaa olitti, tokkummaa isaa cimsachuufi wal dhaga`uu qaba. Uummanni Oromoo akkuma `Allaattiin fira fakkaattee, simbira nyaatte,jedhamu firaafi diina isaa adda baafatee,qabeenya isaafi mirga isaaf qabsaa'uu qaba.Uummanni Oromoo waa`ee sanyii walfaaleekanaa,Dhagaa Daangaa` dhaabbachuu qaba. `Lukkuufi allaattii walitti maktanii

guddiftan yeroo guddatan..`jedhe,barreessichi kanaaf,uummanni Oromoo dhaga`ee waldhageessisuu qaba. Qaama ogummaa addaaddaa sababeeffachuun uummata Oromoo gargar diigu Oromoon sanyiin isaa tokkicha ta`uu beekee,ilaalcha isaa jijjiirrachuu qaba. Hawwii walabummaa,hiree ofii ofiin murteeffachuu,aangoo qabeenya ofii irratti ajajuu,haqa ofiif falmachuu irratti Oromoon kaleessa karaarra ture, har`as karaarra jira,hamma gaaffiin kun deebi`utti waan itti fufuuf hawaasichi kana hubatee wal tumsuu qab**a.**

Uummanni Oromoo yeroo ammaa kana calaqqee injifannoo argatee jira. Akkuma“Midhaan midhaan caalu isa kami?, jennaan, ‘isa Gaafa Beelaati”, jedhan, dhiisee injifannoo argate cimsee tikfachuu qaba.Uummanni Oromoo amantaa isaafi sirna ittiin bulmaatasaa isa duudhaa ganamaa kabajuufi ittiin jiraachuu qaba. Uummanni Oromoo hidhata hawaasummaatiin qaama isa dhiibuufi ilaalcha isaa jijjiiru irratti dammaquu qaba.

**Wabiile**

Abdulsalaam Hasan (2010) Xiinxala Goobangangaleessota Kallattii sadarkaa Gadaa Oromoofi Qooddachiisuun Asoosamoota Godaannisaafi Kuusaa Gadoo' keessatti (Barruu Hinmaxxanfamin)

Addunyaa Barkeessaa .(2011). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee

(2018) Arraa Gurbaa finfinnee,Oromiyaa

Asafaa Tafaraa. (2009). Eela. Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee: Far-East trading Press.

Bantii Oliiqaa Yaadanii Finfinnee, Oromiyaa –Tajaajija Hiika Afaanii fi Barreessaa. Boolee.

Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa .(2015). Seenaafi sirna Gadaa Oromoo Maccaa hanga jalaqaba jaarraa 20ffaatti: Finfinnee

Biiroo Barnoota Oromiyaa (2005) Kitaaba Afaan Oromoo Qajeelcha barsiisaa kutaa 12$^{ffaa}$: Finfinnee

Dassaalanyi Hayiluu (2016) Xiinxalaa Asoosamaa Yoom Laataa?fi Kaabir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo: Ija Yaadxina Dhugummaatiin (Barruu Hinmaxxanfamin)

Dastaa Dassaalany. (2013). Buu'ura Qorannoo.Maxxansa 2ffaa.Addis Ababa: Far east

trading plc.

Dirribii Damusee .(2016). Ilaalcha Oromoo, Barruu Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo: Finfinnee

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). Suubii. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Mana maxxansaa:Suubii

Geetaachoo Rabbirraa.( 2008). *Furtuu*: Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee Africa LanguagePrinting P.L.C.

Gumii Aartii Oromiyaa .(1997),Barruu Saadaa( Kan hinmaxxanfamin)

https:// www. academia.edu/39983898/

https://en.wikipedia.org>wiki>Non-fiction

https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=allution+in+a+fiction

https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=setting+in+a+fictional+work

https://www.google.com/search?client=firefoxb-d$q=Flash+backs

https://www.google.com/search?client=firefoxb-d$q=point

https://www.google.com/search?client=firefox**b-d$q=**Suspense

https//www.researchgate.net/publication/312023294

Kadiraa Alii.(2016) Qaaccessa Asoosama Aarsaa Fayyadamna Afaanii irratti xiyyeeffachuun (Kan hinnmaxxanfamin)

Leellisaa Aadaa .(2013). Kudhaama seenaa, kitaaba 1ffaa Oromiyaa: Finfinnee

Misgaanuu Gulummaa.(2012). *Dilbii*: Bu'uura afoola ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo.Finfinnee.

Mokonnin Gabbisaa (2006) Qaaccessa Asoosamoota ' Suuraa Abdiifi Miila Hinshokoksiinee: Ija Dhugummaatiin (Barruu Hinmaxxanfamin)

Qananii Baayisaa (2008) Xiinxala Asoosamoota 'Barreen bifa tokko mitiifi Dibaa: ija yaaxxina bifiyyeetiin (Barruu Hinmaxxanfamin)

Richard Dorson.(1972). *Folklore and Folklife*. An introduction.Chicagoand Londan: The university of Chicago press.

Shaw .H. ( 1976). Dictionary of literature terms. Newyork:Mc Grawn Hill Bookcampany. Haruard University Press.

Taarikuu Bantii (2016) Xiinxala Afoola Asoosamoota Filataman Keessatti (Barruu Hinmaxxanfamin)

VOA Aafaan Oromoo-com/a/267646.htm/

Walde Yohaannis Warqinaafi kan biroo .(2009). Seenicha suukanneessaa barri dhorke (kan uummatni Oromoo beekuu qabu): finfinnee

Wiirtuu, (1990) Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo, Biiroo Aadaafi beeksisa Oromiyaa: Finfinnee

Wiirtuu, (1995) Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo, Finfinnee Biiroo AadaafiTuurizimii Oromiyaa.

**Dabaleewwan**

A. Qabxii mirkaneeffannaa Asoosamoota filataman (Asoosama yaadanii fi Arraa Gurbaa)

Ulaagaa Asoosamaan guutu taasisu

| Lak | Ulaagaalee Asoosamaa | Eeyyee | Lakki |
|---|---|---|---|
| 1 | Asoosamootni filataman lamaan dhugaa hawaasa keessa jiru ni ibsu | | |
| 2 | Asoosamootni filataman lamaan dubbiiwwan qolaan guutuudha. | | |
| 3 | Caacculeen asoosamoota lamaani akkaataa barbaachisummaa isaaniittidhihaataniiru. | | |
| 4 | Namfakkiiwwan asoosamoota lamaan keessatti dhihaatan haalaafi amalaan, akkasuman gochootni toora tooraan raawwataman dhugaahawaasa tokkoo bakka bu’u. | | |
| 5 | Gochoota namfakkiiwwanii addunyaa dhugaa keessaa barbaanneeargachuu ni dandeenya. | | |
| 6 | aUmuriii, fedhiifi sansakaan qooddatootaa aadaafi duudhaa hawaasichakeessatti walfakkaata | | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 7 | Asoosamoota lamaan keessatti jechoota humnaa olfayyadamuu | | |
| 8 | .Asoosamootni lamaanuu bashannansiisaa barumsa dabarsu | | |
| 9 | Moggaasni maqaa qooddattootaa fi fakkiiwwan qola kitaabaa icciitiihawaasa tokko (gochoota dogoggoraa) ni saaxiluu | | |

B.Walitti dhufeenya Asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaa gama Aadaa Oromoo waliin qaban

| Lakk | Qabxiilee | Eeyyee | Lakki |
|---|---|---|---|
| 1 | Safuu Oromoo keessatti kabaja angafaa fi quxusuu ibsu | ✓ | |
| 2 | Aadaa Oromoo keessatti aadaa fuudhaa fi heerummaa ibsu | ✓ | |
| 3 | Aadaa Oromoo keessatti aadaa ayyaanota beekamoo ayyaanessuu | ✓ | |
| 4 | Aadaa Oromoo keessatti aadaa goota faarsuu | ✓ | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| 5<br><br>6 | Aadaa Oromoo keessatti aadaa ijoollee gorsuu fi jajjabeessuu ibsu<br><br>Aadaa Oromoo keesssatti jaarsoliif iddoo keennuu ibsu | ✓<br><br>✓ | |
| 7 | Aadaa Oromoo keessatti aadaa hojii wal gargaarsaa fi tokkmmaa ibsu | ✓ | |
| 8 | Aadaa Oromoo keessatti, aadaa dargaggeessaa fi dargaggeettii qabdoo( qoraan<br><br>cabsuu fi baachisuu ibsu | ✓ | |
| 9 | Aadaa Oromoo keessatti aadaa milkii ilaallannaa ibsu | ✓ | |
| 10 | Nyaataa fi dhugaatii aadaa Oromoo ibsuu | ✓ | |
| 11 | Aadaa Oromoo Keessatti jiruu fi jireenya hawaasummaa ibsuu | ✓ | |
| 12 | Aadaa Oromoo keessatti meeshaalee aadaa ibsuu | ✓ | |

C. Walitti dhufeenya Asoosamoota Yaadaniifi Arraa Gurbaafi Afaan Oromoo

| Lakk | Qabxiilee | Eeyyee | Lakki |
|---|---|---|---|
| 1 | Moggaasa maqaa fi gochootaa wal simu | ✓ | |
| 2 | Itti fayyadamni jechoota garee ni mul'ata | ✓ | |
| 3 | Mammaaksotni ergaa garaa garaa dabarsan nimul'atu | ✓ | |
| 4 | Itti fayyadamni jechoota dhaadannoo fi saaduu bakka garaa garaatti argamu | ✓ | |
| 5 | Itti fayyadama jechootaa qoortoo dhiiraa fi dubartii ibsu | ✓ | |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunvarsitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaannee ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf ani dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa: ________________________

Mallattoo______________

Guyyaa_______________